

Barumsa Sanbataa Ga'eessotaa

Qajeelfama Qu'atnoo Kitaaba Qulqulluu

Soortummaa: *Kaka'umsa Yaada Garaa*

Barreessaan: Joon H.H. Maatiwoos

Afaan Oromootti kan Hiike:- Gammachu Faantaa Areri

Maxxansaan:- *Mana Maxxansaa Waldaa Adveentistii Guyyaa 7ffaa,
Finfinnee*

Nuusa Iffaa

Amajjii,Guraandhala, Bitootessa 2018/2010

Qabeentaa

Mata Duree

Fuula

1ffaa. Dhiibbaa Wantootaa (badhaadhummaa)-	
Mudde 30-Amajjii 5.....	3
2ffaa. Nan Arge, nan Hawwe, nan Fudhadhe- Amajjii 6-12.....	13
3ffaa. Waaqayyo moo Sidaadha?Amajjii- 13-19.....	24
4ffaa. Karaa biyya Lafaa Irraa Baqadhaa- Amajjii 2026.....	35
5ffaa. Soortummaa Edan Booda- Amajjii 27-Guraandhala 2.....	45
6ffaa. Mallattoolee Soortummaa- Guraandhala 3-9.....	55
7ffaa. Amanamummaa Waaqayyoon Wajjinii -	
Guraandhala 10-16.....	65
8ffaa. Dhiibbaa Kudhan keessaaa Tokko Deebisu-	
Guraandhala 17-23.....	75
9ffaa. Kennaa Gammachuun Kennamu-	
Guraandhala 24-Bitootessa 2	85
10ffaa. Shoora Soortummaa- Bitootessa 3-9.....	95
11ffaa. Murtoo Guyyuma Guyyaan Murteessitu Galmeessi-	
Bitootessa 10-16.....	105
12ffaa. Amalota Soortummaa- Bitootessa 17-23.....	115
13ffaa. Bu'aa Soortummaa- 24-30.....	125

Barummsa 1ffaa

Mudde 30- Waxabajji 5

Dhiibbaa Wantootaa

Sanbata Waaree Booda

Qo'annoo torban kanaaf kana dubbisi: 1Yoh. 2:16, 17;Luq.14:26-33;12:15-21;Kes. 8:10-14; 1Xim. 6:10; Yoh.15:5; Gal. 2:20

Yaadanno
Heertuu
i

“Namoota biyya lafaa kana hin fakkaatinaa qalbii keessan haareeffachuudhaan of diddiiraa malee, jaalala Waaqayyoos akka beektanutti, isa gaarii, isa tolaa, isa guutuus.” *Roomee 12:2.*

Sabni Isaa akka “biyya lafaa hin fakkaanne” (Rom.12:2) Sagaleen Waaqayyoo nutti dubbata, garuu jaalalli qabeenyaa, kan hin qululloofre fedhiin badhaadhummaan fi wantooti badhaadhummaan argamsiisu humna guddaa qaba. Sooressas ta'e yookaan hiyyeessa murasatu dhiibbaa waan lafaatiin hin booji'aman. Kun immoo kiristiyaanotas ni dabalata.

Badhaadhaa ta'uun Yookiis mataa ofii fi maatii jaallatan waan isaaniif barbaachisu dhiheessanii qananiitti isaan jiraachisuuf jecha jabaatanii hojjechuun homaa rakkoo hin qabu. Garuu yeroo maallaqnii fi fedhiin

maallaqaa guutummaa jirenya keenya dhuunfatu, nuyi kiyyoo seexanaa keessatti kufneerra jechuudha, kanaanis “biyya lafaa fakkaneerra.”

Jirenyi gaariin, jirenyi irraa hafaan karaa maallaqaa qofa akka argamu biyyi lafaa ergaa ishee dabarfatti. Seexanaaf akka amanamoo taanuuf gol-gaan maallaqaa duubaan nutti qaxxisa. Badhaadhummaan filannoo kiristiyanotaaf kan dhiyate meeshaa lolaa seexanaati.

Waan halleefuu, maallaqa fi waan maallaqi asumatti, ammuma argamsi-isuu danda'u kan hin jaallanne eenyuudha? Maallaqni battalumatti nama gammachiisa, garuu xumura iratti fedhii Keenya isa gadi fagoof deebii ta'uu hin danda'u.

Jalqaba Torbanii Mudde 31

Gooftaa Biyya Lafaa Kanaa

Maallaqni gooftaa biyya lafaa kanaati,fedhiin badhaadhummaa ammoo amantii isaati. Fedhiin wantootaa/qabeenyaa haala walxaxaa fi hin mul'at-neen keessa namaa kan fixu, yeroodhaaf immoo waan nagaa nuuf kenne kan fakkaatu, garuu nageenya xumuraa nuuf kennuu kan hin dandeenyee dha.

Akkuma as irratti ibsine,hiikkaan wantootaa yeroo barbaachisummaan fedhiin badhaadhummaa fi qabeenyaa barbaachisummaa amantii irra caalee yammuu argamuudha. Qabeenyaa dhuguma gatii qabaachuu danda'a garuu barbaachiusmmaan qabeenyaa nu liqimsuu hin qabu: “Horii kan jaallatu gonkumaa hin quufu,badhaadhummaas kan jaallatu isaan bu'aa hin argatu. Kunis immoo akkasumaan.” Lal. 5:10. Kun rakkina fedhii wantoota biyya lafaa kana irraa dhufuudha. Hammam yoo argannee iyyuu, raawwatee nu hin ga'u, caalaatti argachuuf cimnee yoo hoijenne iyyuu raawwatee nu hin ga'u, nu hin quubsus.

Waa'ee kiyyoo irratti mari'adha.

1yoh.2:16,17 dubbisi. Barreeffaam kunniin waa'ee dhugaa qabatamaa maal nutti himaa?

Luq.14:26-33 dubbisi.asi irratti waa'ee waan kiritiyaanaaf barbaachisuu kiristoos maal nutty hima?

Tarii akkas jechuun ni danda'ama ta'a: Warra horii fi fedhiin horii waan hundaa caalaa isaaniif dhugaa ta'e, gatii isaa baasuuf jiru. “namni biyya lafaa guutummaatti buufatee, lubbuu isaa garuu yoo dhabe bu'aan isaa maali ree?” (Mar.8:36).

“Yammuu Kiristoos gara biyya lafaa kana dhufe, sanyiin namaa saffisaan daka isa gad- aanaa(iddoo gadii) waan ga'u fakkaatee ture. Bu'urri ha-waasummaa ni tuffatame. Jireenyi sobaa fi nam-tolchee... guutummaa biya lafaa keessatti, sirnooti amantii hundinuu sammuu fi jirenyi namaa keessaa iddo gadi dhiisan. Yaadni namootaa oduu sobaa fi jibbisiisaa kan barbaadu yammuu ta'u, kana irraa kan ka'e immoo namoonni gara amanamummaa dhabuu fi wantummaatti (jaalala qabeenya) garagan.Hubannoo jirenyi barabaraa sammuu isaanii keessaa baasuun, har'umaaf kan jraatan ta'an.” —E. G. White, *Education*, pp. 74, 75.

Namoonni gara amanamummaa dhabuu fi fedhii badhaadhumaan hawwataman ammuma qofaaf jiraatu yaadi jedhuu beekamaa fakkaata.

Eenyyu qabeenya qabaachuu kan hin barbaanne? Gaaffiichi akkasi: wantootni nuyi qabnu, heddummaachuu yoo baate iyyuu, yoo nu qabate (yoo harka keessa nu galfate)attamitti beekna?. Eenyyu qofatu kan isaa nu godhachuu qabaa? Inni immoo kan isaa nu godhachuu Isaa akkamitti mirkaneeffanna?

Wiixata Amajjii 1

Gombisaa Guutuu

Luqaas 12:15-21 dubbisi. As irratti ergaan nuuf darbu maali? Yaadni kun nama sooreessa hin ta'in irratti akkamitti hojjetaa?

Sooressas yoo taane yookiis hiyyeessa, qabeenyaa qabaachuuf fedhii nuyi qabnu waan dhugaa fi barbaachisaa ta'e irratti xiyyeffachuu dhiifnee, waan yeroodhaaf itti fayyadamnu, wantoota jirenya barabaraa nu dhabsiisuu hin qabne irratti akka xiyyeffannuuf sammuu keenya karaa irraa maqsuu danda'a.

Tarii nuyi gonkumaa siidaa warqeef yookaan meetiif hin sagdnu ta'a akkasumas hin waaqessine ta'a. Haa ta'u iyyuu malee, bifa biraan amma iyyuu balaa waaqeffannaar warqee fi meetii jala jirra.

Dubbiin fakkeenyaa kun kutaalee addunyaa bakka qabeenyaa sassaabchuuf jecha lubbuun aarsaa ta'u maratti hojjeta. Daldaltoonni hoomishi isaanii bareedee akka addunyaa irra naanna'u godhaniiru. Guutummaan gurgurtaa isaanii tarsimoo hoomisha isaanii yoo bitannee kan keenya godhanne malee akka nuyi gammachuu yookaan itti quufinsa hin arganetti kan irratti xiyyeffateedha.

Dhaabbanni daldalaa baay'ee milkaa'ee tokko hoomishi inni hoomishee sammuun keenyaa akka waa'ee hoomisha isaa yaadu godhee hoomishuu isaati. Sana booda nutti gurgura. Kun dhugaadha hojjeteeras. Kiristiyanoote warri abdiin isaanii biyya lafaa kana hin taane illee dogogorfamuu kana irraa bilisa miti.

**Keessa Deebii 8:10-14 dubbisi. Miseensi waldaa kami iyyuu karaa
kamiin balaa asitti akeekkachiifames keessa galuu danda'aa?**

Kitaaba Qulqulluu yookaan addunyaa keenya har'aa keessatti badhaadhummaa kuufachuu fi wantootaa (qabeenya) qabaachuun jirenya hafuraa, jaalala Waaqayoo fi fedhii mootummaa waaqaa fi wantoota hafuraa namootaa kan dabale/kan guddise/ ta'uu isaa fakkeenya akkamii argattaa?

Kibxata Amajjii2

Hawwattummaa Meeshaalee/wantootaa

Hojiin hoomishtoota beeksisuu biyya lafaa kana irratti humna guddaa qaba. Kampaanonni hoomisha isaanii beeksisuuf biiliyoonaan baasu. Jechoota babbareedootti fayyadamuun akka nuy hoomisha isanii bitnuuf nu kadhatu. Beeksiisicha ilaaluun debinee of ilaalla. Wantummaan (materialism) hamma kanatti humna hin qabu ture utuu halalummaan wal keessa hin caaseffamu ta'e. Beeksisuun isaa tooftaa humna guddaa qabuu dha, kiristaanota balaa wantummaa/materialism/ wajjin qabsaa'aa jiraniif hadhaadha (summiidha), kanaan kan rukutamne immoo hedduu keenya.

Maatiwos 6:22-24 dubbisi. Akka barsiisaa fi gocha kiristaanaatti iji (agartuu) maal bakka bu'aa? Wantoota nu hin barbaachisnetti akka hin fayyadannetti, kiristaanoni akkamitti fakkii beeksisa dogoggorsaa dhaanmorminaa?

Hojiin hoomisha daldalootaa beeksisuu halalummaa wajjin wal qabate meeshaa humna qabuudha. Daldaloonni sammuu bitattootaa keessatti gammachuu umuun hoomisha isaanii gurguratu. Muuxannoon isaanii dhuga irraa kan fagaate yoo ta'e iyyuu, garuu ni hojjeta. Karaa mul'ataa hin taanen namoota baay'ee gara addunyaa biraatti geessee jiraachisa. Kabajaa fi dhugummaa hafuraa kan hin qabne amantii sobaa dha. Garuu yeroo ammaatti baay'ee hawaachiisaa waan ta'eef namoonni hedduun kan harkaa hin baane (ittiin hin mormine). Wantichi nu barbaachisa,

akka nuuf ta'u nutti dhag'ama, kanaafuu maaifi kan keenya hin godhannu ree? Akka nu babaachisu warri hojii beeksisaahojjetan kan nu beek-sisanitti. Maallaqa guddaa dhangala'eef fi itti fufee dhangala'uuf jiru Waaqayyoo qofatu beeka.

“Nan jedhesi, hafuuratti deeddeebi’aa, kajeellaa fooniis hin raaawwatinaa.” (Galaatiyaa 5:16).

Jecha halalummaa qofa ibsuun hawwattummaan fedhii halalummaa karaa biraan balaa hawwii halalummaa guutuu keessa gallu maal fa’i?

Roobii Amajjii 3

Of Jaallachuu

“Ayyaana isa anaaf kennameen namni waan yaaduun isaafta'u caalaatti akka of hin yaadne tokkoon tokkoon keessanitti nan hima; garuu adduma addaan akka amantii isaaft kennametti akka of ilaaluun ta'uufitti haa yaadu” (Roomee 12:3).

Waaqayyos jedhee, “Sababii miidhagummaa keetiif garaan kee in koore, sababii simboo keetifis ogummaa kee in ballessite; kanaaf ani lafatti gadi si darbadhe, moottonni akka si ilaalan godhe” (Hisqi’el 28:17). Yammuu garaa isaa keessatti ‘Isa hundumaa gararraa jiruttis of nan fakkeessa’ (Isaayyaas 14:14) jedhe Lusifeer hamma ofii isaa ta'uuf male caalaatti waan of ilaaleef, of dogoggorseera.. Kana godhuudhaan Lusifeer fedhii mataa isaa mul’iseera, mirga isaaft hin mallees gaafateera. Of dogoggorsuu fi iddoa isaaft hin malle hawwuun garaan Lusfeer karaa laamaan kufuu isaa mul’isa.

Karaa hedduu heertuuwwan kunniin waa’ee kufaati Lusifeer cubbuu isajalqabaa, isa of waaqessan innis hiikaan isaa akkanatti ibsama, “gad-

dhiisi kan ta'e hammaa ol iddoofii kennuu, of jalaachuu, homaa waa'ee kan hin baafne." Sanyii namaa kufef of dogoggorsuu caalaa argisiistun biraajiraan?

Argisiistuuwan kunniin kan namni tokko yaadu caalaa hedumminaan mul'atu. Naabuukadnazaar kan isaaf hin malle garaaratti of tuuera. Garuu dhugumaan guddaa hin turre (Daani'eel 4:30). Warri Faariisotaas amantii dhugaa irraa fagaate amanaa turan (Luqaas 18:11-12). Yoo of eeggachuu dhaabaanne, badhaadhumaanis gara dogoggora kana fakkaatuutti geessa.

1 Ximootiwos 6:10 dubbisi. As iratti Phaawuloos waa'ee balaa maalii akeekkachiisaa?

Phaawuloos yammu Ximootiwosiin barsiisaa turetti namoota hamoo (badaa) hedduu "warra maallaqa jaallaatan" dabalatee akka inni isaan irraa of eeggatu isa diinninee (akeekkachiisee) ture (2 Ximootiwos 3:1-5)

Jaalalli horii (maallaqa) mataa ofii akka abdatan, yaadaan liqimfamanii guddina ofii mul'isuu, danddeettii ofiitiin boonuu jajjabeessa. Sababiin isaa wantummaan/materialism/ namoota qabeenyaa guddaa qaban miira of bokossuun guutamuun barbaachisoo akka ta'anitti of ilaalu. Namni tokko yammuu horii argatu waa'ee mataa isaa hammaa ol guddisee yaaduun salphaadha. Hundaa ol, namni hundinuu sooreessa ta'uun barbaada, garuu namoota murtaa'eetu milka'a. Namni soorome ammoo yaada mataa isaan liqimfamuun,boonuun, dhaadachuun salphaadha.

Filiphisiyuus 2:3 dubbisi. Hertuuwan kunnin wantummaa (materialism) fi yaadi inni babal'isu (jajjabeessu) jirenya kiristaan baay'ee faallaa ta'uun isaa hubachuutti akkamitti nu gar-gaaruu?

Kamisa Amajjii 4

Wantummaan (materialism) Xumura Irratti Kan Waa'ee Hin baafne Ta'uu Isaa

Waaqayyoon kan jaallatan namoota hedduutu jira. Eenyummaan isaani Waaqayyoon wajjin kan wal make qabaachuun wantootaa yookaan badhaadhummaan iddoodhaa kan hin sochoosne.

Keessa Deebii 7:6, 1Phe. 2:9, Yohaannis 15:5 fi Gal. 2:20 dubbisi. Qabeenya Waaqayyoo ta'uun maal jechuu dhaa? Eenyummaa keenya isa dhugaas eessatti arginaa?

Waaqayyo jedhe, “ ‘Ani muka waynichaa ti, isin immoo damoota isaa ti; inni anati qabatee jiraatu anis isatti jiraadhu, isa iji baay’ee kan godhatu; anattii garagar baatanii waan tokko illee gochuu hin danddeessan’ ” (yoh. 15:5). Kunis immoo hariiroo kallattii fi naga-qabeessa.

“Abboomamuu dhugaan onnee keessa burqa. Kunis immoo hojii onnee Kiristoosiin keessa ture. Yoo fedha Isaa gaafanne yaadaa fi akeeki Isaa kan keenya wajjin tokko ta’ a, yaadi garaa keenya fi sammuu keenya kan isaa wajjin wal fudhachuu isaa in mirkaneessa, yammuu Isaaf abboomamuu isatti jabaachaa jirra.” —Ellen G. White, *The Desire of Ages*, p. 6 668.

Gama kaaniin, wantummaan(materialism) eenyummaan keenya qabeenya keenya waliin akka wal fakkaatu godha. Jecha biroon, eenyummaa keenya bu’uura qabeenya keenya fi wantoota biyya lafaa kanaa hamma nuyi bitachuu danddeenyun ibsama. Yaa’iqoob waa’ee kanaa nu akeek-kachiisa, “warqeen keessanii fi meettiin keessan sameera; inni same kunis dhugaa isin irratti in ba’ a, akka ibiddaas foon dhagna keessanii in nyaatta. Guyyoota gara dhumaan kanatti badhaadhummaa walitti qabattaniit-tu” (Yaa’iqoob 5:3) “Tuullachuu” jechuun badhaadhumma hedduu sas-

saabanii tuullachuu yammuu ta'u wanti baay'ee barbaachisaan tuullaa sana keessa kan jiru haa xiqqaatuu haa baay'atu namoonni baa'een isaan ibsamu (luq. 12:19-21).

Badhaadhummaan eenyummaa kan ibsu waliin kan dha'ameedha. Kana jechuun baay'ota keenyaaf eenyummaan keenya qabeenya keenya wajjin wal keessaa galeera. Qabeenyaan keenya Waaqayyoo keenya nuuf ta'e. (Maat.6:19-21) Akkuma namichi jedhe, “ Ani qabeenya (wantoota) koo malee hoomaa miti (“I am nothing without my things.”) Qabeenya biyya lafaa qofaan mataa ofii ibsuun akkam gaddisiisaadhaa? Nama ani Kiri-staana ofii jedhuuf kun waan hundee hin qabneedha, hiddi isaas ol dhiyoodhaa, xumura irraatti immoo jirenya firii hin qabne jiraachuudha. Nuyi Waaqayyoon fakkaanna moo qabeenya keenya fakkaanna? Xumura irratti isa tokko yookaan isa kan biro fakkaanna.

Qabeenya keenya wajjin hammam wal fakkanna?

Jimaata Amajjii 5

Barumsa Dabalataa:- “Har'a diinni lubbuu baay'ee gatii rakasaan bitaa jira. ‘Situ tola of gurgure,’ kun afaan barreefama qul-qulluu ti. Inni tokko harka rukutaa biyya lafaatti of gurgure, inni tokko immoo horiitti of gurgure, inni kaan immoo bu'uura abboo cimsachuutti of gurgure, inni biraa ammoo dinqisiifannaa biyya lafaatti of gurgure. Kun guyyuma guyyaan raawwatama. Seexannii gatii malee tola dhiiga Kiristoos bitachuuf caal-baassiitti dhiyaachaa jira, lakki fureen koo gatii xumura naaf baasee jedhee kan seexanaan mormu utuu hin jiraatin.” — Ellen G. White, *Testimonies for the 11 Church*, vol. 5, p. 133

Karaa wantoota biyya lafaa lubbuu bbituun galma seexanaa ti, ku immoo itti fakkeessaadhaan tooftaa inni ittiin tokkoon tokkoon namaatti dhiyaatudha. Wanti biyya lafaa dubbachuu hin danda'u , garuu afaan hunda bee-ka. Sooressaa fi hiyyeessaaf akkaata itti gamaachuu fi itti quunfinsa kennu beeka, akka isaan “ wantoota na barbaachisu hunda guuttadheera, waanuma tokkoofuu maliifan yaadda'a?” gara jechuutti isaan geessa. Knaafuu

badhaadhummaan sammuu dogoggorsa, akka namoonni faallaa Waaqayyootti amanuu,qabeenyaa isaanii akka waaqessan (amanatan) isaan godha. Haa ta'u malee, kan kana laaffisu, “ yammus ergamichi, ergaa isa Waaqayyoo biraaj dhufe Zarubaabelitti akka ani dubbadhuuf anatti in hime; ergichis “ ‘Hafuura kootiin malee humnaan miti,aangoodhaanis miti’ kana Waaqayyoo Gooftaa maccaatu dubbate” (Zak.4:6) Waaqayyootti of laachuudhaan badhaadhummaan jirenya keenya irratti gooftummaaa akka hin qabaanneef yammuu murteeffannu, wantooti biyya lafaa to'anno Hafuura Qulqulluu dura dhaabachuu hin danda'an

Gaaffiilee mare:

- ①** Yoo hiyyeessa taanee wantoota hoomisha biyya lafaa hin qabaanne iyyuu balaa adda addaa turban kana ilaalle keessaa tokkoon karaa kamiin baduu danddeenyaa?
- ②** Namoonni tokko tokko ni jedhu, “ani maallaqaaf dhimma hin qabu. Anaaf maallaqni homaa miti” (Isaan akkas jedhan kun horii baay'ee qabu.) Irra caalaan yaada kanaa maaliif salphaadhumatti dhugaa hin ta'uu? Maallaqni barbaachisaa dha, jirenya keessatti shoora qaba. Gaaffiin jiru, akkamitti horii keenya fi fedhii horiif qabnu akka Kitaabi Qulqulluun jedhutti itti fayyadamna?
- ③** “Lafa irratti badhaadhummaa walitti hin qabatinaa, raam-moo fi daana'oон iddo nyaatutti hattunis cabsitee iddo hattutti. Badhaadhummaa waaqa irratti walitti qabadhaa malee, iddo raammoo fi daana'oон hin nyaannetti hattunis cabsitee hin hannetti. Badhaadhummaan keessan iddo jiru garaan keessanis immoo achi jira'o” (Mat.6:19-21). Waan Jesus as irratti nutti dubbatu of eegganoon dubbisaa. Karaa gaarii ittiin mataa keenya balaa badhaadhummaan nutti fidu irraa of eeggaanu nutti himaa jira.

Nan Arge, Nan Hanwe, Nan Fudhadhee

Sanbata Waaree Booda

Qo'annoo torban kanaaf dubbisi: 2Qor.8:1-7; Mat.13:3-7, 22; Uum.3:1-6; Isa. 56:11; Mat.26:14-16; 2Phe.1:5-9.

Yaadanno
Heertuu
i

“Akkuma sanyiin qoraatti keessa bu'e ta'e, akkasuma namni dubbicha in dhaga'a kana booddees yaaddoon biyya lafaa, gowwomsaan soorumaa dubbicha in hudha, ija utuu hin godhatanis in hafa” (Mat. 13:22).

Jaalalli maallaqaa fi badhaadummaa kallattii adda addaan gara keenya dhufuu danda'u. Ellen G. White dagachiisuu seexanaa karaa hawwattummaa qabeenyaa, wantootaa fi mala gowwomsaa daabiloos yammuu ibsitu, “Dhaqitii abbootii lafaa fi qabeenyaa akka qananii biyya lafaa kanattii dhugan godhi, biyya lafaa kana baay'ee bareechii akka ijatti tolutti isaan dura kaa'i, badhaadhummaa isaanii achi akka tuullattanti, ija isaaniis jaalala wantoota biyya lafaa iraa ha kaa'atani. Warri

Waaqayoof hojjetan karaa argatanii akka nu hin balleessineef waan god-huu dandeenyu hunda goonee of irraa ittisu qabna. Horii ofuma keenyaa kaa'anna. Yoo caalaatti karaa argatan, miseensota keenya nu duraa fud-hachuudhaan caalaatti mootummaa keenya miidhuu danda'u. Faca'iinsa dhugaa isa nuy jibbinu sanaa fi mootummaa Waaqayyoo ijaaruu caalaa horiidhaaf akka isaan eeggannaa godhan isaan godhi.Kana booddee dhiib-baa isaanii hin sodaannu sababiin isaa namni sassataan, hawwuu dhaanis kan liqimfame kamuu humna keenya jalatti ni kufa, akkassittiinis saba Waaqayyoottii adda ba'a" - *Counsels on Stewardship*, pp. 154, 155.

Gaddisiisaa yoo ta'e iyyuu dagachissuun seexanaa bareechee hojjeta. Kiyyoo hafuuraa kana jalaa ba'uudhaaf balaa seexanni karaa wantoota biyya lafa nutti fiduu fi waan Waaqayyo jedhu sirriitti ilaaluu qabna.

Jalqaba Torabanii Amajjii 7

Wangeela Badhaadhummaa

Lallabaan beekamaan tokko ergaa salphaa karaa teelevizhiinaa dabarse: Waaqayyoo isin eebbisuu barbaada,mirkaneeffannaan ebba isaa ammoo akka ati qabeenya wantootaa (material) baay'ee qabaattu go-chuudha.Jecha biroon, yoo amanamaa taate, Waaqayyoo badhaadhaa si taasisa jechuudha.

Yaadni kun, yookaan calaqqeem isaa, wangeela badhaadhummaa jedhama. *Waaqayyoon hordofi, wantoota biyya lafaan badhaadhaa si godhaa.* Kun homaa miti, garuu barsiisa sobaati (this idea is nothing but a false theological justification for materialism) . wantoota biyya lafaa qabaachuu qajeelaa fakkessanii dhiheessuudhaan fudhatama argchuuf barsiisa dhiyaatee dha,sababni isaa Wanti inni dhuguma jechaa jiru, *Abbaa qabenya wantootaa ta'uu in feetaa ?, gaarummaan isaas sitti ni dhaga'amaa?* Gaariidha,wangeela siif qabna.

Wangeela badhaadhummaa mirkanaa'aa wajjin wal qabsiisuun kallaattii kan lakkise daawwii cinaachaa ti (sideshow). Barsiisi kun barreeffama

qulqullaa'aa kan mormu, mataa offii giddu-galessa kan godhate, fi walaakkaan isaa dhugaa wangeelaa kan uffatee dha. Wiirtuun dhimma kanaa cubbuu dha: innis immoo mataa ofii ol qabuu fi fedhii waan hunda olitti of gammachiisuu ti.

BarsiisiWangeeli badhaadhinaa kun Waaqayyoof kennuun karaa biraan badhaadhummaa wantoota fudhachuudha jedha. Gruu kun Waaqayyoon maashina gurgurtaa gochuudha. Hariiroon nuti Waaqayyoo wajjin qabnus gara wal falmiitti ce'a. *Ani kanan godha, ati immoo deebii gochaa kooti isa abdachiiuste naaf kenni jechuutti nu fida. Kennuun keenya gatii kennaa keenyaa argachuuf malee hojii garii hojjechuuf miti jechuudha.* Kun wangeela badhaadhummaa ti.

2Qor.8:1-7 dubbisi. Asitti maaltu ta'aa jiraa? Lakkofsota kana keessatti yaada badhaadhummaa wangeelaa faallessu ni arginää? Phaawuloos yeroo waa'ee kennaa ayyanaa dubbatu maal jechuu isaati? (2qor.8:7)

Uummanni kun, yoo “ rakkina baay’ee” (2Qor. 8:2) qabaatan iyyuu ar-jummaan isanii guddaa ture, hamma arjoomuu danda'an caalaa kennan. Baroeffamni qulqullaan kuni fi kan biroo dogoggora barsiisa sobaa (wangeela badhaadhumma kan barsiisu) isa yoo qajeeltee Waaqayyoo wajjin jirate, kan ittiin of mul’istu qabeenyaa baay’ee akka ati qabaatu si godha hubachuuf gargaaru.

Waa'ee warra Waaqayyoof amanamoo, garuu immoo qabeenyaa biyya lafaan badhaadhoo hin ta'inii fakkeenyaa maali argita? Akkasumas Waaqayyoof amanamoo kan hin tain, garuu qabeenyaa wantoota biyya lafaan kan badhaadhan? Badhaadhummaa akka agarsiistuu ebba Waaqayyootti fayyadamuuuf baroeffam qulqulluun maal nutti himaa?

Jaamummaa Ija Hafuuraa

Dhugaa beekamaa ta'e kana akka nu barsiisuuf wangeela nu hin barbaachisu. As irratti wanti barabaraan yookaan yeroo dheeraaf turu hin jiru. Akkuma Phaawuloos jedhe, "Nuy gara wanta ijaan hin argamnee ilaalla malee gara wanta ijjaan argamu hin ilaallu. Wanti ijaan argamu yerrood-humaaf ta'a. Wanti ijan hin argamne garuu kan barabaraati" (2 Qor.4:18) Yammuu Kiristaanonne karraa gara waaqaa yaalleassanii qannoobiyya lafaa irratti xiyyeffatan iji isaanii halaalatti hin argu. Yeroo akkana ta'u gowwoomsaa badhaadhummaa irra caalaa waantoota xixinnoottu kariicha irraaija isaani jaamsa. Helan Killer, jaamaa kan turte, akkas jette, "Addunyaa kana keessaa namni baay'ee gaddisiisaan isa ija qabuudha, garuu kan hin argineedha." Kitaabi Qulqulluun fakkenya warra ija qabanii, garuu hafuuraan jamaa ta'aniin guutuu dha.

Namoonni tokko tokkoo biyya lafaa kana baay'ee waan jaallataniif jaalala isaan dhugaaf qaban duraa liqimseera. Yammuu lafaa irratti badhaadhummaan isaanii dabalu fedhii isaan badhaadhumma waqaaf qaban daka bu'a. Biyya lafaa kana yammuu caalaatti qabaatan, badhaadhummaan keenya nu duraa fudhatama jedhanii waan soodaataniiif caalaatti qabeenyaa isaaniitti maxxanu (hammatu). Yammuu qabaatan harki isaanii kennuf ni gababbata, sababiin isaa yammuu baay'ee qabaatan hiyyummaatu isanitti dhaga'ama. Yaa gowwoomsaa badhaadhummaa! Waaqayyoo maal akka isaan irraa barbaadu isaanitti hin dhaga'amu." —Ellen G. White, *Spiritual Gifts*, vol. 2, p. 267.

Jaamummaan ija hafuuraa fayyina barbara balaa guddaa jala galcheera. Yesusiin ilaaluu qofti hin ga'u xiyyefannaa keessatti eeguu qabna.

Mat. 13:3-7 fi 22 dubbisi. As irratti Yesus waa'ee balaa maalii nu ak-eekkachiisaa jiraa? Akkamitti kun kiyyoo salphaa sooreessi fi hiyyessi

kan keessatti kufu ta'e?

-
-
1. Yesus waa'ee "yaaddoo biya lafaa" (Mat.13:22) dursee nu akeek-kachiiseera. Akka nuti yaaddoo qabnu (maallaqas dabalatee) Yesus ni beeka. Warri hiyyeessaa kan nu ga'u hin qabnu jedhanii yaadda'u warrii sooreessaas waan dabalata isaan barbaachisuuf ni yaadda'u. Qananiin biyya lafaa dubbicha hudhee akka hin qabneef (Mat.13:22) jirenya keenya keessatti kan of eegganne ta'uu qabna.
 2. Yesus waa'ee "badhaadhummaa gowwoomsaadhaan guutee" nu akekkachisa (Mat.13:22). Badhaadhummaan ofii isaatii hammina qaba utuu hin taane xumuri isaa gara badiisa ta'etti nu geessuuf humna nama gowwoomsu qaba.

Jirenya kee keessatti karaa kam fa'iin "gowwoomsaa sooromaa" argitaa? Gowwoomsaa kana of irraa ittisuuf filannoo hojiin mul'atu maalfaa qabdaa?

Kibxata Amajjii 9

Sadarkaalee Hawwii

Akkuma hammina hundaa, hawwiinis onnee keessatti jalqaba. Nu keessatti jalqabee gara alaatti hojjeta. Kun waan Eden keessatti ta'eedha. **Uum. 3:1-6** dubbisi. Seexanni Hewaanin gara cubbuutti hawwachuuf maal godhee? Baroota keessatti nunis gowwomsuudhaaf akkamitti karaa wal fakkaatu fayyadamee?

" Dubartittinis iji mikichaa nyataaf gaarii ta'uu isaa, ija namaatti kan tolu, ogeessa nama gochuudhaafis gomjaasisaa ta'uu isaa argitee, ija isaa

irraa kutattee in nyaatte; abbaa manaa shee isa ishee wajjintureefis immoo in laatte, innis in nyaate.” (Uum.3:6)

Yoo namni tokko hubannoo gahaa hin qabaanne, indaastirriin beeksisaa fakkeenyummaa Eden irraa ka’uun hoomisha isaa salphaatti akka waan gurguratuutti yaada ture. kan ishee duraan qabdu iratti Seexanni ija muka dhorkamee sana Hewaan keessatti fedhii uume, akka isheen waan ishee hin barbaachisne hawwitu godhe. Kufaatii isheen kufte tokko tokkoon keenya yammu kufnu fakkeenyi nuyi keessa dabarruu Nan Arge, Nan Hawwe, Nan Fudhadhe isa jedhu ta’aa. Hawwiin dhuguma cubbuu ta’uu ni danda’aa. Akkuma halalummaa innis hammina foon keenya duuba kan dhokateedha. Yammuu xumura irratti ija godhatu badiisa guddaa fiduu danda’aa. Hariroo hawaasummaa ni miidha. Michuuwan irratti go-daannisa dhiisanii, miirri balleessummaa habootteen nu dha’aa.

Hawwuun seera kami irra iyyuu ni ejjeta. Mootichi Ahaab iddo dhaaba wayinii Naabot arge ni hawwe, hamma haati mana isaa Naabotin ajeesistuutti goroora cocoophse (1Moot. 21). Aakkaan yammuu uffatichaa fi meetii arge of to’achuu hin danddeenye, ni hawwe, ni fudhate (Iya. 7:20-22. Hawwuun xumura irratti ofittummaa bifa biraa ti.

Yoo sassattummaan agarsiistuu cubbu bifa biraa ta’e, hawwuun immoo agarsiistuu ofittummaa is guddaa dha. Kun Ergamaa Phaawulos waa’ee yeroo sodaachisaa isa gantummaa xumuraa (2xim.3:1) jedhamee ibsame yeroo dubbate, ofittummaan hundee hammina hundaa ta’ee, hawwuun immoo ija isaa isa jalqabaati, jedhee dubbate. ‘Namoonni warra ofittoo, sassattota, ofajoo, afuufamoo, arrabsiituvwani...in ta’u’ “ (2Xim.3:2) John Harris, *Mammon*,(New York: Lane & Scott, 1849) p. 52.

Jireenya keenya keessatti karaa kamiin illee taanaan gara hawwuutti luuccoofne akka jiru hubachuun maaliif barbaachiise?

Roobii Amajjii 1

Sassattummaa- karaa fedhakeetii Wantoota Qabaachuu

Isa 56:11 Dubbisi. Cubbuun kun maal si akkeekachiisa?

Nuyi warra kufneef sassattummaan salphaa akka hargansuuti. Haa ta'u malee, Amala ilmaan namaa keessaa sassattummaan amala Kiristoos kan hincalaqqisiisfne ta'uu isa yaaduun nama rakkisa. “ Isinoo gaarummaa goftaa keenya Yesus Kiriatos ayyaana isaatiin isiniif kenne hubattaniit-tu; inni badhaadhaa utuma jiruu deegaa ta'uu isaatiin isin badhaasuuf isin-iif jedhee deegaa ta'e” (2Qor.8:9).

Balaa sassattummaan baroota seena keessatti dhaqqabsiisee Gooftaa qofatu beeka. Sassattummaan lola kaaseera, sassattumman akka namooti yakka mataa isaanii fi maatii isanii gaaga'e keessatti hirmaatan godhera. Sassattummaan hamma warri hafan caalaatti sassatto ta'anitti akka vaayrasii tokko irraa isa kaanitti darba.Sassattummaan dhukkuba waan halle haw-wuuti: Jaalala horii, aangoo, fi qabeenyaa qabaachuu. Ammas, Nan arge, Nan hawwe, Nan fudhadhe.

Mat.26:14-16 dubbisi.Seenaa gaddisiisaa kana irraa waa'ee humna sassattummaa maal barannaa?

Jecha Yihuudaa jedhu qalbifadhaa, “isa dabarsee yoon isinitti kenne maal anaaf laattu?” (Mat.26:15). Waa'ee sassattummaa waan halle irra akka ejjetuuf heyyemuu me yaadi! Guutummaa seenaa keessatti Yihuudaan namoota muraasa Yesusii wajjin jiraachuuf ayyaana argatan keessaa tokko ture. Yihuudaan Yesus isa foon uffate wajjin jiraateera, dinqii Isaa

dhugaa ba'eera, dubbii jireenyaa yammuu inni lallabu dhaga'eera. Garuu mee ilaali sassattummaa fi hawwuun maal isa akka hojjechiise.

"Yesus nama isa gane, dabarsee kenne jaalala isatti argisiise. Yesus arjummaa isa hawwii hundeetti buqisuu hojiidhaan mul'ise. Amaloota sassattummaa isa badaa(gidirsaa) sana Yesus fuula Yihuudaa duratti dhiheesseera, yeroo baay'ee bartootis kana hubatanii jiru. Cubbamaa ta'uun isaas beekameera, garuu jal'ina isaa himatee irraa deebi'uu hinbarbaanne.." —Ellen G. White, *The Desire of Ages*, p. 295.

Eenyuudha ,yoo of eeggachuu baateef, amala isaa keessatti sassattummaan kan hin mul'atnne? Akkamitti ayyanaa Waaqayyoo keesaan fedhii uumamaan jiru kana to'anno jala galchuu dandeenyaa?

Kamisa Amajjii 11

Mataa ofii To'achuu

Heertuwwan armaan gadii dubbisi. Akkataa namoonni sooreeyyi fi hiyeeyyi balaa sassattummaan, kajeellaa foonii, jaalalli maallaqaa fi qabeenyaa wantoota biyya lafaa kiristaanotatti fidu irraa of eeggachuu qabanii fi of eeggachuu danda'an ilaachisee hubannoo attamii kenna?

Hol.E.24:2426 _____

Gal.5:22,25 _____

2Phe.1:59 _____

Heertuuwwan kun jirenya qulqulla'aa jiraachuuf kan nu gargaaran ergaa humna qabuun guutuu dha. Garuu, qapxii waliigalaa tokko hubadhu: Innis of qabuu (of to'achuu) dha. Qapxiin wliigalaa kun yeroo gara sassattummaa, hawwuu, fi fedhii wantoota qabaachuuti dhufnu ulfaataa ta'a. Karaa of qabuu (of to'achuu) qofaan, duraan dursinee yaadaa fi gocha keenyaan balaa waa'ee isaa irraatti dudubbata turre irraa of eeguu danddeenya.

Shaakalli of to'achuu keenya hammuma nuyi mataa keenya dabarsine humna Gooftaa keenyyaatti laatne irraatti hundaa'a. Addumaan immoo cubbuun kun yeroo dheeraadhaaf nu keessatti kunuunfamee ykn jaalatameera yoo ta'e, enyuu keenya iyyuu, ofii keenyaan cubbuu kana mo'uu hin dandeenyu. Gowwomsaa human qabeessa kan mo'achuuf dhugumatti humni Hafuura Qulqulluu akka jirenya keenya keessatti hojjetu nu barbaachisa.. “Qoramni namatti dhufee hin beekne isinitti hin dhufne, Waaqayyoo amanamaa waan ta'eefis humna keesan gararraatti akka isin qoramtaniif isin hin dhiisu, garuu qorama sana keessatti akka isin daneessan in godha, karaa isin keessa baatanis isiniif in kenna” (1QOR. 10:13).

**Ammas 2 Phe. 1:5-9 dubbisi. Pheexiros karaa maalii argisiisaa jiraa?
Sassattummaadhaaf kajjeellaadhaan wallaansoo qabuu keessatti Sardarkaan isaa maal, akkamittis karicha adeemna?**

Jimaata Amajjii 12

Barumsa Dabalataa: Galmi xumuraa sanyii namaa quufaa fi gamma-chuu dha. Garuu wantootaan(materialism) badhaadhaa ta'uun galma kana fiixaan hin baasu. kun dhugaa akka ta'e namoonni gadi fageessanii beeku garuu, waa'ee qabeenyaa isaanii yaadaan liqimfamuun isaanii itti fufa: Nan arge, Nan hawwe, Nan fudhadhe. Wanti kana caalaa salphaan maali? Adiventistooti guyyaa torbaffaa akkuma nama kamii iyyuu, sona badhaadhummaa kanaan qoramuuf saaxilamanii jiru. Amma iyyuu, badhaa-

dhummaan wantootaa yoo itti fufe iyyuu, gammachuu, quufuu fi dheebuu ba'uu hin fidu. Akkuma dargaggeessi sooresi sababii waan barbaade hin arganee yookiin hin dhageenyef Gaddaan, abdi kuta-naadhaan, onnee cabaan Yesus bira'a deebi'e, rakkina uuma. Sonni badhaa-dhummaa fayyummaa namootaan waan mormuuf, akka namoonni gammachuu fi quufina jirenya gadi bu'aa iraa gara ulfftina jirenyaa, yaaddoo, rakkina qaamaa akka mataa bowwuu, jeequmsa dhuunfaa, of waaqessuu fi amala farra hwaasummaa qabaachuuti nama geessa" —Tim Kasser, *The High Price of Materialism* (Cambridge, Mass.: The MIT Press, 2002), p. 22.

Kristaanonni badhaadhumma jaallatan (materialistic Christians), koormaadhaan bishaan boolla badhaadhummaa keessaah dhugu, garuu hafuuraan immoo dheebootoodha(gogoodha). Garuu nuti warri bishaan Kiristoos nuuf kenuu dhugnu rawwannee hin dheebonnu (Yoh.4: 14).

Gaaffilee Maree:

- ① Yaada wangeela badhaadhummaa jedhu irratti bal'inaan mari'adhaa. Warreen kana hordofan yaada wangeela badhaadhummaa jedhu beeksisuuf heertuu kam fa'tti fay-yadamu? Namoota amantii isaaniiti cimoo ta'anii jireenyi isaanni barsiisi wangeela badhaadhummaa soba ta'uu saax-iluuf warra jiraatannif fakkeenya akkamii Kitaaba Qulqulluu keessaah arginaa?
- ② Mucaan angafaa dhalatee waggoota muraasa booda, namichi akkas jedhe, "Ani mucaa kana irraa dhugaa wangeelaa bar-baachisoo ta'an laman baradhe. 1ffa- cubbamoota taanee dhalachuu keenya. 2ffa- sassattoota taanee dhalachuu keen-ya." Akka sanyii namoottatti uumamaan sassattoota ta'uu Keenya seenaan daa'immanii akkamitti ibsaa? Barbaachi-summaa ayyaana Waaqayyoo kun maal nutti himaa?

- ③ “Yoo burqaa rakkoo keenyaa kan barbaannu ta’ee, jedhe namichi tokko yammuu barreessu, “namoota waa’ee isaan baala sammuu hadoochu fudhataniif hin qorannuu, kan qorachuu nuy irra jiraatu gowwummaa, doofummaa, sassatummaa fi jaalala isaan aboof qaban irraatti ta’uu qaba.” Waa’ee sassatummaa isa badii guddaa dhaqqabiisa jiruu, Isa/isee sassate/sassatte utuu hin ta’in namoota isaan marsee jiru mara miidha. Fakkeenya akkamii beekta kan sassatummaan namoota saaxilaman hunda gaaga’e?

Waaqayyoo Moo Badhaadhummaa?

Sanbata Waaree Booda

Qo'anno turban kanaaf kana dubbisi; Far.33:6-9; Mat. 19:16-22;
1Phe.1:18; Ibr. 2:14,15; Ba'u. 9:14; Far. 50:10.

Yaadanoor:
Heertuu

“Kanaafis Waaqayyoo waan hundumaa irra caalchisee guddaa ol isa qabe; maqaa isa kam irraiyyuu caalu kenneeraaf.Kanaanis warri bantii waaqaa keessa jiran, warri lafa irraa, warri lafa jala jiranis hundinuu ulfina maqaa Yesusiif jilbeenfatanii akka sagadan godhe. Arrabni hundinuus ulfina Waaqayyoo abbaatiif, Yesus Kiristoos, Gooftaa akka ta'e beeksisuuf jiru” (Fil. 2:9-11).

Waaqayyoo hammaa ol jaalala horii fi qabeenya biyya lafaa liqimfamuu ibsuuf jechoota qisaasuu hin barbaadu. Jechoota Kiristoos namicha sassataa badhaadhaa sanaan jedhe, sodaa Waaqayyoo hunda keenya keesa bulchuu qaba, “Waaqayyoo garuu yaa gowwaa edana lubbuu kee si dura fudhachuuf jiru, egaa kan ati qophees-site kun hundinuu eenyuuf ta'a ree ittiin jedhe. Namni badhaadhummaa ofii isaatiif tuullatee, Waaqayyo biratti immoo badhaadhaa hin ta'in, kunoo akkas in ta'a jedhe” (luq. 12: 20-21).

Waaqayyoon tajaajiluu fi maallaqa (horii) tajaajiluun gocha waliin hin ademneedha. Waaqayyo fi maallaqa keessaa Isa tokko yookaan isa biraatuu danda'a. Gam-lachuu qabaachuu keenya yaaduun abjuu yoo ta'e iyyuu, jireenyi gam-lachuu amma yookaan booddee nu bira ga'uu danda'a. Tarii warra kaan ni gowwomsina ta'a, mataadhuma keenya iyyuu, garuu, Waaqayyoon isa gaaf-tokko gaaffii nu gaafatu gowwomsuu hin dandeenyu. Filannoo godhachuu qabna, shakkiidhaan yeroo dheeraa dabarsuudhaan sababa yoo dhi'esine yookiin har'a bor jechuudhaan yeroo yoo dabarsine qabaan maallaqaa fi jaalala horii caalaatti lubbuu keenyatti jabaata. Amantin murtoo barbaada.

Eenyummaa Waaqayyo irratti xiyyeefachuu, waan Waaqayoo nuuf godhe, nu immoo gatii gochaa Isaa maal Isaaf laatne kan jedhu yaaduun murtoo keenya kan nuuf salphisuudh.

Dilbata Amajjii 14

Kiristoos Isa Uumaa

Uum. 1: 1; Far. 33:6-9; Isa.45:11,12; Erm.51:15; fi Yoh.1:3 dubbisi.

Waa'ee gaarummaa qabeenya biyya lafaa

Kanaa maal nutti himu?

“ Bantii waaqaa kan diriirse Kiristtosi. Hundee lafasa kan kaa'ee Isuma. Addunya kana harka Isaatu hawwa keessa rarraase, daraaraan lafa irraas hojii harka Isaati. ‘humna Isaan tulloota dhaabe’ ‘galaanonni kan Isaati, Isatu isaan hojjete.’ (Far. 65:6; 95:5). Isatu lafa bareedinaan, qilleensa immoo faaruudhaan guute.Lafa irra kan jiraatan hundumaa irratti,qilleensa keessatti ,samii keessatti ergaa jaalala Abbaa isaati Isatu barreesse.” — Ellen G. White, *The Desire of Ages*, p. 20.

Qabeenyaan mataan isaaniitiin hammina hin qaban. Faallaa amantii tokko tokkoo, warra wantooti biyya lafaa (material world) fi qabeenyaan gadhee (badaa) akka ta'anii fi wantoota hafuuraa qofatu gaariidha jadhanii barsisan, Kitaabi Qulqulluun garuu sona wantoota (qabeenya) biyya laffaaf gatii kenna. Waan hundafuu, Yesus mataa Isaatu isaan uume. Akkamitti ree, kan inni gadhee(badaa) ta'e? Wanti nama gaddisiisu, kennaa Waaqayyoo hunda walliin jijiiranii hamminaaf itti fayyadaman, kun garuu, kenna isa jalqabaa sana hamaa (gadhee,badaa) hin godhu. Kan Waaqayyoo uume qabeenya biyya lafaa jijiiruun akka malee akka itti hin fayyadamne Kitaabi Qulqulluun nu akeekkahiisa, male qabeenya sana mataa isaaniitu gadheedha jedhee hin barsiisu.

Faallaadhaan Waaqayyo biyya lafaa qabeenyaan badhaase uume. Sabni Isaa ija isaatti akka gammadan fi akka itti fayadaaman barbaade .“ Ati namni Leewwii, galaan isin gidduu jiruus,wanta gaarri Waaqayyoo Goofataan kee siif , mana keetiifis kenne hundumaatiin gammadda.” Kes. 26:11 ; 14:26 ilaali.

Yesus Uumaa dha (Yoh.1:1-3), lafti wantoota Inni Uume keessaa isa tokko.Dandeettiin uumuu Isatii haala dinqisiisaa ta'een lubbuu fi lubbu-qabeeyyii lafa irra jiraatan bocee isaan uume.Wantooti gatii qabaachuu isaanii Yesus beeka, bu'aa keenyaa fi akka itti fayyadmnuuf, ittis gammadnuuf nuuf uume, kanas beeka. Yeroo namni kenna isaaf kennname jij-jire wantoota hin barbaachisne fayyadames Yesus beeka, Wantooti kanat-tii akka malee itti fayyadamuun badiisaatti akka geessus beeka. Garuu, wantooti hundinuu ulfina Waaqayyoof uumaman.

Amanuun isaa kan nama rakkisu addunyaa Waaqayyoo arjummaa Isaan uume ilaali. Addunyaa kana erga cubbuun balleessee booddee, cinaacha gara guddaa addunyaa kanaatti amma illee, gaarummaa uumamaa argina. **Addunyaan uumamte kun waa'ee gaarummaa uumaa maalii nutti hima?**

Wiixata Amajjii 15

Ilma Waaqayyoo / Ilma Namaa

Akka Kiristaanotaatti, Yesus guutummatti Waaqa, guutummaattis nama akka ta'e amanna. Tokkichummaan Waaqayyummaa fi namummaa eenyummaa isaa adda gochuudhaan lafaa kana irrattis ta'e kan barabaraafis barbaachisaa Isa taasise. Akkuma namicha hubanoo saayinsii sochii xayyaaraa hin qabne, xayyaarri akka hin balaliine dhorkuu akka hin dandeenye, uumama waaqayyummaa fi namummaa qabaachuu Yesus hubachuu dadhabuun keenya dhugaa kana dhara hin godhu.. Dhoksa lamatu jira : 1. Tokkichummaa Waaqayyummaa keessatti heddummina namummaa (The plurality of persons with in the unity of God), 2. Namummaa Yesusiin keessatti tokkummaa Waaqayyo fi nama (The union of Godhead and manhood in the person of Jesus) Asoosama keessatti wanti akka foon uffachuu Yesus nama hin amansifne hin jiru.” —J. I. Packer, *Knowing God* (Downers Grove, Illinois: InterVarsity Press, 1973), p. 53.

Gara biyya lafaa dhufuu Yesusiif sababni tokkoo Waaqayyo hammam akka nu jaallaatuu fi eeggannaa inni tokko tokkoo keenyaa f godhu mul'isuuf jedheeti. Akka namoonni tokko tokko Waaqa fagoo fi qabba-naa'aa dha jedhanii amanan uttuu hin ta'in, Yesus dhugummaa amala Abbaa keenyaa Isa waaqa irraa nutti mul'iseera.

Seexanni namoota fi Waaqayyoon gargar baasuuf yaaleera. Akka Yesus nuuf hin eeggannetti eenyummaa fi amala Yesus hammeessee dhiheessuuf yaalii godheera. waa'ee gaarummaa fi ayyaana Waaqayyoo beekuu fi shaakaluu irraa nu fageesuudhaaf waan isaaf danda'mu hundumaa godha. Seexanni Karoora kana galmaan ga'uudhaaf wantoota biyya lafaa gar malee akka namoonni jaalatan gaarii godhe hojjeta.

Mat.19:16-22dubbisi. Jaalala wantoota biyya lafaan qabamnee Goof-taa irraa fagaannee dhaabannee akka argamnuuf akkaata seexanni

itti fayyadamu seenaan kun maal nutti himaa?

Waaqayyoo Inni foon uffate , Yesus mataan Isaa namicha dargaggeessa gaarii godhee isa beekuutti utuu dubbatuu mee yaadi. Maaltu ta'e ree? Guiddinni badhaadhummaa isaatii fi jaalala inni wantoota biyya lafaaf qabu akka Waaqayyoo irraa akka adda isa baasu hayyame. Jaalalli biyya lafaa fi wantootaa ija isaa jaamse, yoo gaddeera ta'e iyuu, gadi isaa sun akka inni murtoo qajeelaa murteeffatu isa goone waan ta'ef ga'aa miti. Inni sababii qabeenyaa isa dhabaa jiruuf hin gaddine, qabeenyaaaf jedhee lubbuu isaa dhabaa waan jiruuf cadde malee.

Sooresa yookaan deegaa yoo taane, wantoota biya lafaa kanaan wajjin hariiroo qabnu sirrii ta'ee adeemaa jiraachuu isaaakkamitti mirkaneefanaa?

Kibxata Amajjii 16

Kiristoos Isa Furee

Seerri mootummaa Waaqayyoo liqidhaan hin hojjetu. Garuu Addaamii fi Hewaan in yakkani. Seera cabsuun immoo du'a fida. Akkasittiin ilmaan namootaa liqeefattoota qajeelummaa waqaqa ta'an. Deegneerra, ha-fuurattis homaa kan hin qabneta'uudhaan liqii isa raawwatne of irraa baasnee fixuu hin dandeenyee.

Jaalalli Waaqayyo nuuf qabu karoora fayyinaa baase. Yesus nuuf “amanamaadha” (Ibr.7:22). Kiristoos furee ta'ee dhiyaachuun Isaa bittaa fi gurgurtaa raawwatee ta'ee hin beekne mul'ise. Aarsaa seerri qul-qullaa'an gaafate lubbuu Yesus qofatu raawwate. Liqii cubbuun nu iraa qabdu Kiristoostu baase, fannoo irraattis dhiifamni in ta'e. Sanyii nama furuuf badhaadhummaan hammana dhangala'e addunyaan takkaa hin ar-gine ,hin dhageenyes. (Efe.5:2).

“Badhaadhumma waaqaa hunda biyya lafaa kana iraatti dhanga-laasuudhaan, karaa Kiristoosis guutummaa biyya waaqaa nuuf ken-nuudhaan Waaqayyo fedhii, jaalala, sammuu, lubbuu, sanyii namaa hun-daa bite.” —Ellen G. White, *Christ’s Object Lessons*, p. 326.

Heertuwwan kana hunda dubbisi,Kiristoosis maal irraa akka nu furee tarreessi. 2 Qor. 1:13; 1 Tas. 1:10; 1 Phe. 1:18; Ibr. 2:14, 15; Gal. 3 3:13; Mul. 1:5.

Yoh.19:30 keessatti kan argamu jechi Giriikii “*tetelestai* ” jedhu jecha barbaachisaa takkaa dubbatamee hinbeekamne jedhame beekama. Innis “raawwatameera, xumurameera” jechuu dha. Jecha xumuraa isa Kiristoos fannoo iraatti jedhee dha. Dubbannaan isaa xumuraa kun ergami Isa fiixaan ba’iinsaan xumuramuu fi liqii keenya “*guutummaatti*” nu irraa ba’uu isaa kan labsu ture. Akka nama abdii kutateetti hin dubbanne,garuu akka nama addunyaa bade furuuf milkaa’eetti male.Gara fannoo isa nama furuu ilaaluun gocha ta’ee darbe ammuma iyyuu hojjechaa jiruu fi abdii egeree mul’isa. Yesus lubbuu Isaa dabrsee kan keenneef cubbuu, du’aa fi hojii seexanaa hamma barabaraatti balleessuuf ture. Yoo nuuf hin malu ta’e iyyuu, nuyi furamneerra (Efe.1:7). Dinqii fayyinaa arguun iddo qul-qullaa’aa irra adeemuu dhaKiristoos akka fureetti hunda caala fakkaattii Waaqayyoo ti. Fedhi Isaa inni guddaan nu furuu dha. Kun kan argisiisu, gara namaatti dhyaachuu dhaan harriroo sanyii nama waliin qabu iddo kennuu Isaa ti. Erga Seerri cabe deebii argatee, Kiristoos xiyyeefannaa Isaa gara keenyatti deebisuun, waa’ee aarsaa inni baaseef deebii keenya eeggacha jira. Me waa’ee isaa yaadi: Hammina ati hojjete hundaaf Kiristoos gatii liqii sana guutummaatti baasera. Deebii kee maal ta’uu qaba? (Iyyoob 42:5,6).

Roobii Amajjii 17

Waaqayyoo Isa Hinaafu

Waaqayyoo Fara'oonin akkas jedhe, "Biyya hundumaa keessaa kan akka koo akka hin jirre akka beekutti , alana dha'icha baay'ee jabaa si iratti, hojjetoota kee irrattis nan buusa" (Ba'u.9:14).,

" kan akka koo biyya lafaa hundumaa irra akka hin jirre" yeroo jedhu Gooftaan maal jechuu Isaatii?

"Amala fi hojii Waaqayyo isa xumura hin qabnee sammuu murtaa'aa dhaan hubachuu hin dandeenyu. Warra beekumsa qaban, warra aangoo qaban, sammuu baay'ee baratefis inni qulqulluun sun iccitii uffateera" — Ellen G. White, *Testimonies for the Church*, vol. 5, pp. 698, 699

Waaqayyo qixxee hin qabu (1Moot.8:60). Inni karaa.nuuf hin hubatamneen in yaada, in yaadata in hoijetas. Gara hubannoo keenyaatti fiduuf hammam yoo dhamaane iyyuu, Waaqayyo Waaqayyuma. Inni Isa galaana cabbii, , sammuu, fulaa fi amala namoota adda adda godhe kan uumehda. " kan biraa hin jiru"(1Moot.8:60). Kanaafuu Inni Uumaa dha, akka Uumaatti Inni dhuguma uumama irraa adda.

Heertuuwwan kun uumama irraa akkamitti akka adda ta'e maal nutti himuu? 1 Sam. 2:2; Far. 86:8; Isa. 55:8, 9; Erm. 11 10:10; Tit.1:2.

Yammuu maalummaa Waaqayyoo kallattii hundaan ilaallu, waan Inni qabu hunda, waan Inni hojjetu hunda, baay'ee dinqisiissaa dha, akka waan dorgomaa qabuutti hojjeta.Jaalalaa fi mararfanoor namootaaf jedhee dorgomuutu Isa irra ture. Tarii kanaaf ta'a kan Inni " "Waaqaa hinaaffaa" (Ba'u.

34:14). Waaqayyo nama akka inni bilisa ta'uuf uume, kana jechuun Isa tajaajiluu yookaan waan biraa tajaajiluu filannoo qabna. Kun rakkina namootaa isa guddaa dha. Bifa kamiinuu haa qabaatuu Waaqayyoo Isa hundumaa uumee, hundumaa qabu tajaajiluu kan mormu Waaqolii biro tajaajiluuf filannoo keessa galuudha.. Kanaaf dhuguma Waaqa Hinaaffaa ta'e.

Jirenya kee keessaa maaltu mararfanno Waaqayyo siif qabuun dorgomaa jiraa?

Kamisa Amajii 18

Abbaa qabeenyummaa dhugaa

'Nuyi uumamuudhaanis ta/e fi furamuudhaanis kan Waqayyooti . Nu qofatu kan Waaqayyoo miti, qabeenyaan keenya hudinuu kan Waqayyoo ti. filannoo qabaachuu keenya qofa irraa kan hafe nuyi kan mataa keenya kan ta'e homaa hin qabnu.,

Faallaa kanaatiin garuu wiirtuun Yaada biyya lafumaa keenyaa 'nuy abbootii qabeenya ti' isa jennee of yaadnuu dha. Amma illee kun gowwummaa dha.Kiristiyanonni nuyi abbootii qabeenya ti jedhanii yaaduun waan sagaleen Waaqayyo barsiisuun faallessuu dha.

Abbaan qabeenya hundaa Waaqayyo malee nu miti (Iyob.38:4-11). Akkuma warra Isira'elootaa lafa isa abdachiifame irra jiraatanii nuyi orma, galaadhas yeroodhumaaaf lafichi irra kan jiran(Lew.25:23).. Hafuura isa kanatti aane fudhannuu fi baafannuuf eggattoota hark Waaqayyotti (Ho.e. 17:25). Nuy abbaa waan yaadnuutti, Isatu abbaa qabanyaati.Nuy garruu soortuu Isaa ti, kanaaf nuy qabeenya qabatamaa fi hin qabatamne ulfina Waaqayyoof eegna.

**Heertuwwan armaan gadii keessaa kan abbaa qabeenyumma
Waaqayyoo ibsan tarreessi. *kesD. 10:14; Far. 50:10; 104:16; Hisq..***

**18:4; Hag. 2:8' 1 Cor. 6:19, 20. Qabeenyaa harka keenya keessa jiru
akkamitti akka ilaluun nuuf ta'u heertuwwan kun maal nutty himu?**

“Wanti hundinuu kan Waaqayyo ti. Namoonni garuu waan Inni jedhu dhaga’uu dhiisuu danda’u. Yammuu Waaqayyo guutummaadhaan namoota eebbisu, kenna Isaa kana dhimma ofittummaa fi ittiin gammaduuf fayyadamuu danda’u ta’a garuu soortumma isaaniif itti gaafatamu. — Ellen G. White, *Testimonies for the Church*, 14 vol. 9, p. 246.

Abbummaan Waaqayyoo fi dirqamnisoortummaan kenyaan gidduu jiru karaa inni samiidhaaf nu qopheesuuf ,namoota kan biroofis eeba nu gochuuf nutty fayyadamuudha. Garuu, soortuun hin amanamne akka abbaan qabeenyaa qabenyaanisaatti hin fayyadamne godha. Akkuma kaleessa ilaalle, Waaqayyo fedha Isaa guuttachuuf nu hin dirqnisiisu. Inni nu uume, hamma Inni deebi’ee dhufutti akka bulchinuuf/geggeessiuuf biyya lafaa kana keessatti qabeenyaa nuuf kenne. Qabeenyaa kanaan wanti nuy goonu maalummaa hariiroo nuy Isaa wajjin qabnu calaqqisiisa.

Dhugumaan ati abbaa qabeenyaa keetii miti garuu isaan kan Waaqayyootti. Kun waa’ee hariiroo sii fi qabeenyaa kee gidduu jiruu?maa l sitti himaa,

Jimaata Amajjii 19

Barumsa Dabalataa:- Soortummaan akkuma beeknu yammuu Addaamii fi Hewaaniin dhaaba Eden keessa kaa’e, akka kunuunsanii fi eeganiifis (Uum.2:15)Waaqayyoon jalqabame. Naanoo raawwatee mudaan hin qabne kana hojii hamma kanatti ulfaataa hin taane akka kunuunsan ta’e.. Waaqayyo hojii irratti isaan aangesse,shoora iaanii isaan beeksise, waa’ee itti gaafatamummaa isaaniis isaan barsiise. Edeniin kunuunsuun hika qaba, maatii haaraa kanaafis gammachuu fida.

Jechi Ibrootaa “dominion” (UUM.1:26,28) jedhu hikaan isaa “to’annoo jala galchanii bulchuu” jechuu dha. Kanaaf hiikaan bulchiinsa hamaa kennamuufi hin qabu, bulchiinsa hojii gaarii, uumama Waaqayyoo garaamummaadhaan kunuunsuudha malee. Itti gaafatatummaan kun hin dhaabbanne. Naannoo kanatti Addaamii fi Hewan Waaqayyo abbaa qabeenyaakka ta’e barachuu qabu, isaan immoo geggeessitoota yookaan soortuu amanamoo ta’anii Isaaf hojjetu. Jalqabuma irraa kaasee Waaqayyoo Addaamii fi Hewanaiif itti gaafatatummaa fi galfata isaanitti kennuu barbaade, akka abbummaatti miti. Hojii isaanitti kennametti amanamoo ta’uu isaanii Waaqayyotti mul’isuutu isaan irraa eegama ture.

“Addaamii fi Hewan iddo dhaaba Eden akka kunuunsan, akka hojjetanii fi eeganiif isaanitti kenname. Hojii isaaniitti, sammuu isaaniitti, onnee isaaniitt tokkummaa mudaa hin qabneen hojjechaa turan Knaafuu, isaan gammadoo turan. Hojii hojjetan keessatti dadhabuu fi hojii ulfaataan hin argamne. Yeroon isaanii hojii waa’ee baasuu fi waliin gammachuutti dabarsu. Hojii isaan irratti bobba’an bareeda ture. Waaqayyoo fi Kiristoos isaan in daawwatu, isan waliinins in haasa’u. Bilisummaa mudaa hin qabnetu kennameef. Waaqayyoo abbaa mana isaanii isa Eden keessaa ti... Isaan immoo harka Waaqayyoo jalaan mana isaanii isa Eden keessaa qabu.”—Ellen G. White, *Manuscript Releases*, 10 vol. 10, p. 327.

Gaaffiilee Maree:-

- 1 Dubbiin dhugaan waa’een abbaa qabeenyuummaa Waaqayyo
waa’ee itti gaafatatummaa keenya bu’uuraa naannoo Kenya
keessatti qabnu irratti maal nu barsiisaa? Fiixeetti kan ba’an
leellistooti siyaasaa tokko tokkoo kunuunsa naannoo irraa
darbanii hammaa uumama waaqessanitti kan ga’an dhi-
bamsiisuun yoo nu irraa barbaachise illee akka Kiristaanaatti
naannoo keenya akkamitti kunuunsinaa yaada maalii qabna?**

- ② Yaada isa Waaqayyo , “Waaqa Hinaaffaa ti” jedhu bal’inaan iraatti mari’dhaa. Yaada kana hubachuun yeroo hundaa salphaa miti, sababiin isaa akka namootaatti hinaaffaan akka waan gaariitii waan hin ilaalamneefi. Jibba biyyi lafaa hinaaffaaf qabu irraa bilisa taanee, Hinaaffaa Waaqayyoo akkamitii hubanaa?
- ③ Wantoota Waaqayyoo uume karaa sirrii fi qajelaa ta’een itti fayyadamuu fi ittis gammadnuu yaada jedhuu fi wantoota Waaqayyo uume karaa sirrii fi qajeelaa hin taaneen itti fayyadamuu dhiisuu gidduu garaagarummaa jiru akka mitti baruu dandeenya?? Garaagarummaa kanas beekuun maaliif barbaachisee?

Karaa Biyya Lafaa Irraa Maqi

Sanbata Waaree Booda

Qo'annoo turban kanaaf kana dibbisi: Far. 119:11; Efe.6:18; Roome. 12 8:5, 6; Ibr. 11:1–6; 1 Moot. 3:14; His. 36:26, 27.

Yaadanno:
Heertuu:

“ Guyya dheekamsaatti soorumi, homaa waa'ee hin baasu, qajeelummaan garuu, du'a nama oolcha..... Namni sooruma isa amanatu in kufa, namni qajeelaan garu, akka muka a jiidhaatti in lali-sa”(Fak. 11;4,28).

Seexanni Yesusiin Yoo dadhabe iyyuu, namoota hunda qoruu irratti milkaa'eera. Kun hamma nuyi meeshaa waraanaa fi humna Waaqayyoo isa sosobbii biyya lafa jalaa bilisa nu baasuun lollutti ittumfufa.

Xiyyeeffannoo Keenya gara Isa waan hundumaa nuuf kenu gara waaqaatti ol haa fudhannu. Daawwiti sona jirenya lafa kanaa sirriitti yeroo hubate akkas jedhee barreesse, “Leenci saafilli in dhaba, in

beelaa'as, warri Waaqayyoon barbaaddatan garuu waan gaarii tokko illee hin dhaban."(Far. 34:10).Solomooniis ogummaa fi hubannaan warqee fi meetii akka caalu hubateera (Fak.3:13,14). Gamaachuu dhugaa fi jireenya qajelaan kan argamu yoo ija keenya qabeenya keenya isa biyya lafaa irraa deebisnee gara Kiristoos Isa jiraataa isa kan isaa nu godhate yoo ilalle qofa.

Hawwattummaa biyya lafaa jalaa baqachuuf abdiin nuti qabnu Yesusii wajjin hariiroo milkaa'e qabaachuu qofaadhaanii. Torban kana waa'ee hariiroo sanaa baranna.

Jalqaba Torbanii Amajjii 21

Hariiroo Kiristoosii Wajjinii

Jaallalli qabeenya biyya lafaa kanaa warra baay'ee hin qabne illee yoo ta'an, fuuncaa jabaa Yesusitti isaan hidhuu qooda ta'u lubbuu biyya lafaatti kan hidhu ta'u u danda'a. Qabeenya biyya lafaa baay'ee hin qabnu yoo ta'e iyyuu, fedhiin nuy wantoota biyya lafaa qabaachuu qabnu yoo to'annoo Gooftaa jala hin galchinu ta'e balaa guddaa nutti fida, lubbuukeenyas fayyina irraa fageessa. Seexanni kana waan beekuuf kiyyoo jaalala wantootaa biyya lafaa keessa amma nu buusutti nu gaada.

Wanti kana irraa nu eegu maali?

"Yaada garaa keessanii wanta waaqa irra jirutti hidhaa malee, wanta lafa irra jirutti hin hidhinaa" (Qol.3:2).wanta Phawulos jedhu kana attamittiin gochuu dandeenya?

Yaadi garaa keenya maali irratti akka xiyyeffachuu qabu kan ibsan heertuwwan biraan jiruu? FILI.4:80.

Dhukkuba jaalala biyyaa lafaa irraa kan nu fayyisu bu'aa bayii jireenyaa hundumaa keessatti Kiristoositti of kennuudha. Museen badhaadhummaa Misir irra Kiristoossif jedhee salphifamuu gatii guddaatti lakkawate. (Ibr.11:26). Michummaan Kiristoos wajjini hariiroo kam irra iyyuu dursuu qaba. Kiristoos kakuu amanamummaa jabaa irratti hundaa'e barbaada,kana jechuun Kiristoositti of kennuu qabana, kun immoo filmaata miti, sababiin isaa Inni eenyu akka ta'ee fi waan Inni nuuf godhe ilaaluun malee, sababii bu'aa battalaa, amantii keenyaa fi cimina kakuu keenyaaf miti.

Jireenyi keenya Yesus keessa dhokachuu qaba, akkasumas karoori Isaa kan keenya ta'u qaba. Kakuu dhugaan “ ‘ hordaa harkaan qabatee utuu booddee hin ilaalin’ “ qotu wajjin tokko (LUQ.9:62). Yeroo nuy kakuu goonu, Y esus guutummaatti , bakka silaa ga'uu qabnutti ol nu fuudha. Yeroo nuy dabarsine Isatti of laatnu, gooftummaa biyyi lafaa jirenya keenya irratti irratti qabdu nu irraa kukkuta. Qooda giddu-galummaa wantootaa Gara giddu-galumma Kiristoositti dhufuu qabna, kun qofaan hanqina jirenya keenyaa nuuf guuta.

Yeroo dhugumaan wanta baay'ee barbadde argatte, mee waa'ee isaa yaadi. Yeroon geessifachuun kee fi gammachuun yeroo kee hamma-miif ture, utuu inni caccabee hin badin, atis immoo gara dhaba kee duraatti utuu hin deebi'in?

Wiixata Amajjii 22

Sagalicha Keessa

Kitaaba Qulqulluu biliyooni ja'a oltu addunya kana irra tamsaafame jira, akka sagalee Waaqa jiraataatti hammamtu dubbifame? Hammamtu dhugaa bira ga'uuf garaa banamaadhaan dubbise?

Kitaabi Qulqulluun yoo sirriitti qoratame kompaasi hafuuraa keenyaatti kallatti qajeelaa ta'e itti argisiisa.

Kunis immoo addunyaa sobaa fi waliin dha'amaa irra adeemuu nu dan-deessisa. Kitaabi Qulqulluun ragaa jiraataadha, maddi isaas Waaqayyo biraadha (Ibr. 4;12). Akkasumas gara dhugaa eessattuu argachuu hin daneenyetti nu geessa. Kitaabi Qulqulluun karaa Kiristoos guyya guyyaa ti, hubannoo keenya bal'issuun nu barsiisa, amaloota keenyas in calala.

Yoh. 5:39, 14:16 fi 20:31) dubbisi. Kitaabi Qulqulluun, addummaan Wangeelli, waa'ee gooftummaa fi aboo Yesus odeeffannoo baay'ee barbaachisa ta'e nuuf kenna. **Yohaannis keessatti kan argaman heertiwwan kun waa'ee Yesus maal jedhu? Inni nuu fi warra Isa amanan hundumaaf baay'ee barbaachiisaa dha?**

Nuy Kitaaba Qulqulluu kan qo'annuuf burqaa dhugaa isa xumuraa waan ta'eefi. Akkuma nuy beeknnu Yesus dhugaa dha, isa immoo Kitaaba Qulqulluu keesssti argine. sagalee Waaqayyoo, Kakuu Moofaa fi Kakuu Haaraa keessatti, Yesus eenyu aKka ta'e fi maal akka nuuf godhe in baranna. Sana booddee jaalala Isaan qabamna, lubbuu fi hafuura keenya harka Isaa isa barabaraan naga-qabeessa sanatti laattanna. Yesusiin hor-dofuu fi Isaaf abboomamuun, akkuma sagalee Isaa keessatti mul'ate, boojuu cubbuu fi biyya lafaa jalaa in bilisoomna.“Ilmichi yoo birmduu isin baase, egaa isin warra birmaduu baataniidha” (Yoh.8;36).

Roome8:5,6 dubbisi. As iirratti maal nu akeekachiisaa? Qorannaan sagalee Waaqayyoo qabsoo nuy yaada keenya irratti geggeessinu irratti akkamitti nugargaara?

Yoo of eggachuu dhaa baannee,jaalalli biyya lafaa, addumaan kan watoottaa Yesus iraa akkuma salphaatti nu deebisuu danda'u. Kanaaf mataa keenya sagale Isa keessatti eggachuu qabna. Kunis immoo gara jireenya barabaraa fi amantii dhugaa isai jireenya kiristaanaaf baay'ee barbaachisa ta'eiii nu fida.,

Jaalalli wantoota biyya lafaa yaada keenya gara amantiitti ol hin fiudhu, qooda isaa seerota Kitaaba Qulqulluu albaadhummamaa, ofitummaa, halalummaa dhaan bakka buusa. Jalalli akkuma Kitaaba Qulqulluu keessatti mul'ate, ofii keenya dabarsine warra kaaniif kennuu barsiisuudhaan hariiroo ijaara. Faallaatti, jaalalli biyya lafaa waanuma hundumaa gara ofii fudhachuti deema, kun Immo waan Yesus bakka bu'u hundaa in morma.

Kibxata Amajjii 23

Jirenyaa Kadhanna

“ Waaqayyoo Isa tokkicha, Isa dhugaa, Yesus Kiristoosin Isa at ergites beekuun isaanii jirenyaa bara baraati” (Yoh. 17;3). Kiristaanoonni yeroo tokko tokko amantiin keenya hidhata (hariiroo) nuy Waaqayyoon wajjin qabnuu dha yoo jedhan hin dinqisiisu. Yoo Waaqayyoon beekuun “ jirenyaa barabaraati “ ta’e, kanaaf hidhata Isaa keessaan immoo jireenyi in ar-gama. Dhuguma giddu-galii hariiroo kanaa immoo quunnamtii dha. Waaqayyoo i karaa sagalee Isaatii akka nutti dubba tu Kaleessa ilaallerra.. Nu immoo gama keenyaan kadhanaadhaan Isaan wajjin tokko taana.

Yoo yaada garaa keenyaa faallaa isa kan biyya lafaatti (isa waaqaa iraatti) ol fudhanne, kadhannaan baay’ee barbaachisaa dha. kadhannaan gara biyya waaqa nama ilaalchisa malee gara lafaa miti.

yeroo tokko tokkoo kadhannaan keenyaa ofittummaa, sassattumaa keenya kan ibsu akka hin taaneef of egachuu qabna. Kanaaf raawwatnee Waaqayyootti of kenninee kadhachuu qabna.

Waggoottan dura dubartiin tokko akkas jettee faarfatte, “Oh, yaa Gooftaa maarchedis – benz naaf hin bittuu?” kun karaa mata isee ture, nus yammuu kadhannu, kadhannaan keenya mataan isaa gochaa Waaqayyootti of kennuu fi biyya lafaatti du’uu, fedhii keenya dhiisinee, jaalala Waaqayyoo barbaaddachuu ta’uu qaba.

Ibir.11:1-6 dubbisi. Wantooti barbaachisoo ta’an kadhanna keenya hun-

dumaa keessatti kan hammatamuu qaban maal fa'i? amantiin gara
Waaqayyoo dhufuu fi amantiin kadhachuun Maal jechuudh?

Yoo kadhannaan keenya amantii waajjin wal hin qabatu ta'e Seexanni nu mormuudhaaf karaa argata. “ Kadhanna fi amantiin walitti dhiheenya tokkummaa qabu, lachuu isaanii wal faana qo'achuun barbaachisaadha. Kadhannaam amantii keessatti saayinsii waaqummaatu jira; saayinsii kana warra jireenyi isaanii akka milkaa'u godhetu hubata, “kanaaf isinittan hima! Waan kadhattan waan gaafattanis hundumaa akka waan fudhattaniiti lakkaa'aa amanaaisinniif ta'uufis jira!” (Marq. 11:24). Gaaffiin keenya akka jaalala Waaqayyootti ta'uu akka qabu ifa godheera. Wantoota Inni nu abdachiise irratti gafachuu qabna. Akkasumas waanuma Isa harka fudhannu hundaa jaalala Isaa mul'isuuf itti fayyadumuu qabna.” —Ellen G. White, *Prayer*, p. 57.

Mee jirenyaa kadhanna keetii ilaali,maaliif kadhatta? Isa kamtu akka dur-suu qabu, kadhannaan kee maal nutti himu? Wantooti biraa kan ati irratti kadhachuu barbaaddu maaltu jiraa?

Roobii Amajjii 24

Jirenyaa Ogummaa

Seenaalee babbareedoo Kitaaba Qulqulluu keessatti argaman keessaa tokko seenaa Solomoon keessatti kan argamu yoo ta'u, innis gaaffii inni Waaqayyoon “ firdii qjeelaa kennuudhaaf, Hamaa fi gaarii gargar baase akkan beekuuf yaada hubataa ana garbichakeetiif kenni! ” (1 Moot. 3:9) jedhee gaafate of keessatti qaba.

**Badiisa badhadhummaan isaa isatti fidu jalaa akka of eeggatuuf
Waaqayyo sagalee barbaachisaa akkamiin Solomonitti dubbate ture?**

**Wanti Waaqayyo Solomoonitti dubbate maaliif hunduma keenyaaf
barbaachisaa ta'ee? 1 Moot. 3:14; 1 Yoh. 5:3, Iphex4:17**

Solomoon ogummaa guddaa qaba ture, garuu ogummaa yoo ittiin hin hojennee fi itti jiraanne, ogummaan mataan isaa waa'ee kan hin baasnee fi oduu gaarii irra kan hin caalle ta'a. Sagalichi akka Kitaabni Qulqulluun jedhutti ogummaan ittiin hin hojjetamne, ogumma dhugaa miti. Baay'oni waa'ee Waaqayyoo odeeffannoo sirrii ta'e qaban badaniiru. Garuu, solomoon abboomamuun dhabuun isaa karaa isa Gooftaan itti isa waamee gad-lakkisiisee ture. Solomoon jirenya isaa gara booddee keessatti dhu-gumaan gara yaada naanneffachuutti dhufe. Gadi of deebisuudhaanis akkas jedhee barreesse, "Ogummaan ellaan diimaa irra in caalti, wanti ba'essi ati hawwitu hundinuus ishee dhaan hin qixxaatu" (Fak. 8:11).

Ogummaan beekumsaa fi hubanoo hojii irra oolchuudha. Beekumsi wantoota dhugaa, qabatamoo, ta'an bakka bu'a. hubannoont wantoota adda basuu bakka bu'a. Adeemsa hojii irra oolmaa hubannoo fi beekumsaa keessatti ogummaan in dhufa. Soortuu ogeessi beekumsaa fi hubannoo qofa isa hin barbaachisu, garu kan isa itti fayyadameekumsaa fi hubanno muuxanoo jirenya keessaa dhufu isa barbaachisu.

Fakkeenyummaan Solomoon namooti hagam iyyuu ogeeyyi fi beekotota yoo ta'an illee kennaa kanatti yoo itti hin jiraane duwwummaa jirenya wantoota biyya lafaatiin haxaawamanii badu akka isaan danda'an ar-gisiisa.

**1Qorontoos 3:19 fi Fakkeenyaa 24:13,14 wal maddii qabii ilaali.
Garaagarummaan gosa ogummaa lamaan gidduu jiru maali? Deebii
keessan Sanbata bartoota barnoota Sanbataaf hiraa.**

Kamisa Amajjii 25

Hafuura Qulqulluu

Wal'aansoo guddichi keessattigareen lamaanu lubbuu keenya irratti wal lolaa jiru. Inni tokko gara Kiristoostti nu harkisa (Yoh.6:44), Inni biraan immoo gara biyya lafaatti (1Yoh. 2:16). Yoo Isatti of kennie humni Hafuura Qulqulluu inni jirenya keenya keessaa gara kallattii sirrii ta'etti nu harkisa.

“ ‘Hafuurri dhugaa sun yammuu dhufu gara dhugaa hundumaa keessatti isin in geessa Inni waan dhaga’u dubbata malee of keessaa fuudhee hin dubbatu; waan dhufuuf jirus isinitti in mul’isa’ “ (Yoh.16:13 akkasuma Yoh. 14:16 ilaali). Hafuurri Qulqulluun dharra’uu fi miiraan isa biyya lafaa mancaasetti utuu hin taane akka qajeelfamaa fi amantiin jiraannuuf human nuuf kenna. waaqa irra jiraachuuf qophee nuy goonu kan milkaa’u danda’u yoo nuy biyya lafaa kana irraa geggeessaa Hafuura Qulqulluu jala amanamummaadhaan jiraanneedha.Phaawuloos yammuu gorsu, “Egaa amantiin kessan humna Waqayyoo irra malee ogumma namaa irra hin dhaabanne” (1Qor.2:5). Hawwattummaan biyya lafaa, karaa qabeenyaa wantootaa Gooftaa irraa nu deebisu. Yoo nuy garaa hin jabaannu ta’e, humnni Hafura Qulqulluu gara Yesusitti nu harkisa.

Lola biyya lafaa fi harkisa ishee wajjin geggeeffamu keessatti lolichi mo’ichaan kan xumuramu karaa nu alaati. Hisq. 36:26, 27; Yoh 14:26; and Efe. 3:16, 17 dubbisi. Yammuu Hafuura Qulqulluun akka jirenya keenya dhuunfatu hayyamnu, Waaqayyo immoo mo’icha hafuuraa keenya mirkaneessuudhaaf waan akkamii godhaa?

“Seexanni karaa tiyoorii sobaa fi aadaa humna isaa sammuu keenya irratti fe’aa. Gara safartuu sobaatti namota fiduudhaan amala hamaa akka isaan

qabaatan godha. Karaa barreffama qulqulla'aa Hafuurri Qulqulluun sammuu namootaatti dubbachuudhaan dhugaa garaa onnee isaaniitti galcha.Sana booda dogoggora saaxila, dogoggorichi akka garaa keessaa ba'u in godha. Karaa hafuuraa dhugaa, isa sagalee Waaqayyoo keessaan hojjetu Kiristoos saba Isaa warra filatamoo of isaa jala galcha.” —Ellen G. White, *The Desire of Ages*, p. 671.

Hafuurri Qulqulluun gabaasaa dhugaati.Erga Kiristoos ol ba'e lafa irratti kan Waaqayyoon bakka bu'u, kennaan xumuraa kan Yesus kennuu danda'u Hafuura Qulqullu ture.Akka nuy humnaa fi bareedina biyya lafa irratti mo'icha argannuuf Hafuurri Qulqulluun human nuuf kennuudhaaf dhama'a.

Biyyi lafaa gara isheetti hunduma keenya harkisti, mitii ree? Ammuma, Hafuura Qulqulluu jala of galchuuf kan si gargaaru filannooakkamii qabdaa? Akka ati qorumsa biyya lafaan mormituuf eenuqofatu humna siif kenna?

Jimaataa Amajjii 26

Barumsa Dabalataa:- Soortummaan qajeelfamoota lakkuu **hojii fi jaalala** irraa ka'uun hojjeta. “hojiin obboleettii lakkuu, jaalalaa akka taate yaadadhu, Isaan kun tokko ta'uun hojii hundumaa hojjetu, gargar ba'anii isaan keessaa tokko iyyuu waan garii ta'e hin hojjetu.” — Ellen G. White, *Testimonies for the Church*, vol. 4, p. 62. Hojiin jaalalla gochaan mul'atu jechuudha. Jaalalli akka hojii keenya dammaqsuuf aarsaa Kiristoos irratti hundaa'uu qabna.

Faallaa kanaatiin immoo qajeelfamni biyya lafaa jibbi lakkuu fincilaa ta'uu isaati. Fincilli hojii jibbaati.Luusfeer Waaqayyoo irratti fincile (Hisq. 28:16,17), hamma barbadeeffamutti gochaa isaa kana hin dhiisu. Inni taayitaa jaalala gara jaalala taayitaatti garagalche.

Dura bu'oottii amantii Israa'el taayitaa fi aboo Yesus qaba ture in jibban (Mat.22:29). Yeroo mana qulqullummaa keessaa ari'aman illee karaa isaanii hin jijjiiranne.

Gaaffiilee mare:-

- ❶** Yaada jaalalaa fi hojjii jedhu irraatti dabalatan mari'adhaa.
Elan Waayit maaliif lakkuu jettee moggaastee? Akkas jette, inni tokko isa tokko malee 'homaaiyyuu gochuu hin danda'ani. Hojiin jaalala malee maal fakkaataa? Akkasuma jaalallis hojii malee maal fakkaataa? Maaliif wal faana ta'uun isaanii dirqama ta'ee?
- ❷** Heertuun yaadannoo turban kanaa akkasitti dubbifama:
“Guyyaa dheekkamsaa sanatti soorumni homaa waa'ee hin baasu, qajeelummaan garu du'a nama oolcha.....Namni sooruma isaa amanatu in kufa, namni qajeelaan garuu, akka muka jiidhaatti in lalisa (*Fak. 11:4, 28*).Hiikaan heertuwwan kanaa maali? Waa'ee soormaa maal jedhee? Maalis hin jedhnee?
- ❸** Daree keessatti waa'ee jirenya Soloomoon mari'adhaa. Akka-mitti karaa irraa maqee deemuu danda'ee? Wal gaafadhaa. Macaafa Lallabaa heertuu duwwummaa fi waa'ee kan hin baasne ta'uu sooruma biyya lafaa mul'isan barbaadi, akkasuma aka Soloomoon yammuu qabaannu,Waa'ee kadhannaa turban kana maal barane? Waa'ee qoranaa Macaafa Qul-qulluu fi waa'ee hariroo Kiristoos waliin qabannuu karaa hafuuraa irratti isa nu tiksuummaa?
- ❹** Namooti badaadhummaa biyya bay'inaan hin qabnee akka-mitti amma iyyuu kiyyoo seexanni isaaniif kiyyeesseen qab-maa jiru?
- ❺** Gaaffii xumuraa Roobii jalatti gaafatame waa'ee ogummaa adda addaa deebiin ati qabattee dhiyatte maalii?

Soortota Eden Boodaa

Sanbata Waaree Booda

Qo'annoo turban kanaaf kana dubbisi: *Isa. 22:14–18; 1 Qor. 4:1, 12 2; Qol. 2:2, 3; Efe. 6:13–17; 2 Qor. 5:10.*

Yaadannoo:
Heertuu:

“Akka Isa Waaqayyoo qoree nu ilaalee, wangeela hadaraa nutti kennetti in dubbanna; namoota utuu hin ta'in, Waaqayyoon Isa garaa keenya qoree ilaalu gammachiisuudhaaf in dhammaana” (*1 Tas. 2:4*).

Hojiin Addaamii fi Hewaan inni jalqabaa soortummaa ture. Yoo waan hunda kana keessaa kan mataa isaanii kan ta'e homaa hin qabaan illee ta'e, iddoon dhaaba Edenii fi uumamni achi keessa jiru hundinuu akka kunuunsaniif, akka itti gammadanii fi bulchaniifis isaanitti kennamani turan (Uum.2:15) Isaan soortota waan Gooftaan isaanitti kennee ti.

Torban kana itti dhiheenyaan caalaatti ibsa soortuu ilaalla, garuu kufaatii booddee, erga maatiin keenya jalqabaa Eden keessaa bafamanii booddee. Kana jechuun nus soortota, garuu naannoo isa kan Addaamii fi Hewaan itti gammadaa turan irraa baay'ee adda kan ta'e keessattii.

Soortummaan maali? Macaafni Qulqulluu tokko tkkoo soortuu akkaata jireenyyatiin ibsanii mul'isaniiru. Macaafonni Qulqulluun nka biroon immoo kana caalaatti ibsu.Yeroo soortuu Waaqayyoo taanu, xiyyeef-fannaan keenyaa biyya lafaa fi badhaadhummaa ishee irraa ka'ee gara Uumaa fi ergama Isaatti xiyyeeffachuutti geeddarama. Akkuma Addaamii fi Hewan, nuyis itti gaafatamummaa Waaqayyoo biraa dhufe qabna. Kufaati Eden keessaa jalqabee hojiin soortummaa ni jijiirame, sababiin isaa itti gaafatamummaa kunuunsa badhaadhummaa biyya lafaafis hojjechaa, akkasumas dhugaa hafuuraafis soortuu gaarii taane akka hoojen-nu Waaqayyo nutti kenneera.

Jalqaba Torbanii Amajjii 28

Soortota Kakuu Moofaa keessatti

Jechi "soortuu" jedhu Kitaaba Kakuu Moofaa keessatti iddo muraasatti hiikamee jira. Irra caalaa hiikaan jecha kanaa nama "mana bulchu" kun itti gaafatamummaan nama mana geggeessuuf aboon kennameef akka jechuuti, innis soortuu dha.(Uum. 43:19; 44:1, 4; 1 Moot. 16:9). Soortonni qabenyaan gooftaa isaanii geggeessuuf bakka bu'umsaan adaraan kan itti kennamee dha. Akka hoijetaniif waan gooftaan isaanii gaafate hundaa in raawwatu, Ibsi soortuu Kakuu Moofaa keessatti amaloota soortuu ibsuun argama. Soortonni soortumma irraa adda hin ba'an eenyummaa isaanii wan mul'isuuf.

Kakuu moofaa keessatti amalootni soortuuifa ta'eera.Tokkoffaa, aboon soortuu amanamaa itti gaafatamummaa guddaa keessaa isa tokko (Uum.39:4). Soortonni sababa dandeettii isaanii filatamu, hojii isaanitti kennamee waan raawwatanifi, gooftaa isaanii biraa ulfinaa fi amanummaa argatu. Lammaffa, Soortonni galfati (hadaraan) isaanitti kennamee kan gooftaa isaanii ta'u beeku.Kun garaagarummaa guddaa soortuu fi abbummaa (abbaa qabeenyaa) gidduu jiruudha. Soortonni ga'ee hojii isaanii beeku. Sadaffaa, Yammuu soortonni , hadaraa isaanitti kennamee keessaa fudhatan ofii isaaniiitti fayyadaman hariiroon wal amantummaa

isaanii fi abbaa qabeenyaa gidduu ture cabera, soortotis gadi baafamanii ari'aman. (*Uum. 3:23, Hos. 5 6:7*).

Isa. 22:14-18 dubbisi. Bara mootummaa Hisqiyas, Shebnaan hoji-adeemsituu mana mootummaa fi abbaa dinagdee ta'ee muudame, lachuun isaaniif iyyuu aboo taayitaa gurguddaa dha. Akka malee taaytaa isaatti waan fayyadameef maaltu isa irra ga'ee?

“Adeemsistuun hojii gooftaa isaa fakkaata. Ittigaafatumummaa hojii geggeessuu in fudhata, gooftaa isaa bakka bu'uun akka waan gooftaan isaa hojjetutti hojjeta. Uttuu beekuu qabeenyaa gooftaa isa yoo bu'aa mataa isAAF oolfate, aboo isatti kennname jijjiireera jechhuudha”-- Ellen G. White, *Testimonies for the Church*, vol. 9, p. 246.

Nuyi dhuguma eegduu qabeenyaa keenyaa bara knaa ti, yaada jedhu akka-mitti caalaatti hubanaa? Kana beekuun keenya immoo hojii hojjennu hudumaa irratti dhiibbaa akkamii fidaa?

Wiixata Amajjii 29

Soortota Kakuu Haaraa Keessatti

Kakuu Haaraa keessatti Jechi “soortuu” jedhu bu'uura jechoota lamaa irraa dhufe. Isaanis: *epitropos* si'a sadii, oikonomos, si'a kudhan Macaafa Qulqulluu keessatti tuqamaniiru. Jechooti lamaan kun waa'ee aboo bakka bu'umsaa ibsu. Innis itti gaafatumummaa bulchiinsaa fi geggeessummaa of keessatti hammata. Aboo kana immoo isa abbummaa qabutu kenna.

Kakuu Haaraa fi Kakuu Moofaa keessatti soortoti hojii isaaniitiin ibsamu. Kakuu Haaraan addumaan soortuu itti gaafatumummaa fi (Luq.12:48) waan isaan irraa eegamu (1 Qor. 4:2) wajjin wal qabsiisee ibsa. Kakuu

Moofaan soortuu kallattii dhaan ibsuu caalaa waa'ee abbaa qabenymmaa Waaqayyoo nutti dubbata. Qabiyyeen ibsa soortuu kakuu lachuu keessatti wal fakkina qabu. Garuu Kakuu Haaraan yaadicha bal'isee aboon soortuu mana bulchuu ol akka ta'e ibsa.

Yesus fakkeenya soortuu hin amanamnee (Luq.16;1-15) sanaan wal qabiisee ibsa soortuu ifa godheera. Kutaan kun waa'ee miliqee hojii adeemsistuu horii balleesse irra caala .Inni miliqee hojii adeemsistuu badii hafuuraa geesisees ni ilaalata. Hojjetaa (Soortuu)ogeessi isa ammaa irra iyyuu darbee dee bi'ee dhufuu Yesus isa fuula duraatiif qophee godha. (Mat.25:21).

1 Qorontos 4:1, 2; Tit. 1:7; and 1 Phe 4:10. Dubisi. Waa'ee soortuu fi soortummaa maal nutti hima?

“ Dandeettii fi humni Waaqayyo anatti kenne damaquu akka danda'utti ani onnee koo Hafuura Qulqulluuf banuun qaba ?, wanti hundinuu akka socho'utti kan Waaqayyo hadaraa natti kenne? Ani tajaajilaa Isaatti kani-in qacarame qabenya Kiristoosi. Ani soortuu ayyana Isaati” —Ellen G. White, 15 *Fundamentals of Christian Education*, p. 301.

Luqaas 12:35-48keessatti Yesusi “soortuu” fakkeenyaan ibsa. Waa'ee hojjetaa amanamaa, isa qophaa'ee dhufaatii Ilma namaa eeggatuu fi hojjetaa amnاما hin taanee, isa sababa deebi'ee dhufuu gooftaa isaa tureef hojii dhiisee dubbate. Soortuun hin amanamne sun gara-jabeessaa fi namoota naannoo isaa jiranitti hamaa ta'a. Kana booddee fakkeenymmaa hojjetaa gaarii fi hojjetaa ayyaanaa hin ta'u.

Yammuu Kiristoosiin fudhanne, nuy soortota(hojjetoota), qabeenya Waaqayyoo eegnuuf waamammedha. Wanti baay'ee barbaachisaan, dhugaa hafuura jirenya kiristaanaa mootummaa waqaaf qopheessuu fi geggeessuun hojii soortuu isa guddaa dha.

Luqaas 12:45 dubbisi. Maaliif nuy, akka Adiventistoota Guyyaa Torbaffaatti, yaada isa deebi'ee dhufuun Gooftaa in ture jedhuun wajjin qabsaa'aa kan jirru, gowwomsaa kanatti akka hin kufneef akkamitti irraa of eegganna?

Kibxata Amajjii 30

Soortota Dhoksaa Waaqayyoo

Qol.2:2,3 fi 1 Xim. 3:16 dubbisi. Heertuuwan kun akka “dhoksaatti,” maal qabatee? waa’ee daangeffamuu hamma beekuu dandeenyuu fi dhugaa “dhoksaa” kanaa maal nutti himuu?

Zofaar Naa’imaatichi Iyyoobiin akkas jedhe, “ ‘Gad fageenya dhoksaa Waaqayyoo qortee bira ga’uu dandeessaa ree?’ ” (Iyyoob 11:7). Jechi

“dhoksaa” jedhu hibboo, hubachuuf rakkisaa kan ta’e, kan hin beekamne,kan hin ibsamne,salpaaatti kan hin hubatamne, iccitaawaa jechuudha. Yoo guutummaatti hubachuun isaa dandeettii keenyaa ol ta’e iyyuu,dhoksaan Waaqayyoo barreeffama qulqullaa’aa keessatti galmaa’anii jiru. Kanaafii, kan isaan dhoksaa jedhamaniif. Kun nama fagootti arguu hin dandeenyeye wajjin wal fakkata. Kun immoo rakkoo hunda keenyaa ti. Namichi fagootti arguu hin dandeehye gara waqaqa yammuu ol ilaalu, akka waan xinnoo argu abdatee ti.. yoo Waaqayyoo nutti mul’ise malee Waan fagoo arguu hin dandeenyu.

Keessaa Deebii 29:29 waa’ee waan nuttii mul’ifamee maal jedhaa?

Nuyi wantoota guutummaatti beekuu hin dandeenyee eegna. Nuti kan beeknu hamma nutti mul’ifamee fi barreeffam qulqullaa’aan nutti mul’ise qofaa dha. Soortummaan keenya inni guddaan ‘Namoonni akka hojjetoota Kiristoositti akka warra hojii dhoksaa Waaqayyoo adeemsisuun itti kennametti nu lakkaa’uun in ta’a (1 Qor.4:1), AKka hojjetoota Isaatti dhugaa Waaqayyoo nutti mul’isse tiksuum,tursuuf, barsiisuuuf, eeguuf Waaqayyo

nu barbaada. Akkamitti beekna kun hojji soortummaa isa xumuraa ta'uu? Kana jechuun, “Yaada garaa qullaa'aadhaan dhoksaam aamantiitti qabamanii jiraachuun isaaniif in ta'a” (1 Ximo. 3:9).

Dhoksaam hunda keessaa inni guddaan hundi keenya Kiristoosiin abdiil ulfinaa sana shaakaluudha. Karoorri fayyinaa waan human uumamaan oli-ti, kun nuuf guutummaatti hin hubatamu. Uumaa waan hundaa (Yoh.1:1-3) gara lafaatti gad bu'ee, “foonniin mul'ate” (Ellen G. White, *Manuscript Releases*, vol. 6, p. 112), cubbuu ilmaan namootaaf ofii Isaa dabarsee aarsaa godhee of kenne. Kun iccitii tarii uumamni kam iyyuu guutummaatti hubachuu hin dandeenyee dha. Ergamoonni iyyuu dhoksaam Yesus gara biyya lafaa dhufuu beekuuf qo'atu. (1Phe.1:12). Haa ta'u malee, wanti ergamooti godhan kun hundumti keenya ulfinaa fi gaarummaa Waaqayyoof akka galata galchinu nu taasisu.

Hojjetaa wangeelaa akka taatuuf waamamte. Kana jechuun itti gaafatamummaa akkamii qabda jechuu dhaa?

Roobii Amajjii 31

Soortoota Dhugaa Hafuura (stewards of spiriyual Truth)

Yammuu waa'ee soortummaa yaadnu, waa'ee waan qabatamaa fi srrii ta'ee ti. Garuu akkuma amma arginetti, soortumman sanaa oli. Akkuma qabeenyaa qabatamoo, kennaan hin qabatamnes Waaqayyo biraahufa. Wantooti hin qabatamne kun amala kiristaanaa akka horannuu fi Isa keessa ta'uu akka dandeenyuuf kan nu gargaaran qabeenyaa hafuuraa Waaqayyo nuuf kennuudha (1 Phe.4:10). Kanaaf, warra hin qabatamne warra qabataman caalchisnee eeguutu nuuf ta'a, sababiin isaa isaan kan bara baraa waan ta'aniif.

Efe. 6:13-17 dubbisi. Akka kunuunsinuuf Waqayyo maal nutti kenne? Waan Inni nutti kenne sirriitti geggeessuun baay'ee maaliif nu

barbaachisaa?

“Kennaan Waaqayyoo inni karaa Kiristoos Yesus gooftaa keenyaa wajjin tola kennamu garuu,jirenya bara baraa ti.” (Rom.6:23) Biyyi lafaa fi wantooti isheen nuuf laattu, furmuu isa karaa Kiristoos arganne nuuf laachuu hin dandeessu. Furamuun, kennaan Waaqayyo nuuf kenneedha inni immoo qabenya keenya isa gati jabeessa. Dhugaa furamuu keenya of fuula dura kaa’uun wantoota biraa Waaqayyo nutti kenu geggeessuufis nu gargaara.

“Ifa Qaraniyoo irraa ifuun barsiisi uumamaa sirriitti dubbifama. Karaa seenaa Beteliheemii fi fannoo hammina mo’achuun ammam gaarii akka ta’e fi eebbi nuuf dhufe hundumtuu kennaan furamuukeenyaa akka ta’e ha mul’atu.” (Ellen G. White, *Education*,p.101)

Furamuun kan nuuf ta’e sababa Kiristoos gatii isa xumuraa baaseef qofa. Phaawuloos sirriitti ibsa, “Kiristoos dhiiga Isaa nuuf dhangalaassuu isaatiin furamuu, dhiifama cubbuus qabna (Efe.1:7). Jechi “qabna” jedhu furamuu qabaachuu Kenya argisiisa. Inni kan Kan keenya garu sababiin isaa Waaqayyo waan nuuf kenneef qofaadha. Kennaan kana diinni dhufee akka nu harkaa hin fudhanneef” mi’a lolaa isa kan Waaqayyoo guutumaatti hidhachuun barbaachisaadha.(Efe.6:11). Sagalee Waaqayyo nutti mul’iseef abboomamuu diduudhaan yoo karaa laatneef qofa kana gochuu danda’a. (Efe.6:17). Of eeggannaan keenya inni guddaan ifa isa nuuf kenname sana amantiidhaan abboomamuudhan.,

Ammas Efesoon 6:13-17 dubbisi. Mi’ a lolaa isa kan Waaqayyoo akka-mitti hidhanna? Waan hundumaa mi’ a lolaa sana waliin nuttii ken-name akka eegduutti akkamitti eegnaa?

Akka soortuutti Itti Gaafatatumummaa Keenya

Soortonni ogeeyyiin qajeelfamoota fudhatanii hojii irra oolchuudhaaf itti gaafatatumummaa dhuunfaa fudhachuuf fedha qabaniin ibsamu. Itti gaafatatumumaan dhuunfaa filmaataa nuy filannuu fi murtoo nuy fudhanuu dha. Kun hariiroo ka'umsaa fi ga'umsa gidduu jiruu hubata. Itti gaafatatumummaa dhuunfaa fudhachuuf fedhauun qabxii furtuu soortuu ibsuudha, sababni isaa Soortuuni abbaa qabeenyatiif jaalala onnee guutuu qabaachuudha waan ta'ef. Fedhiinakkanaa kun filmaata barbaada-maa hariiroo soortuu fi Waaqayyo giddu jiru kan ibsuu dha.

“Waaqayoo namoonnii Isaan wajjin akka hariiroo kallattii qabaatan barbaada. Dhama’iimsa nama waliin dhama’e keessatti Waaqayyo itti gaafata-mumma dhuunfaatiif beekamtii keenna. Inni miira hirkattummaa (dependence) dhuunfaa jajjabeessu fi barbaachisummaa qajeelfama dhuunfaa garaa namoota keessa akka bulu fedha. Kennaan Isaa akka dhuunfaatti namootaaf kennama. Namni kamuu soortuu (eegduu) hadaraa qulqulluu taasifameera, Tokkoon tokkoon namaa itti gaafatatumummaa hadaraa itti kennamee kallattii abbaan qabeenyaa argisisuun hojji irra oolchuu qaba. Tokkoon tokkoon namaa tajaajila soortummaa Waaqayyoof kennuu qaba.”—Ellen G. White, *Testimonies for the Church*, vol. 7, p. 176.

Yeroo soortota taanu itti gaafatatumummaa keenya nama dhuunfaa fi dhaabbata biraaf hin dabarsinu . Itti gaafatatumumaan dhuunfaa keenyaa Waaqayoof, akkasuma hirmaanna hawaasummaa naannoo keenyaa kees-satti calaqqisuu qaba (Uum.39:9; Dan.3:16S ilaali). Hojiwwan nutti kennaman hamma dandeetti keenyaa gaarii goonee in hojjenna. Faara Waaqayyoof argachuun Kenya amntii fi qulqullummaa keenya iratti hun-daa'a malee beekumsaa fi jabina keenya miti.

2 Qor.5:10 dubbisi. Sagaleewan kun waa'e soortota ogeeyyi maal

nu hubachiisa?

Hayyooti tiyooloojii fi falaasamaa jaarrootaaf waa'ee cimina gaaffii fedhii bilisaa fi filannoo bilisaa irratti wal falmaa turaniiru. Kana malee yaadi hojii keenyaan nutti faradama jedhu homaa miti. Adduma addaan gahee hojii qabna, ayyaana Waaqayyoona, waan hojjennu hundumaatti akka filannoo qajeelaa filachuuuf murteeffachuuuti, kun immoo qabeenyaa Gooftaa keenya eeguu dhaaf soortuu amanamaa ta'uun keenya hammata.

Jimaata Guraandhala 2

Yaada Dabalataa:- Jechi akka "soortuutti" hiiikame jecha tokko irraa miti, gaalee *asher al bayt*, irraa dhufe, hiikaan isaa hojigeggeessituu manichaa jechuu dha. Fakkeenyaaf, Uumama 43: 19 akkasitti hiiikame, "gara namicha hojji mana Yooseef adeemsisu sanatti dhi'atanii balbala manchaa duratti isaan wajjin dubbatan." Yoo namni tokko maatiin mana sana keessa jiraatu akka qaama mana sanaatti fudhate, nammaaf mana caalaa kan gatii qabu maaltu jiraa? Kanaaf hoji-adeemsistuu hadaraa gattii guddaa qabu kan itti kennname, matumaa hadaraan isatti kennname kan isaa miti. Sanatu itti gaafatamummaa soortuu baay'ee ulfaataa taasisa.

Yaadi wal fakkaatu kun bara Kakuu Haaraas itti fufeera. Kakuu Haaraa yaada Kakuu Moofaa fuudhe isa bara jaarraa jalqabaan wal simsiisee barsiisa Kitaabi Qulqulluun soortummaa irratti kennu gabbiseera. Jechooti Giriik jechi soortummaa waliin hariiroo qabu jechoota kana irraa dhufe. Jechooti sunis: *oikos fi oikia* 'house'. *Oikonomos* jechuun nama mana eegu jechuu dha, geggeessu, yookaan soortuu yoo ta'u, oikonomia kan jedhu hiikaa ifa ta'e hin qabu, garuu akka 'bulchiinsa manaati' jechuu dha. Hiikaan isaa baay'ee bal'aadha."—*Handbook of Seventh-day Adventist Theology* (Hagerstown, Md.: Review and Herald Publishing

Association, 2000), p. 653.

Gaaffiilee Maree:-

- 1** Addaam ija muka dhorkamee yammuu nyaate, qooda badii raawwateef itti gaaftamummaa fudhachuu, gaaffii gaafatame Waaqayyoof maal deebisee? (Uum.3:12). Akkam dinqisiissaa dha namni jalqabaa cubbuu hojjeteen fedha badii ofii nama biraatti dabarsuun yammuu shaakalu? Itti gaafatamummaa balleessaa hojjetee fadhabchuuf fedhii qabaachuu isaaf deebiin maal jedhe? Nus badii keenya fudhabchuuf fedhiin tuy qabnu maal fakkaataa? Ofii balleessine abalutu balleesse jechuu dhiisuu akkamitti shaakallaa?
- 2** Daree kessatti, yaada soortota wantoota hin qabatamne garuu kan hafuuraa ta'an irratti bal'inaan mari'adhaa. Sana jechuun maal jechuu dhaa? Wantoota kana akkamitti geggeessinaa?
- 3** Waa'ee ergaa ergamoota sadanii (Mul.14:6-12) yaadi.Dhugaa barbaachisoo akkamitu achi keessa jiraa, gahee hojii soortummaa keenyaa kan ibsu?
- 4** Wantota hafuuraa, guutummaan hubachuun isaa kan hin danda'amnetti amantii qabaachuu fi amanuu barachuun maaliif nuuf baay'ee barbaachisaa ta'e?

Mallattoolee Soortuu

Sanbata Waaree booda

Qo'annoo Torban kanaaf kana dubbisi: *Ibr. 11:8–12; Rom. 4:13, 12 18–21; Mat. 6:24; Ibr. 9.:14; 1 John 5:2, 3; Luq. 13 16:10–12.*

Yaadanno:
Heertuu:

“Namoonni akka hojjetota Kiristoositti, akka warraa hojii dhoksaa Waaqayyoo adeemsisuun itt kennameettii, nu lakkaa'uunin ta'a. Warra hojii adeemsisan irraa immoo amanamummaatu barbaadama” (*1 Qor. 4:1-2*).

Soortoonttu asxaa isaaniin beekamu yookaan mallattoo addaan beekamu. Dhuguma iyyuu, namooti hedduun, asxaan isaanii akka gabaa isaaniif harkisutti garagalfachuun beekamoo ta'aniiroo. Asxaa fi mallattoon soortuummaa kiristiyanaa tokkoo karaa hariiroo Isa waliin qabanii jaalala Kiristoosiin calaqqisisuu qaba. Akka amala Kiristoositti yammuu jiraannuu fi shaakalau, jireenyi Kenya asxaa keenya mul'isa. Asxaa keenya kan Kiristoos, eenyyumman keenyas kan isaa wajjin wal fudhata (1 qor. 6:17).

Torban kana amaloota soortota Waaqayyoo isa maqaa asxaa isaaniif ken-nisiisu ilaalla. Amalootin kun deebi'ee dhufuu Yesusiin eegachaa hojii

isaanitti kenname amanamummaa dhaan akka hojjetaniif isaan kakaasa. Amaloonni kun hundinuu isa warra bade barbaaduu fi fayyisuufis dhufe sana wajjin hariiroo gad-fagoo nuyi qabnu ibsa. Yeroo caalaatti amaloota kana baranuu caalaatti jirenya keenya keessatti hidda gadi fageeffachhaa deema. Amalli jaalala Waaqayyoo asxaa ke enya nuuf ta'uudhaan har'as ta'e amma barabaraatti kallatti kamiinuu jirenya keenya irratti dhiibbaa geggeessa.

Jalqaba Torbanii *Guraandhala 4*

Amanamummaa

“Warra hojji adeemsisan irraa immoo amanamummaatu barbaada-ma” (1 Qor.4:2). Soortuu amanamaan “ Wal'aansoo amantii isa gaarii sana ” (1 xim. 6:12) lolee mo'achuun baay'ee barbaachisaadha. Amanamummaan Waaqayyo maal akka ta'e kan ibsuu fi karaa human isaa isa nu keessaan hojjetuu nu maal ta'uu akka qabnu kan argisiisudha. Amanamaa ta'uu waan sirrii ta'uu isa beeknu tokkoof, , addumaan lola hafuuraa isa o'aa sana keessatti dhugumma atti dhaabatanii turuudha.

Dhugaa fi soba, gaarii fi hamaa, gidduutti lolli hafuuraa dhuguma in dhu-fa. Isaan qaama lola amantii ti. Haala akam iyyuu keessatti mallattoon soortuu amanamummaa filachuudha. Yoo badhaadhummaa jaallatte, balaa horiin fidus isa Inni sitti himees yaadachuudhaan Waaqayyoof amanamtee dhaabachuu kee mirkaneeffadhu. Yoo kabajamuu barbaadda ta'e, waan sagaleen Waaqayyoo waa'ee gadi of deebisuu jedhuuf amanamaa ta'i dhaabadhu. Yoo halalummaawajjin wal'ansoo wal qabaa jirta ta'e, abdi qulla'ummaatif amanamii dhaabadhu. Yoo aboo(aangoo) barbaadda ta'e, isa Waaqayyo waa'ee nama hundumaaf garba ta'uu dubbateef amanamaa ta'I dhaabadhu. Filannoona amamanamaa ta'uu fi amanamummaa dhabuu yeroo sakoondii hin guutne keessatti ta'a, garuu firiin isaa kan barabaraati.

Ibroota 11:8-12, 17-19 fi Roome 4:13, 18-21 dubbisi. Waa'ee amanamaa ta'uu heertuuwwan kun maal nu barsiisuu?

Afaan Ibrootaatiin “amanamaa” jechuun amanuu jechuu dha. Hidduma jecha Ibrootaa wal fakkaatu irraa jichi “amen” jedhu argame, Kana jechuun dhugaadhumatti wanta jajjabaa(solid) yookaan cimaa(firm) jechuu dha. Amanamummaa jechuun qoramneerra, yaaliinis nu irratt ta’era , haa ta’u malee karoora Waaqayyoof amanamnee dhaabanneerra jechuu dha.

Fuula mootii duratti dubbachuuf qophaa’aa kan ture, haareessaa (reformer) Maartiin Lutar, “sagalee Waaqayyoo dubbise ,gara barreef-fama isaas ilaalee, , haala ittiin deebii kennus mijeefate,...gara barreef-fama qulqulla'aatti siqee.... Miiraan guutamee harka bitaa Macaafa Qul-qulluu irra kaa’e, harka isaa miegaa immoo gara waaqaatti ol qabee, wangeelaaf amanamaa ta’uuf kakate, dhuga-ba’umsa isaa hamma dhiigaan chaappessuutti illee yoo ta’e amantii isaatiif dhugaa ba’uu murteefate.” — J. H. Merle d’Aubigné, *History of the Reformation* (New York: The American Tract Society, 1846), vol. 2, book 7, p. 260.

Mul’ata 2:10 dubbisi. ”Hamma du’aatti amanami” dhaabadhu kan jedhu nuuf ergaa maalii dabarsa adeemsa keenya guyyuma guyyaan Gooftaa waliin deemnu keessatti?

Wiixata Guraan dhala

Garbicha Amanamaa

“ ‘eenyu illee gooftolii lamaaf hojjechuu hin danda’u, isa tokko jibbee isa kaan jaallachuu, tuffachuu dha malee isinis akkasuma Waaqayyoo fi horiidhaaf hojjechuu hin dandeessan’ ” (mat.6:24). Heertuun kun waa’ee barbaachisummaa Waaqayyoof garba amanama ta’uu maal nu barsiisaa?

Maqaan Waaqayoo “Hinaaffaa” (Ba’u. 34:14) beekuun waamicha amanummaati. Waaqa Hinaaffaaf amanamaa ta’uun amanamummaa jaalala ti. Lola amantii keessatti amanamummaan eenyummaa keenya ibsa, akka lolicha keessa turruufis nu jajjabeessa. Amanamummaan keenya Waaqayyoof barbaachisaa dha (1 Mot. 8:61).

1 Seena Bara 28:9 dubbisi. Heertuun kun waa’ee barbaachisummaa amanamummaa maal nu barsiisuu?

Haa ta’u malee bakka amanamummaan jiru, ganuunis jiraachuu mala. Amanamuun akkuma jaalalaatola kennamuu qaba, yoo kanaa achii amanamummaa dhugaa miti. Yeroo tokko tokko lola keessatti loltoonni sararaa duraa irra jiran achuma turanii akka lolan dirqisiifamu, yoo didan ajajoonni isaanii isaanitti dhukaasu. Jarri kun dirqama isaani in ba’u ta’a, garuu amanamummaa irraa kan burqe miti. Sun gosa amnatummaa Waaqayyo nu gaafatuu miti.

Iyyoobiin ilaali. Badiisi maatii isaa, qabeenyaa isaa, fayyaa isaa ballessu akka isaa irra ga’u Iyyoob hin yaadne. Amanamummaa, jaalala, of kennuu, isaa hunda dhiisuu danda’ a ture, garuu Waaqayyoof amanummaan isaa filannoo hin raafamne ture. Waaqayyoon ifatti jajachuuf amnاما fi kan hin sodaanne ture. Asi irratti jechoota beekamoon dubbii tokko dubbate, “Waaqayyo yoo na ajjeese iyyuu, ani isuman abdadha; dhugaa koos isuma durattan falmadha (Iyyoob 13:15). Yeroo badiisa keessatti dhaabchuun isaa amanamummaa isaa irraa burqa, kun immoo soortuu amanamaa haala baay’ee gaarii ta’een mul’isa.

**Mee of gaafadhu: Gooftaa Isa anaaf du’eef hammamin amanamaa?
Karaa kam fa’iin caalaatti amanamummaa argisiisaa?**

Kibxata Guraandhala 6

Qulqullina Yaada Garaa

Wantoota baay'ee gaarii ta'an qabaachuu dandenya:Isaanis fayyaa, jaalla, michoota,maatii guddaa—isaan kun hundinuu ebba. Tarii, garuu, wanti baay'ee barbaachisaa isaan kanaa olii qulqullina yaada garaati.

Ibroota 10:19-22 fi 1 xim.4:1,2 dubbisi. “Garaa hamminaa” fi “yaada sibiilla o’aadhaan gubame” qabaachuu jechuun maaljechuudha?

Yaadni garaa keenya keessaa jirenya bakkee keenya to’achuun hojjeta. Yaadi garaa keenya safartuu ol’aanaa fi mudaa hin qabnetti(seera Waaqayyoo) hidhachuu barbaada. Waaqayyoo Seera Isaa garaa Addaam keessatti barreesse, garru, cubbuun guutummaatti haguuge, Addaam qofa keessatti miti,dhaloota isa booda dhufan mara keessaa. Caccabaa Seerichaa qofatu hafe. ‘Isaan hojji seerichi abboomu garaa isaanii keessatti akka cafame jiru in argisiisu. Wanti seerri isaan irra barbaadu yaada garaa isaanii keessatti caafamee akka jiru ormoonni in mul’isu (Roome 2:15). Bakka Addaam kufetti Yesus in mo’e, sababiin isaa Seerri Waaqayyoo garaa Isaa kee ssatti barreeffameera (far.40:8).

Phaawuloos kan jedhu hammina yaada garaaf furmaata tokkichi nuyi qabnu maali? Ibroota 9:14 ilaali.

Sariitiin man’ee kan itti xaxxe saanduqi garaa keenya in seenama. Ifni qajeelummaa ittisa malee akka karaa argatuuf foddaan hafuuraa keenya waan gara waaqqaatti , bal’ate banamuu qaba, waan biyya lafaatti garuu cufamuu qaba ... Hamaa fi gaarii akka adda baasutti Sammmuun keenya

kan qulqulla'e ta'uu qaba. —Ellen G. White, *Mind, Character, and Personality*, vol. 1, pp. 327, 328. Yammuu Seerri Waaqayyoo garaa amantoota keessatti caafamu (Ibr. 8:10), amantoonnis amantiidhaan Seericha duukaa in bu'u, garaa qulqulluun immoo bu'aa kanaati.

Yaada garaa yakki itti dhaga'amuu wajjin wallaansoo qabdee beekta yoo ta'e, kun hammam rakkisaa akka ta'e walitti fufiinsaan ta'uun isaa immoo boqonnaa akka siif hin keninne beekta. Cubbuu keetiif gara Yesusii fi du'a Isaa fannoo irraattii ilaaluun abaarsa garaa yakkaan guute (guilty conscience) jalaa akka baatuuf akkamitti si gargaara?

Roobii Guraandhala 7

Abboomamuu

Abeel akka Waaqayyo isa abboometi hoolaa qabatee abboomamuudhaan iddo aarsaa jilbeenfate. Qaayel immoo gama biraan, aariidhaan guutame aarsaa miidhaanii qabatee iddo aarsaa jilbeenfate. Lachuun isaanii aarsaa fidan, garuu, obboleessa tokko qofatu abboommii Waaqayyoof abboomamaa ta'ee argame. Aarsaan hoolaa qalamee in fudhatame, hoomishi lafa irraa in tufatame. Obbolaa lachuun hiikaa aarsaa fi qajeelfama beeku. Garuu, tokko qoftu waan Waaayyo abboomeef abboomame (Uum.4:1-5).

“Du'i Abeel karoora Waaqayoo mana barnootaa abboomamuu keessatti dhiiga Yesus Kiristoosiin isa karaa aarsaa mul'ateen fayyuudhaaf mormuu Qaayin irraa kan maddeedha. irraa kan dhufee dha. Qaayin aarsa dhiigaa isa fakkeenyia dhiiga Kiristoos isa biyya lafaatiif dhangala'u sana morme.” —Ellen G. White, comments, The SDA Bible commentary, vol.6,p.1109.

Abboomamuun sammuu keessatti jalqaba. Kun adeemsaa sammuu keessatti iitti gaafatamummaa fudhachhhuu fi abboommii oli dhufu hojiidhaan mul'isuu gaafata. Abboomamuun hariiroo isa abboomuu fi isa fedha abboomamuu qabu gidduu jiruudha. Hariiroo nuy Waaqayyoon wajjin qabnu

ilaalchisee, abboomamuun keenya fedhaan, jaalalaan, hojii dhaan amala keenya kan nuuf sirreessu, gara dirqama mooraalitti kan fidu ta'a. Waaqayyoof abboomamuun akkuma Inni nu geggeessutti ta'uu qaba. akka nuy yaadnuu fi hawwinu ta'uu hin qabu. Gochaan Qaayin fakkeenya nama waan ofii isaa itti yaade hojjete ti, qooda isa Waaqayyoon gaafate hojj- etuu.

1 yoh.5:2,3 fi Roomee 1:5; 10:16,17 dubbisi. Heertuuwwan kun abboomamuun Kiristaanotaaf maal akka ta'e maal nu barsiisuu?

Fayyuudhaaf hin abboomamnu, abboomamuun keenya dursinee waan fayneefii. Abboomamuun amantii hojiidhaan mul'atedha. Saamu'el akkas jedhe, "Dhugumaan Waaqayyo nama dubbii isaa dhaga'ee abboomamutti akka gammadu, qalma gubamuu fi aarsaatti in gammadaa ree? Kunoo abboomamuun aarsaa irra caalaa, dhaggeeffachuunis moora korbeessa hoolaa dhiheessuu irra in wayya (1 Sam.15:22).

Saamu'el maal jechuu isaati yammuu " 'abboomamuun aarsaa irra caala' " jedhe? wangeela sobaa isa ayyana rakasa jedhamu keessatti akka hin kufnetti akka Kiristaanotaati maal nutti himaa?

Kamisa Guraandhala 8

Amanamummaa

Luqaas 16:10-12 dubbisi. Amanamummaa irratti heertuu kun maal nu barsiisaa? Amaloon kun soortuu amanamaaf maaliif baay'ee barbaachisoota'anii?

Qajeelfamni amanamummaa guutummaa Kitaaba Qulqulluu keessatti argama. Fakkeenyaaf seenaa tokko keessatti, angafoot Leewwota afuritti

karra mana qulqullummaa Kakuu Moofaa halkan akka eeganiif itti gaafatamummaan isaanitti kennamee. Kutaawwan manichaa qabeenyadhaan guutan eeguu fi ganama ganama akka balbala bananiif fuurtuu baatu turan (1 Se.Bar. 926-27). Hojiin kun kan isaanitti kennameef sababa isaan amanamotoota turaniif.

Amanamaa ta'uun amala soortuu gaarii ti. Kana jechuun soortoti amanamoon gaheen hojii isaanii gadi fagoo ta'uu isaa ni hubatu. Waaqayyo akka amanamaa ta'e beeku, isaanis akkasuma ta'uuf in akeeku (Kes.32:4, 1 Mot. 8:56).

Amanamummaan bilchina amalaa argisiisa. Kun ija taajabdoota duratti amala sadarkaa ol'aanaa fi ga'umsa qabu ta'e argama. Bilchina amalaa jechuun amala Waaqayyoo calaqqisiisuu jechuudha. Kun immoo haalaa fi dhiibbaa namaan uttu hin daangeffamin Waaqayyoof hojjechuu dha (2 Mot.12:15).

Mootota biyya lafaa lamaan duratti Daani'eel amanamaa ta'e argameera. Bara jirenya isaa guutuu kan inni qabaate maqaan gaarii, akka gorsaa amanamaatti moototaaf dhugaa fi ogummaa hiruudhaan kallattiidhaan warra qoricha namatti godhan fi ooda dubbatan mormaa ture. Amanamummaan goonfo dhagaa gati-jabeessaa amala gaarii ti, kun immoo amala kee bifaa qulqulla'a'aa ta'een dirreetti mul'isa. Soortummaa keessatti ga'umsi amalaa Sadarkaa ol'aanaan kun kan bira ga'amu halkanuma tokkotti miti, waanuma xinootti amanamuun yerroo Keessatti kan dhufuu dha.

"Warri kaan sochii amanamummaa keenyaa ni qalbifatu. Isaan nu kaba-ju,nu amanus, sababiin isaa akka nuyi yaada namootaatiin, sinsinnumma-adhaan, gowwoomsaadhaan salphaadhumatti hin raafamne beeku. Ka-naaf, amanamaa ta'uun biyya lafaa kana irraattii goonuuf itti gaafatumummaa fudhachuudhaan raawwii amala argisiisuudhaan jirreenya waaqa irraaf qophaa'udha. Namoonni jirenya biyya lafaa jiraatan lam-mii mootummaa Waaqayyoo warra waa'ee badhaadhummaa, gaarummaa, araara, garraamummaa fi arjummaa irraa baratan ta'uu akka dandeenyutti

Mootummaa Kiristoos keessatti amanamummaa kan qabnu ta'uu qabna ”
—Ellen G. White, *Testimonies for the 5 Church*, vol. 6, p. 190

**Waa'ee nama amanmaa ofii keetii beektuu me yaadi, akka caalaatti
amanma taatuuf jirenya nama amanama kana irraa maal barattaaa?**

Jimaata Guraandhala 9

Qo'anno Dabalataa:- Mallattoon soortuu gaarii kan biraan itti gaafatamummaa dhuunfaati.

“ Sammuu namootaa Yesus irraa gara namootaatti deebisuudhaan itti gaafatamummaa dhuunfaa balleessuun karoora seexanaa ture. Seexanni ilma Waaqayyoo qoruuf yeroo karoorfate hin milkoofne, garuu, gara namoota kufanii yeroo dhufe caalaatti milkaa'e. Kiristiyaanummaanis in faalame.” —Ellen G. White, *Early Writings*, p. 213.

Kiristoos giddu-galeessa jiraachuu keenya yoo ta'u, geggeessaa Isaa fud-hachuuf garaan keenya banamaa ta'a. Kana irraa kan ka'e amantii keenya, amanamummaan keenya, abboomamuu, yaada garaa qulqulluu, itti gaafatamummaa jirreanya dhuunfaa keenya keessatti mul'atu. Akkaataa kanatti, akka soortootaatti, harka Waaqayyoo keessatti kan mudaa hin qabne taana (far. 139:23,24).

Itti gaafatamummaan dhuunfaa Kitaaba Qulqulluu keessatti qajeelfama baay'ee barbaachisaa dha. Yesus yeroo biyya lafaa iraa ture, itti gaafatamummaan dhuunfaa isaatii abbaa isaaf ture(Yoh.8:28). Nus Sagalee Waaqayyoo kamiifuu itti gaafatamna(Mat.12:36). “ Waan irraa eeggatamu kan hin beekin garuu kan isa rukkichiisu yoo hojjete iyyuu, rukkutaa xinnoo in rukutama; nama baay'een itti kennname harkaa baay'eetu barbaadama, nama hadaara baay'ee biraat kaa'ame irraa kan caalu in gaafatu jedhe(Luq.12:48). Wanti baay'ee yaaddessaan itti gaafatamummaa keenya nama biraaf dabarsuu dha. “ Me sammuu keen-yatti haa dhaga'amu, kan nutti kennname qabeenyaa mataa keenya mitti invastmentii irraa akka oolfannuuf.Utuu kan keenya ta'e aangoo bakka

bu'umsaa kenuun itti gaafatatumummaa nama biraatti dabarsuun in danda'ama ture. Itti gaafatatumummaa nama biraatti dabarsuudhaan soortummaa keenya dhiisuu dandeenya. Garuu, kun ta'uu hin danda'u, sababiin isaa Gooftaan dhuunfaatti soortuu Isaa nu godhate.” —Ellen G. 8 White, *Testimonies for the Church*, vol. 7, p. 177.

Gaaffiilee Maree:-

- ① Mallattoolee soortuu adda addaa torban kana barachaa turre ilali: itti gaafatatumummaa dhuunfaa, abboomamuu, hojjetaa amanamaa ta'uu, garaa qullaa'aa, fi amantii. Isaan kun ak-kamitti waltti firoomu? Laafinni isa tokkoo akkamitti isa kaan laaffisaa? Yookaan ciminni isa tokko akkamitti isa kaaniif cimina ta'a?**
- ② Warra hammina garaa wajjin wal'aansoo qabaa jiran, abdiin wangeela keessatti abdachiisame akkamitti isaan gargaaraa? Abdi akkamii qabnas jedhuu?**
- ③ Yeroo tokko tokkoo yaada “amanamaa” jedhu akka gaarii ta'etti ilaalla. Garuu kun yeroo hunda in ta'aa? Nama tokkoof yookaan waan tokkoof hojjetaa amanamaa ta'uun karaa kam fa'iin danda'amaa? Maaliif, yaadni amanamummaa maaliif qabiyyee dhuunfaatiin hubatamuu qaba, yoo amanamummaan kun gaarii yoo kaan iddo isaa malee taa'eera yoo ta'e?**

Waaqayyoof Amanamuu

Sanbata Waaree Booda

Qo'anno turban kanaaf kana dubbisi: *Luq 16:10, Leew. 27:30, 12 Ba'u. 22:1-12, Ibr. 12:2, Luq. 11:42, Ibr. 7:2-10, 13 Nahi 13.*

Yaadamoo:
Heertuu
-

“ ‘Lafti gaariin fakkeenya warra
dubbicha dhaga'anii garaa gaariidhaa fi
abboomamuudhaan fudhatanii, rakkina
hundumaa obsanii ija godhatanii
ti’ ” (*Luqaas 8:15*).

Gara amanamaan maalii? Akkamittis mul'ataa? Aadaan ammayyaa
amanamummaa akka hiikaan isaa ifa hin taaneetti fudhata. Haa
ta'u malee argisiistuu amala gaarii ti. Namooti hedduun
amanamoo miti, ta'us fudhatama qabu, sababiin isaa garaagarummaa
guddaa waan hin taaneef. Haallan qabatamoo tokko tokko keessatti, ama-
namummaa dhabuun akka waan qajeelaa ta'eetti fudhatama.

Dhugaa fi amanamummaan yeroo hundaa waliin wajjin adeemu. Nuti
dhalootuma irraa amanamoota hin turre. Amalli gaariin barumsaan kan
argamu yamuu ta'u, inni wiirtuu amala soortuu amanamaa ti.

Yammuu amanamummaa shaakallu, wanta gaariitu isa keessaa ba'a. Fakkeenyaaaf, namni tokko utuu sobuu yookaan soba isaa dhoksuuf yaalii utuu godhuu yoo qabame, wanti isa yaaddeessu hin jiru. Sababa kanaaf yookii kan biraaf amanamummaan gati-qabeessa argisiistuu amala dhuunfaa ti, kun immoo addumaan haala ulfaataa qorumi amanamuu dhabuu irratti dhufuu dha.

Barunsa turban kanaa keessatti dhimma amanamummaa qabiyyee hafuuraaisaa kurnaffaa wajjin wal qabsisnee qo'anaa, akkasumas maaliif kudhan keessa tokko deebisuun soortuufis ta'ee soortummaaf baay'ee barbaachisee?

Jalqaba Torbanii Guraandhala 11

Garaagarummaa Amanamummaa Xinnoo

Hundumti keenya amanamummaa dhabuu in jibbina. Addumaan yoo nama biraa irratti argine in jibbina. Of irratti yamuu arginu Salphaa miti, yammuu amanamaa ta'uu dadhabnnu, gochaa keenya sana qajelaa fakkeessuuf jecha sababa barbaanna, tarii akkas jenna ta'a: *oo, hamma kanatti hamaa miti; waanuma xinnoo dha, dhuguma hamma kanatti barbaachisaa miti.* yeroo baay'ee mataadhuma keenya gowwomsina, garuu, takkaa Waaqayyoon gowwomsuu hin dandeenyu.

“Amanamummaa dhabuun namoota gita keenya hunda birratti in shaakalama. Kun immoo namoota dhugaatti amanna jedhanitti qabbana’ummaa fide. Isaan kun Kiristoos waliin hidhata hin qabani, isaan kun lubbuu isaanii gowwomsaa jiru.” —Ellen G. White, 16 *Testimonies for the Church*, vol. 4, p. 310.

Luqaas 16:10 dubbisi. As irratti Yesus “waanuma xinnoo” yoo taate iyyuu waa'ee barbaachisummaa amanamummaa kan nuti argisiisu qajeelfama akkamii ibsee?

Waaqayyo, akkamitti salphaadhumatti akka amanamumma gatnu beeka, addumaan gara wantoota qabeenya keenya ta'anitti yammuu dhufnu. Kanaaf, Waaqayyo qabenya wantootaa ilaahisee amanamummaa dhabuu fi sassattummaa irratti busheessa (antidote) humna qabeessa nuuf ken-neera.,

Leewwota 27:30 fi Miilkiyas 3:8 dubbisi. Heertuuwwan kun maal barsiisuu? Wanti isaan jedhan kun amanamoo taane akka dhaaban-nuuf akkamitti nugargaara?

Galateeffanna fi arjummaan waamicha hin qabu. Kun amanamummaa salphaa dha. Kudhan keessaa tokko kan Waaqayyoo ti; Isa kan Isaa ta'e gara Isaatti akka deebisnu nu abboomeera . . . Amanamummaan jirenya keenya keessatti baay'ee barbaachisaa erga ta'ee, Waaqayyoof dirqama nu irra jiru beekuun nuuf hin ta'uu? —Ellen G. White, 2 *Education*, pp. 138, 139.

Kudhan keessaa tokko deebisun Abbaa qabeenya keenya hundaa Isa ta'e akkamitti si yaadachiisaa? Isa qabeenya keenya hunda qabu takkaa irraanfachuu dhiisuun maliif barbaachisee?

Wiixata Guraandhala 12

Jirenya Amantii

Uum. 22:1-12 dubbisi. Seenaan kun waa'ee dhugammaa amantii Abi-rahaam maal nutti himaa?

Jirenyi amanti waan si'a tokko mul'ate badu miti. Si'a tokkootti sagaalee humna qabuun amantii ibsuu hin dandeenyu, akasumas ama-

namaa ayyaana Waaqayyootiin jiraatu fi dhiiga Kiristoosiin haguugamne ta'uu keenya yeroo tokkotti mirkaneessuun hin danda'amu .

Fakkeenyaaf, amantoonni addunyaan kana irraa hundinuu amantii Abirahaamii fi Isihaq gaara Mooraahie irratti argissiisan hamma har'aatti isaan dinqisiisa (Uum.22). Gochi amantii kun kan Abirahaam yeroo fedhetti uumu mitiun inni duraan qabu akka inni kana godhu isa taasiseera. Taatee kana dura utuu amantii jabaa hin qabu ta'ee, qorumsa sana keessa hin darbu ture.Namni amantiiakkanaa qabu qorumsa booddee akka itti jiraatu gaaffiin hin jiru.

Amantiin soortus waanuma si'a tokkoo hojjetamee dhaabatu miti. Adeemsa yeroo keessatti hidda gadi jabeeffataa,jabaataa adeema yookaan hiddi isaa dirreetti ba'aa fi laaffataa adeema gar-lachuutuu, kun sochii nama amanu sanaa iratti hundaa'a.

Ibiroota 12:2 dubbisi. Waa'ee hundee amantii keenyaa kun maal nutti himaa? Akkamittis amantii qabaannaa?

Akka soortuu amanamaatti gargaarsii keenya, “Yesus, Isa amantii keenya jalqabee fiixxaan baasu sanattii ija hin buqqifannu. Inni gammachuu fuula Isaa dura jiru sanaaf jedhhee, fanno irratti du'uu Isaattiif yeeloo Isa irra ga'e homaatti utuu hin lakkaa'in obsaan fanno irratti du'uu in danda'e; ergasii gara mirga teessoo Waaqayyoo taa'e” (ibiroota 12:2) ilaaluudha. Jechi “fiixaan baasu” jedhu Kakuu Haaraa keessatti si'a tokko qofa itti fayyadaman, innis “Isa mudaan malee taasisu” jechuutti hiikamuu danda'a.Akkas jechuunis Yesus amantii keenya gara bilchinaa fi mudaan hin qabnetti fiduuf fedha qaba (Ibiroota 6:1,2,)jechuudha. Kanaaf, amantiin, jireenyi amantii muuxannoo geeddaramaa bulu keessa yammuu adeemu, in guddata, in bilchaata, in dabala.

Baroota keessatti Karaa kam fa'iin utuu amantii kee guddatuu, bila chaatu argite,? Yoo kaanis . . . ?

Ibsa Amantii

Akkuma kaleessa ilaalle, amantiin adeemsa muuxannoo jijiiramaa keessatti, in guddata, in bilchaatas. Karaan tokkichi Waaqayyo amantii keenya “xumuruu” fi “mudaa” malee taasiisu karaa kudhan keessaa tokko deebisuu ti. Sirriitti akkuma hubatamu, kudhan keessaa tokko Waaqayyoof deebisuun seera eeguuf miti. Yammuu kudhan kessaa tokko deebisnu karaa gara waqaatti geessuu qopheeffataa jirra miti. Qooda isaa, kudhan keessaa tokko deebisuun ibsa amantii ti. Karaa alaa kan argamu., ibsa dhuunfaa dhugummaa amantii keenyaa ti.

Luqaas 11:42 dubbisi. Yesus kudhan keessaa tokko utuu hin deebi'in hafuu hin qabu yammuu jedhu maal jechuu Isaati? Kudhan keessaa tokko waan seeraa ulfaataa waliin akkamiti firoomsinaa?

Kudhan keessaa tokko deebisuun gadi of deebisuudhaan Waaqayyo irratti hirkachuu keenya kan ibsuu fi Kiristoos furee keenya tu'uu isaa gochaa ibsuudha. “Yesus Kiristoos eeba hafuuraa hundumaa” (Efesoon 1:3) dursee nu eebbisuu isaa argisiisa.

Uumama 28:14-22 dubbisi. Isa Waaqayyo isa abdachiiseef, deebiin Yaaqoob maal turee?

“ Tooftaa kurnaffaa keessaatti karoori Waaqayyoo salphaa fi wal qixxee ta'uun isaa baay'ee miidhagaadha. Maddi isaa Waaqayyo biraa waan ta'ef hundinuu amantii fi jajjabinaan itti hirmaachuu qaba. Inni waan salphaa fi fayyada qabeessa, Isa hubachuu fi raawwachuun barumsa gadi

fagoo hin barbaadu. Hundumtuu hojii fayyina isa garii keessatti qooda fudhachuuun ga'ee keenya ba'uu qabna. Dhiira, dhalaa, dargaggeessa ee-gduu horii Gooftaa ta'uu dandeenya. —Ellen G. White, *Counsels on Stewardship*, p. 73.

**Kudhan keessaa tokko deebisuun eebba hafuuraa eebbifamuu karaa
kamiin bira geessee? Kudhan keessaa tokko deebisuun akkamitti
amantii siif dabalee?**

Roobii Guraandhala 14

Kurnaffaa amanamaan: Waaqayyoof Qulqullaa'aa Dha

Yeroo baay'ee Waaqayyoof kudhan keessaa tokko laatna jenne dubbanna. Garuu, akkamitti waan duraan kan isaa ture laatnaaf ree?

**Leewwota 27:30. dubbisi. Kudhan keessaa tokko ilaachissee heertuu
kana keessatti tuqaalee lamaan barbaachisoo ta'an maal fa'ii?**

"Kurnaffaan kan Gooftaati,Kanaafuu, qulqullaa'aa dha. Inni wareegaan qulqulluu hin ta'u. Inni uumamumaan qulqulluu dha, inni kan Gooftaa ti.Waaqayyo malee enyu iyyuu irratti mirga hin qabu. Eenu iyyuu Waaqayyoof hin qulqulleessu.Sababiin isaa kudhan keessaa tokko qabeenyaan namaa miti" —Ángel Manuel Rodríguez, *Stewardship Roots* (Silver Spring, Md.: Stewardship Ministries Department, 1994), p. 52.

Kurnaffaa nuyi qulqulluu gochuu hin dandeenyu, Waaqayyoof waaqummaa Isaatiin qulqulleesse waan ta'ef. Inni mirga kanaa qaba. Akka soortootaatti waanuma kan Isaa ta'e Isatti deebisna.Kudhan keessaa tokko Waaqayyoof kan dhiyaatu hojii addaaf kan ooluu dha. Kurnaffaa dhimma biraaf qabachuun amanamummaa dhabuudha. Shaakallii kurnaffaa deebisuun takkaa cabuu hin qabu.

Ibiroota 7:2-10 dubbisi. Dubbiin Phaawuloos waa'ee Abirahaam

**kudhan keessaa tokko Malkiisedqiiif kenne waa'ee barbaachisummaa
kurnaffaa gad fageenyaan maal mul'isaa? Abirahaam dhuguma
eenyutti kurnaffaa deebisee?**

Akkuma Sanbannii qulqulluu ta'e kurnaffaanis qulqulluu dha. Jechi "qulqulluu" jedhu, "hojii qulqulla'aaf kan addaan baafame" jechuu dha. Sanbataa fi kurnaffaan karaa kanaan walitti hidhamu. Nuti Sanbata Guyyaa Torbaffaa akka qulqulla'aati addaan baasneerra. Kurnaffaanis akkasum Waaqayyoof addaan baasneerra, innis qulqulla'a dha.

"Waaqayyo guyyaa torbaffaa qulqulleessera. sana waaqeffannaam amantiif Yeroon murtaa'aan Waaqyyoon addaan ba'eera, innis akkuma isa gaafa jalqabaa Uumamaa har'as qulqulluu ta'ee itti fufee jira.,

"Haaluma wal fakkaatuun galii keenyaa keessaa kurnaffaan Waaqayyoof qulqulla'a dha. Kakuu Haaraan akkuma kan Sanbataa Seera kurnaffaa haaraa hin baasne, barbaachisummaan isaanii waan yaadameef, qabiyeen hafuuraa isaanis gad fageenyaan ibsameera . . . Akka sabaatti, yeroo Inni adda baasee kaa'e Isaaf eeguuf fedha amantii guutuu qabna, qabeenyaan keenya keessaa kan isaa kan ta'e isaaf kennuun nuuf hin ta'uu ree?" Ellen G. White, *Counsels on Stewardship*, p. 66.

**Dhugaadha, kurnaffaan kee," qulqulla'a" dha, yaada dhugaa garaa
fi sammuu kee keessa jiru maal godhuun qabattee itti fufta?**

Kamisa Guraandhala 15

Dadammaqinaa, Haara'umsaa fi Kurnaffaa

Barri mootummaa Hisqiyaas inni dheeraan gosa Yihuudaaf iddooguddaatti ilaalamta. Baroota Daawwitii fi Solomoon Isira'il eebba guddaa

akkasii argitee hin beekttu. 2 Seenaa.B.29:31 keessatti galmee dadammaqiinsaa fi haara'umsatu argama. “ Hisqiyas . . . waan ija Waaqayyoo duratti qajeelaa ta'e hundumaa in hojjete.” (2 Seenaa.B. 29:2). “ . . . akkasitti hojiin mana qulqullummaa akka isaa duriitti hojjetamuuti in ka'e.” (2Seenaa.B. 29:35). Ayyaanni Faasikaa in kabajame. (2 Seenaa.B.30:5). “ . . . Yerusaalem keessatti gammachuu guddaatu ta'e.” (2 Seenaa.B. 30:26). Bifa fakkeenya kan warra ormootaa, iddoon aarsaa isaanii inni ol ka'aa isaan irratti sagadan caccabsanii balleessan (2 Seenaa.B.31:1). Hojiin dadamaqiinsaa fi haara'umsaa onnee irraa ka'etu ta'e, kana irraa kan ka'e kurnaffaan in baay'ate (2Seenaa.B.31:4; 5, 12)

Nahimiyanis dadammaqiinsaa, haara'umsaa fi kurnaffaa fakkeenya bira a kenna. Nahimiya 9:2,3 dubbisi. Dadammaqiinsa garaa jechuun maal jechuu dhaa? Nahimiya 13 dubbisi. Erga Nahimiyan haara'umsa “ mana Waaqayyoo” (Nah.13:4) geggessee, namooti Yihuudaa achitti maal fidanii (Nah.13:12)?

“Dadammaqiinni fi haara'umsi wantoota adda addaa lamaadha.Dadammqiinsa jechuun damaqina jirenya hafuura, si'aayina humna sammuu fi onnee, du'a hafuuraa keessaa ka'uu dha. Haara'umsa jechuun immoo deebisanii ijaaruu, atoomsuu, jijiirama yaadaa fi tiyoorii, jijiirama amalaa fi kan hojiiti.” —Ellen . G. White, *Christian Service*, p. 42.

Hariiroon dadammaqiinsa, haara'umsaa fi kurnaffaa gidduu jiru a.Yoo dadammaqinsaa guutuu ta'e illee Kurnaffaa deebisuun alatti, dadammaqiinsaa fi haara'umsi qabbana'aa(bu'a'aa) ta'a. Yeroo hedduu utuu gara Goftaa gorree ho'inaan hojjechuun nu irra jiruu akka kiri-staanotaatti sararoota moggaa qabannee hojii malee dhaabanna. Dadammaqiinsaa fi haara'umsi of-kennuu barbaada akkasuma kurnaffaanis qaama of-kennuu sanaa ti. Waan Waaqayyo nu gaafatu yoo dhowannee, gaaffii nuy gaafanneef, Waaqayyo nuuf deebisa jennee hin eegnu.

Dadammaqiinsaa fi haara'umsi waldaa keessatti ta'a, alatti miti (far.85:6). Dadammaqiinsaaf Waaqayyoon barbaaddachuu qabna (80:19), akkasumas haara'umsaaf wanti jalqaba irratti gootu kanuma (mul.2:5). Haara'umsi waan nuy harka irratti hambifannuu fi waan nuy Waaqayyoof deebisnu irrati ta'uu qaba.

Garaagarummaa kan fiduu hojii miti, garuu murtoo keenyaa fi waan keessa kenyatti dhaga'amutu kaka'umsaa fi qophee ta'uu keenya mul'isa. Bu'aan kana guddina amantii, mul'ata hafuuraa qaramaa qabaachuu, fi amanamummaa haara'edha.

Jimaata Guraandhala 16

Yaada Dabalataa:- Kakuu Kitaaba Qulqulluu keessatti caqafaman hundi Waaqayyoon kakaafaman,, saba isaas gara kakuu ka-naatti isumatu geggesse(Ibr. 8;10). Kakuun kun ayyaana Isaa, jaalala Isaa fi fedha Inni nu fayisuuf qabu calaqqisiisa.

Kakuun Waaqayyoo wajjinii wantoota hedduu hammata:Waaqayyo, kakuu fudhatoo, haala kakuchaa qophaa'ummaa gam-lachuu gaafata, kakucha eeguu dadhabuun bu'aa yaadamee fi abdatame dhabuudhaan adabsiisa. Yaadni kurnaffaa wantoota kana calaqqisiisa (Milk. 3:9,10). Hertuun kun waa'ee kakuu addaa kurnaffaa Waaqayyoo fi soortoota gid-duu jiru irra deddeebi'e dubbata. Yammuu kakuu akkasiitti seennu, ilaal-chaa itti fayyadamuu qajeelfama wantootaan mormaa (materialistic principle of consumerism) jirraajechuu dha, Wanti gaarriin tokko garaa nama cubbamaa jijiiramee keessaa ba'uu isaas in mirkanoeffanna.

"Banaa kan hin taane, hafuurri ofittummaa isa kan Waaqayyoo akka Isaaf hin laanne waan dhorku fakkaata. Waaqayyo namootaa wajjin kakuu addaa galeera, yoo isaan yeroo hunda isa kan isaa ta'e mootummaa kiristoosiin babalisuuf adda baasan, Gooftaan baay'isee isaan eebbisa, akkaataa kanaan eebbaa isaa fudhachuuf amma iddo dhabnutti nu eebbissa. Garuu, namoonni isa kan Waaqayyoo ta'e yoo qabatan, Gooftaan waa'ee isaa ifa baasee dubbateera, 'Isin abaarsaan abaaramtan.'

”—Ellen G. White, *Counsels on Stewardship*, p. 77.

Waaqayyoon wajjin kakuun jiraachuun itti gaafatamummaa qaba. Fay-yadamoo abdii kakucha keessatti kennamee taana, garuu yeroo tokko tokko abboomotaa fi itti gaafatamummaa jibbina., , Kakuun walii galtee gar-lamaanii yoo ta’ee illee, haala kanaan garuu,Kurnaffaa deebisuun immoo qaama kakuu sanaa keessa gar tokkeedhaan jiraachuu ta’aa.

Gaaffiilee Maree:-

- ① Gama keenyaan kurnaffaa deebissun gochaa amantii keenyaa
isa barbaachisaa maaliif ta’ee?**
- ② Nama, “Ani kurnaffaa deebisuu hin danda’u” jedhu yoo ar-gitee maal gorsitaa? Nama haala kana keessatti of ilaalaajiru akkamitti gargaartaa? Nama akkasii gargaaruuf wanti god-huu qabdu maaltu hafee?**
- ③ Gaaffiin barnoota keessatti xumura irraatti gaafatame, hu-bannoo isa kurnaffaan qulqullaa’aa dha jedhu of duratti ee-guuf maal godhuutu si irra turee? Deebin kee hammi tokko maal faa turanii? Dhugaa kurnaffaan “qulqulluu” dha jedhuu fi kurnaffaa deebisuu akkamitti walitti firoomsitaa?**

Dhiibbaa Kurnaffaa Deebisuu

Sanbata Waaree Booda

Qo'annoo barnoota Sanbataa torban kanaaf kana dubbisi: *Mariqoos 16:15; I Phe. 3:8, 9; I Qor. 9:14; Room. 3:19–24.*



“Warri mana qulqullummaa keessa hojjetan, mana qulqullummaatii nyaata isanii akka argatan, warri iddo aarsaatti qalma dhi'eessan isa aarsaadhaaf dhyaate sana irraa akka hirmaatan hin beektanii ree? Akkasuma immoo warri wangeela labsan waan ittiin jiraatan wangeelichumaan akka argatan Gooftichi abboomeeraaf” (*I Qor.9:13,14*).

Akkuma torban darbe ilaalle, kurnaffaan amantii dhaaf ibsituu barbaachsaa dha. Dhugumma hojii keenyaa mul'isuu yookaan qoruudhaaf karaa tokko. “ Amantiitti qabamtanii jirtu yoo taatan isinumti of ilaala, of qoraa. Yesus Kiristoos isin keessa akka jiru dhugumaan in beektuu ree? Yoo akkas ta'uudhaabaatee isin qoranna sanatti kufuu keessan” (2Qor.13:5).

K itaaba Qulqulluu keessatti kurnaffaa deebisuun kan jalqabe yammuu Abirahaam Malkiisedeqif kurnaffaa debisee dha (Uum.14:19,20, Ibr. 7:4).

Warri Leewwotaas, mana qulqullummaa keessa waan tajaajilaniif kurnaffa in fudhatu turan (2 S.Bara 31:4-10). Har'as kurnaffaan deeggarsa wangeelaaf. Yammuu sirriitti hubatamu, hariiroo nuy Waaqayyoon wajjin qabnuu ibsuuf, akka safartuu hafuuraatti hoijeta.

Dhiibbaa, faayidaa, barbaachisummaa fi tooftaa qoodaan kurnaffaa, gud-dina hafuuraa keenyaaf, hojii Waaqayyoo deeggaruu fi bu'uura dinagdee lallaba wangeelaaf haala mijataa akka uumuuf kan karoorfameedha. Kun karoora Waaqayyooti, akkasumas tarkaanfii isa jalqabaa soortuu amanamaan fudhatuu dha.

Torban kana kurnaffaa ilaaluu itti fufna: Akkaataa qoodama isaa, warra kaaniif maal akka ta'e, fi jirenya hafuuraa keenya irratti dhiibbaa akkamii qabaa?

Jalqaba Torbanii Guraandhala 18

Horii Keenya Walitti Fiduudhaan Ergamicha Galmaan Geenya

Kiristoos “ wangeela lallabaa” (Mar16:15) “ bartoota koo isaan godhaa,Waanan isin abboome hundumaa eeguu isaan barsi-isaa” (mat.28:19,20) jedhee nu abboomeera.Kanaaf Waaqayyo namoota gara Yesusitti fiduu ,hojii isa barbaachisa ta'e lafa kana irratti akka nuyi hirmaannu barbaada..Qabeenyaa Waaqayyo nuuf kenne Keessaa ergama kana deeggaruun itti gaafatamuma soortuu tokkoo ti. Hirmaannaan akka nuy Kiristoosiin warra kaanitti mul'isnuuuf qophaawummaa dhuunfaa baay'ee nu cimsa. Adduma addaan bartooti, soortuun, tajaajilaan (hojjetaan) kurnaffaa hunda gara hojii qulqulla'a'aa kanatti fiduu qabu. Ergamicha deeggaruuf (tumsuuf) tokkummaa fi amanamummaaf kad-hachuu qabna. Ergami fiixaan ba'umsa qabu tokkummaa amantii keenyaa cimsa.

Ergama kana galmaan ga'uuf , karoorri dinagdee Waaqayyoon rag-

gaasifame maalii? (kudhan keessaa tokko “ ‘ guutummaatti’ ” jechuun maal jechuu dhaa? (Milk. 3:10). “ ‘ mana koo keessatti nyaanni akka ta’uuf” jechuun maal jechhuu dhaa? (Milk.3:10).

Akkuma ilaalle ture , namooti kurnaffaa deebisuu kan jalqaban bara Abirahaamii fi Yaaqoob irraa ka’ee ti (Uum.14:20, 28:22) tarii isa duras ta’uu ni danda’a. Kurnaffaan qaama sirna deeggarsa waldaa Waaqayyooti. Kun ergama Isaa fiixxaan baasuuf burqaa maallaqaa guddaa fi karaa qajeelaa dha.

Aadaa har’aa keessati, kiristiyaanoni baay’een deggersa ergamma Waaqayyoof baay’ee xinnoo kennu. Utuu tokkoon tokkon kiristyaana amanamummaadhaan kurnaffaa kennee, silaa horiin argamu tilmaamaa ol ta’ a, hubanna namaa ol ta’uu isatiif dinqisiifanna, —Christian Smith and Michael O. Emerson, *Passing the Plate* (New York: Oxford University Press, 2008), p. 27.

Baroota hunda keessatti, Waaqayyo namoota fedhaan ergama Isaaf arjooman qaba ture. Hojii sadarkaa guutummaa addunyaatti hojjetamu kana hubachuu fi waliin taane tumsuuf hundi keenyaa itti gaafatamummaa qabna., gumaacha hojii ergama kanaa keessatti gargar ba’uu fi salphisnee ilaaluu hin qabnu. Booreen fuula keenya dura jiru isa Leewwotnni fi sabni Nahiimiyaadhaan “nu immoo mana Waaqayyoo keenya hin dhifnu” (Nahimiyyaa 10:39) jedhan sana irra caala. Har’ a miseensonni fi luboонни hafuuraan tokko ta’anii horii gumaachuudhaan ergama addunyaawaa sanaa galmaan ga’uuf maallaqaan utubuu qabu.

Bal’ina ergama Adiventistii addunyyaa kana keessa jiruu mee yaadi (Mul.14;6.7). Tokkoon tokkoon keenya akkamitti itti gaafatamummaa keenya hubachuudhaan hojii kana maallaqaan gargaarra?

Wiixata Guraandhala 19

Eeba Waaqayyoo

Miilk. 3:10 keeessatti akkuma ilaalle, namoota kurnaffaa deebisuutti amanamoo ta'an baay'ee isaan eebisuuf abdachiisee ture. Eebbi Waaqayyoo kallattii tokkicha qofa irra miti. Fakkeenyaaaf, Waan hundaa dhabuudhaan xiyyefannoo keenya qabeenya wantootaa tuullachuu irra yoo keenye, eeba Waaqayyoo iratti ilaalchaa dhifhaa nuyi qabnu ar-gisiisa.

Eebbi Miilkiyas Keessatti kan hafuuraa fi kan fooniiti. Hiikaan eebbi Waaqayyoo, fayyina, gammahhuu, nageenya sammutiin mirkana'aa, Waaqayyo immoo yeroo hundaa waanuma garii nuuf godha. Yeroo Waaqayyo nu eebbisu, warra hin carroomneef (hiyyesotaaf) qooduuf dirqama qabna. Warra kaaniif akka ebba taanuuf Waaqayyo nu eebbiseera. Dhuguma Waaqayyo nu keessaan ebba Isaa bakka hundaan ga'a.

1 Phe. 3:8,9 dubbisi. Eebbfamuu fi warra kaaniif ebba ta'uu gidduu hariiroo jiru ilaalchisee Phexroos maal nutti himaa?

Kurnaffaa deebisuu keessaa eeba dachaatu argama. Nuyi kan eebbfamneedha, warra kaanifis eeba. Isa nuuf keennname keessaa kennina. Eebbi Waaqayo nu eebbisu keessa keenyaan mul'ata, warra kaan irratti immoo alaan mul'ata. "Kenni, siifis in kennama . . . Qodaa safartuu isin itti na-maaf safartanittii isiniifis in safarama" (Luq.6:38).

Ho.E. 20:35 dubbisi. Kun akkamitti kudhan keessaa tokko deebisuu ilaallataa?

Eeba guddaa kurnaffaa deebisuun nu barsiisu Waaqayyoon amanachuudha. Sirni kurnaffaa deebisu, kaayyoo (principle) akkuma seera Waaqayyooisa kan biraa qajeelfama hin sochoone irra dhaabbatee jira.

Sirni kudhan keessaa tokko deebisuu kun Yihuudotaaf eebba ture. Warra hamma xumura barchaatti amanamoo ta'aniifis eebba ta'a. Abbaan keenya Inni waaqa irraa, seera kurnaffaa jalqabuma kan karoorseef namootaaf eebba guddaa ta'uuf malee badhaadhummaa mataa Isaaf jedhee miti,. Faayyidaan akkasii namootaaf barbaachisaa ta'uu isaa wan argeefii.” — Ellen G. White, *Testimonies for the Church*, vol. 3, pp. 404, 405.

Mee waa'ee yeroo Gooftaan karaa tajaajila nama biraan si eebbise yaadi, atis akkamitti deemtee warra kaaniif ebba taataa?

Kibxata Guraandhala 20

Kaayyoo Kurnaffaa

Phaawuloos Ximootiwoosiif yammuu barreessu, “ ‘Qotiyoo siribsiisaa irra jiru afaan isaa hin hidhin,’ ‘ hojjetaan gatii dadhabpii isaa argachuun in ta’aaaf” ” (1 Xim. 5:18) jedhe. Inni waa'ee qotiyoo ilaalcissee isa Muuseen S. Keessa Deebii 25:4 irratti dubate fi, waa'ee hojjetaa immoo isa Yesus Luqaas 10:7 irrattha dubbate heere. Gaaleen waa'ee qotiyyoof dubbatame dubbi fakkeenyati. Hiikkaan isaas qotiyyoon siribsiisaa jiru midhaan haa nyaatu jechuun qajeelaadha. Akkasumas, fakkeenyi inni lammataa Hojjeetooti of kennanii hojii wangeelaa hojetan gatii dadhabpii isaanii argachuu qabu. Waaqayyo sirnaan uume, sirnaan hojjetas. Inni in boce, sirna biiftuu, sirna narvii, sirna nyaata bulleessuu garaa, sirna sagalee keenyan rukutee deebi'uu fi kanneen biroo hedduu. Sirni kudhan keessaa tokko deebisuu Leewwotatu hojii mana qulqullummaa deggeruuf itti fayyadama ture. (See.Lakk. 18:26). Har'a bara ammayyaawaa kana keessa warri guutummaa jireeny isaanii wangeela labsuuf of kenani akkasuma. Sirni kurnaffaa karaa Waaqayyoo Seenaa fayyinnaa keessatti hojii tajaajilaa deggeruuf filateedha. Hojjetoota akkasii kurnaffaadhaan deeggaruun hojii Waaqayyoo keessatti bu'uura qabeessa.

“ Wangeela kan labsan waan ittiin jiraatan wangeelichumaan akka argatan Gooftaan abboomeeraf” (1Qor.9:14) yeroo jedhu Phaawuloos

**maal jechuu isaatii? 2 Qorontoos 11:7-10 barbaachisummaa warra
wangala labsan deeggaruu maal nu barsisaa?**

“ Gargaarsaan isaan irraa argadhuun isiniif hojjechuudhaaf waldoota warra kaan saameera” (2 Qor. 11:8) jedhee Phaawuloos yeroo dubbatu, waldaa Maqdooniyya ishee hiyyeettii irraa miindaa argachaa, waldaa Qorontoos ishee soorettii tajaajilaa turuu isaa qolaan dubbata. Qabxiin ijoo inni warra Qorontoositti dubbachuu barbaade warra wangeela labsaniif kaffalamuu qaba kan jedhu ture.

Kurnaffaan kaayyoo adda baafamee irra ooluu qabu, barabaraanis akkasuma ta’uu qaba. “ Kurnaffaan dhimma addaatiif addaan baafamee. Akka maalaqa hiyyeessotaaf walitti qabameetti lakkaa’uu hin qabnu. Warra ergaa Waaqayyoo baatanii biyya lafaan ga’uuf hojjetaniif ooluu qaba, dhimma deeggarsa hojii Waaqayyoo qofa irratti oola.”*Ellen G. White, Counsels on Stewardship, p.103*

Leewwota 27:30 ddubbisi.Qajeelfami nuy as irratti argine har'a ak-kamitti nu irratti hojjeta?

Roobii Guraandhala 21

Gombisaa / Man-kuusaa

Waaqayyoo qilleensaaf (erm.10:13), bishaaniif (Far.33 : 7), cabbie fi qorraa (Iyyoob 38 : 22) gombisaa qaba, kanneen hunda irratti aboo to’achuu qaba. Garuu, gombisaan Waaqayyoo inni baay’ee gati-jabeessi isa kan kurnaffaati. “ Kunoo ilmaan Leewwii dafkaana itti wal ga’an keessa hojii waan hojjetaniif kudhan keessaa tokko waan Isira’eloonni fidan hundumaa ani dhaala godhee kenneeraaf ” (See.Lakk. 18: 21). Heertuu Kun kurnaffaan eessa akka taa’uu jalqaba kan ibsee fi hamma har'aattis akka qajeelfama man-kuusaatti kan hojjetuudha. Kurnaffaa gara

iddoo Inni fo'ateetti akka fidaniif Waaqayyo Isiraa'eloottatti dubbateera (Kes.Deebii (125,6). Bara Soloomoon keessa kurnaffaan mana qulqullum-maa Yerusaalemitti walitti qabama ture. Raajichi Miilkiyas, "kudhan keessaa tokko guutummaatti gombisaa kootti galchaa" (Miilk 3: 10), jedhee yammuu isaanitti dubbate, Isiraa'eloonni kurnaffaan eessatti akka galfamuu qabu beeku. Gombisichi bakka tajajilli itti geeggeeffamuu fi bakka Lewwonni itti gargaaraman bakka bu'a.

Barreffama qulqulla'a'aa keessatti gombisaa ibsuuf maqooti biroo jiruu? 1 Qor. 26:20, 2 Qor. 31:11–13, Nah.10:38.

Kurnaffaa qulqulluu gara gombisaatti galchuun hojii fakkeenyummaa gaarii qabu barreffama qulqulluu kessatti kan ibsamedha. Bakka tajaajilli jiru maratti bulchiinsa kurnaffaaf Waaqayyo gombisaa qaba. waldaa Adiventistooti Guyyaa Torbaffaa addunyaawaa qajeelfama gombisaa kanatti ittiin fudhattu fi hojii irra ittiin oolchitu qabdi.Miseensoti karaa waldaa isaanii kurnaffaa isaanii gara koonfiransiitti ergu . Gombisaan Koonfiransii /mission bakka luboonni mindaa isaanii itti argatanii dha.

"Akkuma hojin Waaqayyoo bal'ataa adeemuun, waamichi gargaarsaa irraa deddeebi'amee gara keenya dhufa. Waamichi kun akkasitti deebi'a ta'a, Kiristaanoonni abboomichaaf eeggannaa gochuu qabu, ' mana koo keessatti nyaani akka ta'uuf kurnaffaa hundumaa gombisaa kootti galchaa' (Miilk. 3:19) Utuu kiristaanoonni kurnaffaa fi kennaa isaanii amanummaadhaan gara Waaqayyotti fidanii,gombisaan isaa guutuu ta'a. Kanaaf, horii deeggarsa wangeelaaf oolu walitti qabuuf jecha sagantaa akka bashannanaa, lootarii, afeerra hin barbaachisan turan." —Ellen G. White, *The Acts of the Apostles*, p. 338.

Mee yaadi, utuu namoонни kurnaffaa isaanii bakkuma barbaadanitti erganii maaltu ta'a turee? Yoo tokkoon tokkoon namaa kana godhe, hojin Waaqayyoo maal ta'a? Kudhan keessaa tokko iddoo itti gal-

chuun ta'uufitti deebisuun maaliif barbaachisee?

Kamisa Guraandhala 22

Kurnaffaa fi Amantiidhaan Fayuu

Roome3:19-24 dubbisi. Amantii keenyaaf giddu-galessa kan ta'e dhugaa baay'ee barbaachiaaakkamiitu as irratti barsiifamaa? Maaliifis yeroo hundaa barsiisa kana akka hundee amantii keenyaatti haala itti fufiinsa qabuun eegna?

Akka ergaan wangeelaan jedhutti hunduma keenyaafuu fayyinni hin mature (Rom.3:23). Yoo kan nuuf malu ta'e, hojii gaariidhaan, Yaadni kun immoo wangeelaan morma.

Roome4:1-5 dubbisi. Heertuun kun wal faallessuu ayyaanaa fi hojii gidduu jiru maal nubarsiisu?

Kanaaf, fayyinni warra isaaniif hin malleef kennname (Efe.2:8,9) .Sababa gaarummaa aarsaa mudaa hin qabne isa kan Kiristoosiin fayyinni dhufe, nuufis lakkaawame. Kurnaffaa ilaalchisee, isa deebisuudhaan gatiin Waaqayyo biraa argamu hin jiru. Jalqabi kurnaffaa Waaqayyoo biraa erga ta'e, deebisanii Isaaf kennun hojii gaarii jedhamuu in danda'a? Kurnaffaan hojii isa gaarii akka hojjennuuf isa uumamne hojii gaarii isa kan biro irra caalaa kan nu fayyisu miti. "nuyi hojii harka Isaatiiti, hojii gaarii isa kan Waaqayyoo duraan dursee qopheessee kessaa akka deddeebinuuf karaa Kiristoos Yesus uumamne" (Efe. 2:10).

Haa ta'u malee, Kurnaffaa deebisuun waan Waaqayyo akka hojjennuuf nu gaafatuuf yaada gadi of deebisuu fi aboomamuu, yookaan immoo mata-

jabinaa fi diddaa nuti qabnu argisiisa. Yoo Waaqayyoon jaallanne, Isaaf in abboomamma. Kurnaffaa deebisuun, wanti nuti qabnu hundinu kan Waaqayyoo akka ta'e, nuyi immoo soortoota ta'uu Kenya karaa alaa kan ibsuudha. Akkuma Sanbatni Waaqayyo Uumaa fi fayyisaa ta'uu Isaa tor-beedhaan nu yaadachiisu, kurnaffaa deebisuunis haaluma wal fakkaatuun nuyi kan mataa keenyaa akka hin taane, Jireenyi fi fayyinni keenya kennaa Waaqayyoo ta'uu isaa nu yaadachiisa. Kana irra ka'uudhaan jireenya amantii akka jiraannuuf dhugicha hubanna, Kurnaffaa deebisuun ibsa qabatama amantichaa ta'uu mirkaneessa.

Luqaas 21: 1-4 amantiidhaan jiraachuu jechuun maal jechuu akka ta'e maal nutti himaa?

Jimaata Guraandhala 23

Yaada Dabalataa: Hargansuu fi dha'annaa onnee keenyaa, yeroo gabaabduuf jiraachuun keenya Waaqayyo qofa biraakka nuuf dhufu irraanfachuun salphaadha. Hojii Ergamootaa 17 keessatti Phaawuloos waa'ee Waaqayyo isa dhugaa warra Ateenaatti yeroo dubbatu, “Waaqayyo, biyya lafaa, kan isa keessa jirus hundumaa kan uume” (17:24) qofa utuu hin taane jiraachisaa kenyas ta'uu isaa itti dabaluudhaan “Nuyi isatti in jiraanna, in sochona, in argamnas” (Ho. E 17:28) jedha. Warri Ateenaa waa'ee Waaqayyo isa dhugaa hin beekne. Nuyi akka Kiristaanotaatti beekna, beekun keenya kun wiirtuu (center) akkaataa jireenya keenyaa ta'uu qaba. Waaqayyo waan nu gaafatu, nu irraa barbaadu baay'ee qaba. Jireenyi keenyas akka Waaqayyo barbaadutti ta'uu qaba.

“Gaaffiin Waaqayyoo nu irra jira. Qabeenyaa Isaa harka namaa keessa kaa'ate, garuu, kudhan keessaa tokko amanamummaan hojii Isaaf akka adda ba'u barbaada. Kudhan keessaa tokko akka gombisaa Isaatti deebi'u barbaada. Akka kan Isaa ta'etti Isaaf deebi'u qaba. Kudhan keessaa tokko kan qulqullaa'ee dha, warra ergicha namoota hundumaaf, kutaa ad-dunya maraaf labsan akka gargaaruuf dhimma qulqullaa'aaf ooluu qaba.

Kanaanis wanti hundinuu kan Waaqayyo akka ta'e beekna.” —Ellen G. White, *Testimonies for the Church*, vol. 6, p. 386.

Gaaffiilee Maree:

- ① Yeroon saffisaan hamma barbaraatti darbaa jira.** “Mee isa kan Waaqayoo ta'e of harkatti hin qabannu. Inni hojii malee waan hin kennamneef, isa kan isaa ta'e isa hin dhowwannu. Inni guutummaa onnee kee gaafata;inni kenniif, gam-lachuunuu- uumamaa fi furamuun kan isaa waan ta'ef isaaaf kensi. Dandeettii kee si gaafata, kenniif, kan isaati. Maallaqa kee si gaafata, kenniif, kan isaati . . . Elen Waayit maal jechuu iseeti, “Mee isa kan Waaqayyoo ta'e of harkatti hin qabatinaa” yammuu jettu? . . . yoo hojii malee hin kennamu ta'e, deegamalee hin ganamu.” Yammuu kudhan keessaa tokko deebisuu didnu maal ofii keenya saamaa jirraa?
- ② Yaada amantoonni hundinuu kurnaffaan waan barbaadan haa godhan, innis, gombisaa Waaqayyoon kan mormu, iddo barbaachisaa dha jedhanittis haa ergan isa jedhu irrati caalaatti mar'adhaa. Yaadi kun yaada gadhee (badaa) maaliif ta'ee? Utuu kun ta'ee, silaa waldaa keenya irra maaltu ga'aa? Gochaan akkasii kun gargar cabuu naasisaa nu gidduutti fiduu danda'a turee?**
- ③ Luqaas 21 keessatti, Yesus kenna haadha hiyyeessaa tokko utuu Inni galateeffatuu argina, utuudhuma gochaan hojmaata badaa waldicha keessatti akka ta'aa jiru utuu beekuu. Akkaataa itti fayyadama isaa irratti gaaffi qabna jechuun warra kallattii kurnaffaa jal'isuu barbaadaniif ergaa akkamii dabarsaa?**

Barummsa 9ffaa

Guraandhala 24 – Bitootessa 2

Kennaa Taalalaa

Sanbata Waaree Booda

Qo'annoo Torban Kanaaf kana duubbisi: *Mat. 6:19–21; Efe. 2:8; I 13 Phe. 4:10; Luq 7:37–47; 2 Qor. 8:8–15; 2 Qor. 9:6, 7.*

Yaadannoo:
Heertuu
i

“ Waaqayyoo, akkasitti tokkicha Ilma Isaa hamma kennuufitti biyya lafaa jaallate, kun immoo Isatti kan amanu hundinuu jirenya barabaraa haa qabaatuuf malee, haa baduuf miti” (*Yoh.3:16*).

Waaqni keenya Waaqa kennuudha, dhugaa guddaan kun aarsaa Yesusiin humna guddaan mul'ateera. “Waaqayyo, akkasitti tokkicha Ilma Isaa hamma kennuufti biyya lafaa jaallate; kun immoo Isatti kan amanu hundinuu jirenya barabaraa haa qabaatuuf malee, haa baduuf miti” (*Yoh.3:16*). Yookaan heertuu kana keesatti, ‘egaa isin hamoota taatanii utuma jirtanii, ijjoollee keessaniif kennaa gaarii kennuu erga beektanii, abbaan keessan Inni waaqa irraa immoo, hammam isin caalaa warra isa kadhataniif hafuura qulqulluu kenna’ (*Luqaas 11:13*).

Waaqayyo in kenna, ammas in kenna; kun amala Isaa ti. Nus kennuudhaan amala isaa calaqqisiisuu qabna. Mormii jiru jechootaan ibsuu

caalaa wanti jabaatu “ofittumaa kiristaanotaati.”

Isa nuuf kenname karaa nuyi deebisnee kenninu keessaa tokko karaa kennati. Kennaan keenya carraa galataa fi jaalala ibsachuu nuuf argamsiisa. Guyyaa Yesus warra furaman ol waaqa irratti simatu, warra ayyaana Isaa fudhatan in argina. Akkasumas fudhatamuun sunis karaa kennaa aarsaa ta’aa.

Torban kana barbaachisummaa kennaa ilaalla. Galii keenya irraa haa ta’uu, yeroo keenya, dandeettii keenya arjummaan kennuu qabna. Isaan kun karaa humna-qabeessa amantiitti jiraatanii fi amala Waaqayyoo isa tajaajillu mul’isa.

Jalqaba Torbanii Guraandhala 25

“ Iddoo Badhaadhummaan Kee Jiru”

Maatiwoos 6:19-21 dubbisi. Heertuuwan kana beekna yoo ta’e iyyuu, qabaa badhaadhummaa biyya lafaa irraa akkamitti birmaduu taana? (Qol. 3:1,2) .

“Garaan kee lafa badhaadhummaan kee jiru jira ” (Maat.6:21), kan jehud waamicha Yesusi. Bal’inaan ergaan heertuun kun ibsu heertuu lamman duraa keessatti argama, innis badhaadhummaa keenya lafa irratti tuullachuu fi waaqa irratti walitti qabachuu dhaan wal mormisiisa. Jechoota sa-diiitu lafa ibse: bilii, daanawoo fi hattuu (Maat.6:19 ilaali), hundinuu waan baduu fi darbuu dha, waanuma yerrotis. Akka badhaadhummaan lafa irraa dafee badu eenuy ree kan hin beekne? “Lafa irratti wanti hundinuu tasgabaa’aa , dhugaa fi nagaa miti, tortoruuf, badiisaaf, hannaaf, gatamuuf jira. Inni waaqa irraa faallaa kanaati: wanti hundinuu kan barabaraati, dafee hin dhumu, naga-qabeessa, kan hin badneedha. Waaqa irra baduun hin jiru.” —C. Adelina Alexe, “Where Your Heart Belongs,” in *Beyond Blessings*,

edited by Nikolaus Satelmajer, (Nampa, Idaho: Pacific Press Publishing Association, 2013), p. 22.

Qabeenyaa kee ilaali. Yoo baay'ee xinnoo qabaatte iyyuu, ammas ta'ee turee baay'een isaanii in gatamu. Wanti kana irraa yoo jiraate hambaa seenaa ti. Garuu, soortuu ogeessi badhaadhummaa isaa iddooin hin badne waaqa irratti walitti in qabata. Faallaa isa asii, achitti, kufaatii dinagdeef, hattuuf, saamtuufis yaadda'uun hin jiru.

Maat.6:19-21 soortummaa irratti yaada baay'ee barbaachisaa ta'an qaba. Badhaadhummaan kee si harkisa, ofitti si butaa, si dirqisiisa, si hawwata, si barbaachisa, miira kee hawwata, fedhii garaa kee to'achuu barbaada. Ad-dunya wantootaa kana keessatti, garaan kee badhaadhummaa kee hordofa, kanaaf iddooin badhaadhummaan kee jiru baay'ee barbaachisaa dha. Yammuu caalaatti wantoota biyya lafaa irratti xiyyeffannu, wanta waaqa irraa yaaduun in ulfaata.

Waaqayyootti amanuu keenya dubbachaa, badhaadhummaa lafa irratti walitti qabachuun of tuulumaadha. Jechi keenyaa fi gochi keenya walii galuu qabu. Jecha bira atiin badhaadhumma keenya ijaan lafa irratti argina, garuu badhaadhumma keenya ol waqa irratti amantidhaan arguu qabna (2 Qor. 5:7). Dhuguma, waan afaaniin dubbannu gochaan mul'isuu yoo nu barbachise iyyuu, wantoota nu barbaachisan (yeroo soorama baanu illee) kaa'achuu qabna, suurra jirenya barabaraa isa guddaa sammuu keenya keessaatti qabaachuu qabna.

Ibiroota 10:34 dubbisi. Badhaadhummaa waaqa irratti walitti qabchuu fi lafa irratti walitti qabachuu gidduu garaagarummaa jiru ilaachisee Phaawuloos maal jedhaa jiraa?

Wiixata Guraandhala 26

Soortota Ayyaana Waaqayyoo

Akka Efeesoon 2:8 wanti biraa kan Waaqayyo nuuf kenne maali?

Ayyaanni “oolmaa gaarii nuuf hin malledha”. Kennaa siif hin malleedha. Waaqayyo pilaanetii kana irratti ayyaana Isa dhangalaaseera., Ayyaanni Isaa gadi bu’ee lafa in ga’aa, yoo nuyi diduudhaabaannee ammas ta’e hamma barabaraatti jirenya keenyas in geeddara. Badhaadhummaa fi humnni samii hundumtuu Kennaa ayyaanaa keessatti dabalamani nuuf kennamaniiru (2 Qor. 8:9). Ergamooti iyyuu, kennaa isa kana in dinqisi-ifatan (1 Phe. 8:9).

kennaan ayyaanaa inni karaa Yesus Kiristoos nuuf kennamee, Kennaa Waaqayyo nuuf kenne hundumaa irra caalaa gatii guddaa kan qabu ta’uun isaa gaaffii hin qabu.Ayyaanaan malee abdii hin qabnu ture. Dhiibbaa gaddisiisaa cubbuun ilmaan namootaa irraan ga’u jalaa birmaduu ta’uun namotaaf kan hin danda’amne ture. Ittuma dabalee iyyuu, seera Waaqayyootif abboomamuun jirenya nuuf kennuu hin danda’u ture. “Egaa seerri abdii Waaqayyo abdachiiseen in mormaa ree? Kun matumaa hin ta’u, seerri nama jiraachisuu danda’u utuu kennameera ta’ee seera eeguudhaan qajeelummaan in argama ture” (Gal.3:21) . Utuu seerri kam iyyuu nama fayyisa ta’ee, seera Waaqayyootu nu fayyisa. Garuu phawwulos innumti iyyuu nama hin fayyisu jedha. Kan fayyinu yoo ta’ee, ayyaanaan fayyina.

1 Phe.4:10 dubbisi. Soortummaa fi ayyaannii akkamiti walitti firoomuu? Waaqayyoo kennuu fi namootataaf kennun akkamitti ayyana argisiisaa?

Akkuma kennaa ayyaana Waaqayyoo fudhatneen, kennaa Waaqayyoo “isa garaa garaaf soortota ta’uu qabna” (1 Phe.4:10) jedhe Pheexiroos . Sana jechuun, Waaqayyo kennaa adda addaa nuuf kenneera; kanaaf nus isuma nuuf kenname deebisnee kennuu qabna. Waan ayyaanaan argan-neen offii keenya gammachiisuu fi fayyaduuf miti, babal’ina hojii wangeelaaf malee. Tola fudhannee (kun maalummaa ayyaanaa ti) ; karuma argame hundaan tola laatna.

Mee waa'ee waan Waaqayyo siif kenne hundumaa yaadi. Karaa kam fa'iin kennaa ayyaanaa isa tola siif keenneef soortuu taataa?

Kibxata Guraandhala 27

Kennaa Keenya Isa hundumaa irra caalu

Luqaas 7:37-47 dubbisi. Waa'ee ka'umsa yaada qajeelaa kennaa Waaqayyoof kennamu ilaachisee seenaan kun maal nu barsiisaa?

Maariyaam utuu Inni maadditti dhiyaachaa jiruu manichatti seente Yesus-in argite. Qodaa urgoftuu gati-jabeessaa cabsitee Isa irratti naqxe. Namooti tokko tokko isheen jirenya hin taan jiraachaa turte waan ta'ef gochaan ishee kun qajeelaa miti jedhanii yaadu.

Garuu, Maariyaam qabaa hafuura hamaa irraa kan bilisoomte turte (Luqaas 8:2) . Erga du'aa kaafamuu Alaazaar dhugaa baatee booddee, jirenyi ishee galataan guute. Qabeenyi ishee inni baay'ee gati-jabeessi urgoftuu kanaadha, innis waan isheen galata Yesusiin ittiin mul'iftuudha.

Seenaan kun kennaa fi galateeffanna keenyaaf kaka'umsa dhugaa ta'uu qaba. Hundumaa irra caalaa, gatii malee isa nuuf kenname kennaa ayyaana Waaqayyoof maal deebisnaa? Arjummaan Isaa akka nuyi kenniuuf nu kakaasa, kun immoo yammuu galata keenyaan walitti dabalamu kennaa keenyaatti, yeroo, dandeettii, badhaadhummaa fi qaama keenya dabalatee hiikkaa kenna.

Ba'u 34:26, Lewwota 22:19-24, Se.Lakk. 18:29 dubbisi. Qabiyyeen heertuu kana isa har'aa irraa adda waan ta'eef, kennaa ilaachisee heertuuwwan kanneen keessaa qajeelfama akkamii fudhann?

Kennaan keenya inni hundumaa irra caaluu ija keenyatti ga'a hin fakkaatu, garuu ija Waaqayyo duratti ga'adha. Kennaan hundumaa irra wayyu Waaqayyoof kennun jirenya keenya keessatti Waaqayyoon iddoo jalqabaa irra kaa'uudha. Deeggersa argachuuf kennaa hin kenninu; qooda isaa, karaa Yesus Kiristoos waan nuuf kennameef galateeffachuuwaan qabnu keessaa kennina.

"Waaqeffannaa guutuu fi ajummaa, jaalalaan kakaafame, kennaa xiqqoo fedhiidhaan aarfametti, foolii urgaau kan qabu inni kan Waaqayyo itti dabalamme gati qabeessa taasisisa. Garuu, waan kennuu dandeenyu fayyisaa keenyaaf fedhaan erga laatnee, wanti nuyi kennine kun immoo gatii guddaa yoo nuuf baasa ta'e iyyuu, oolmaa Inni nuuf ooleef waan qabnu hundumaa utuu kennine ga'a nutti hin fakkaatu. Garuu, kennaa nutti xiqqoo fakkaatu kana ergamoonni fuudhanii teessoo duratti dhiheessu akka kennaa foolii urga'aattis in fudhatamas." —Ellen G. White, *Testimonies for the Church*, vol. 3, p. 397.

Roobii Bitootessa 28

Yaada Garaa

Barnoota duraan baranne keessatti kennaa arjummaa gursummaan tokko kennite qalbifanneerra. Kennaan biraaj wal maddii qabamee yammuu ilaalamu, xinnoo yoo ta'ee iyyuu, arjummaan kan guuteedha, sababiin isaa amala ishee isa dhugaa fi garaa ishee argisiise. Akka Yesus waa dubbatu goote, " Dhuguman isinitti hima, haati hiyyeessaa kun hunduma isaanii caalaa buufteetti "jedhe.

Waaqayyo qofatu (Yaaqoob 4:12) yaada keenya isa dhugaa beeka (Fakk.16:2; 1Qor.4:5 ilaali). Yaada qajeelaa hin taane kan faallessu waan sirrii ta'e gochuun in danda'ama. Badhaadhummaa guddaa keessaa kennaa kennun amantii jabaa hin barbaadu, utuu hin hambifatin kennaa aarsaa kennun warra kaaniif fakkeenya gaarii ta'a.

2 Qorontoos 8:8-15 dubbisi. As irratti Phaawuloos kennuu fi sababa kennaa ilaachisee maal jedhaa jiraa? Heertuuwwan kanneen keessaa Soortummaa ilaachisee qajeelfamoota akkamii arganna?

Kennuudhaaf yaadi si kakaase kamiinu ha ta'u, kennaan kee ilaalcha olaanaa ofiif qabdu irraa gara namootaaf yaaduutti walitti fufiinsaan dhufuu qaba. Lolli walitti fufiinsaan kennuu fi ofittummaa gidduutti irra deddeebi'amee lolamu lola amantii kamuu caala. Ofittummaan garaa (onnee) isa yeroo tokko kiristoosiif gubaa ture qabbaneessa. Rakkinichi kan dhufuu, yeroo nuyi ofittummaa jirenya kiristaanummaa keenyaatti galluudha. Kana jechuun ofittummaa keenya wanta qajelaa fakkeessuuf karaa barbaanna, maqaa Kiristoosiin hojjennas.

Yaada kana jecha tokkoon kaa'uun in danda'ama. Innis jaalala. Jaalalli yoo of ganan malee hin mul'atu. Of ganuu jechuun aarsaa illee yoo nu gaafate gaarummaa warra kaaniif jecha fedhaan of kennuu jechuudha.

Yoo jaalalli Waaqayyoo jirenya keenya keessatti hin calaqqisiifamu ta'e, Kennaan keenyas jaalala Waaqayyoo hin calaqqisiisu. Garaan ofittummaa ofii isaa qofa jaallata. " Yaada garaa keessanii isa haguugamaa akka isaan-iif quleessuuf" (Kees.10:16) gooftaa gaafadhaa, yoo kun ta'e akkuma nus jaallatamnetti nus jaallachuu baranna.

Jaalalli bu'uura arjummaa hundumaati. Ida'ama gaarummaa Kiristaanaa hundaa of keessatti qabata. Jaalalli Waaqayyoo kallattiidhaan gara keenya yammuu dhufu, nus deebisnee akka jaallannu nu godha, dhugumaan sab-ababii guddaan kennaa keenyaas jaalala.

Kenna jaalalaan kennamu keessatti, miira jaalalaan caalaa miira dirqamaa irraa kaanee yoo baay'ee kennine rakkoo maalii qaba?

Kamisa Bitootessa 1

Muuxannoo Kennaa

Kiristoos amala Waaqayyoo nutti argisiisuuf dhufe erga ta'e, amma wanti tokko qulqullaa'uu qaba: innis Waaqayyo akka nu jaallatu, waan gaarii qofas akka nuuf yaaduudha. Wanta nu fayyadu qofa akka hojjen-nu nu gaafata, raawwatee waan nu miidhu hin barbaadu. Kun akka arjaan taanuuf nu waamuu Isaa fi waan nuuf kennaame keessaa gammachuun akka kenninuu kan hammatudha. Kennaan jaalalaa fi arjummaa nuyi kenninu bu'aa mataa keenyaaf (isa kenne), warra fudhataniifis akkasuma. Warra akkaataa kanaan kennaan qofatu kennuun fudhachuu caalaa akka ebba guddaa qabu beeka.

2 Qorontoos 9:6,7 dubbisi. Heertuun kun akkamitti waa'ee maalum-maa kennaa of keessatti hammataa?

Kennaan arjummaa gochaa dhuunfaa fi hafuuraatti. Hojii amantii ti, Ibsa galataa isa karaa Kiristoos nuuf kennaamee ti.

Akkuma gochaa amantii kamuu, kennuun amantii qofa dabala. "Amantiin hojii garii yoo argisiisu dhaabaate, waa'ee kan hin baafne" (Yaaq 2:20). Amantii keenyatti jiraachuu irra kan caalu karaan ittiin amantii ofii gud-difatan kan biraa hin jiru, kana jechuun wanta amantii irraa maddu ho-jjechuu jechuudha. Jaalalaa fi arjummaadhaan yeroo kenninu, amala Kitistoosiin calaqqisiifna. Gochaa keenyan isaa wajjin yeroo shaakala qabaannuu Waaqayyo maal akka fakkatu in barana,. Akka kanatti kennuun Waaqayyotti amananna keenya qofa ijaara. "Garraamummaan Waaqayyoo attam akka ta'e isin miyeeffadhaa ilaala" (Faar. 34:8). Ifi ulfinaa fuula Yesus irraa mul'atu ulfina jaalalaan aarsaa of godhuu Isaa argisiisa. Ifi muka fannoo irraa ifuu lafa irratti seera of ganuu jaalalaa

waqaqaa fi seera jirenyaati. Jaalalli kan mataa ishee hin barbaanne hun-deen ishee onnee Waaqayyoo keessa. Warri garraamonnii fi gadi of deebisan amala isa ifa namni kamuu itti dhyaachuu hin dandeenye keessa jiraatu sana argisiisu” —Ellen G. White, *The Desire of Ages*, p. 20.

Waan siif kennaame irraa deebistee kennuudhaan, karaa kennaa fedhaa fi kennaa arjummaa dhugummaa guddina amantii akkamit-tii muuxeffatte?

Jimaata Bitootesa 2

Yaada Dabalataa:- “ Hafuurri kennaa hafuura waqaqaa ti. Hafuurri ofittummaa hafuura seexanaa ti. Kiristoos aarsaa of gochuun jaalala Isaa fannoo irraatti argisiiseera. Namni akka fayyuuf Waan qabu hundumaa kenne,sana booda offii Isaa kenne,. Hordoftoota fa yyisaa eebbifamaa kan ta'an hundaaf fannoон Kiristoos waamicha arjummaa godha. Qajeelfami achi irratti mul'ate kennuu, kennuu kan jedhuudha. Kun hojii irra kan oolu gaarummaa dhugaa dhaan yammuu ta'uu, hojii gaariin immoo ija jirenyaa kiristaanaa ti. Qajeelfami biyya lafaa fud-hachuu, fudhachuu kan jedhuudha; kanaanis gammachuun arganaa jedhanii eegu, ija isaa garuu rakkinaa fi du'a.” — Ellen G. White, in *Ad-vent Review and Sabbath Herald*, Oct. 17, 1882.

Gaaffiilee Maree:-

- 1** Ofittummaan inni faallaa hafuura Kiristoosii ta'e maali? Wanti hubatamaa ta'e ofii keenya ilaalcha uumamaa sanyii namaa kufee irraa eeguuf nuyi kan godhoo qabnu maali?
- 2** “ Namni adduma addaan gara duubaa yookiis giddiidhaan utuu hin ta'in, akka garaa issaatti murtoo godhetti kennuutu isAAF ta'a, Waaqayyoo nama gammachuudhaan kennuu jaalaata” (2 Qor. 9:7). Jechi Giriki hiikamee “gammachuu” jedhu Kakuu Haaraa keessatti si'a tokko qofa argame, jecha

kana irra jecha Afan Ingilizii “kolfisiisaa” jedhutu argame. Waa’ee ilaalcha kennaaf qabnu irratti maal nutti himaa?

- ③** Waan karaa Kiristoos siif kenname hundaa tarreessi. Waan barreeffamaan tarreessite sanaaf kadhadhu. Isa nuuf kennaameef deebii akka ta’uuf maalif kenninaa? Waa’ee kanaa tarreefami olitti ibsame maal nu barsiisaa? Haaluma wal fakkaatuun tarreefami kee maal si barsiisaa waa’ee kennaan keenya inni gaariin kaka’umsa gaariin kenname, baay’ee xinnoo fakkaata ija isa fudhanneen yoo ilaalam?
- ④** Ofittummaan rakkina fiduun isaa maaliif amansiisaa ta’ee?
- ⑤** Mee waa’ee nama tokkoo yaadi maatii waldaa keetii kan ta’e, amma rakkoo kan qabu. Maal godhuu dandeessaa? Amma bira ga’amee namicha yookaan namoota sana tajaajiluun barbachise? Maal gochuu dandeessaa?, yoo aarsaa dhuk-kubsaa si gaafate iyuu?

Shoora Soortummaa

Sanbata Waaree Booda

Qo'anno Torban Kanaaf Kana Dubbisi: *Qor. 1:16–18; Ibr. 4:14–16; 3 Yoh. 3; Uum. 6:13–18; Mul. 14:6–12; 1 Phe. 1:15, 16.*

Yaadannoo:
Heertuu
—

“ Xuraa’ummaatti utuu hin ta’in
qulla’ummaatti akka jiraannuuf
Waaqayyo nu waame” (*I Tas. 4:7*).

Sababa gadi fageenya fi bal’ina soortummaatiif, suuraa guddaa keessatti baduun, gadi liqimfamuun, dadhabuun salphaadha. Soortummaan salphaadhaa, garuu wal xaxaadhas, kanaaf dogoggoraan hubatamuu danda'a. Haa ta'u malle, Kiristaanni yookaan waldaan isa malee jiraachuu yookaan hojjechuu hin dandeessu. Kiristaana ta'uun soortuu gaarii ta'uudhas.

“Kun tiyoorii yookaan falaasama miti, sirna hojjetuudha malee. Kun dhuguma seera jirenya kiristaanaa ti... Kun hubannoo jirenyaa ga’atti qabaachuuf, amantii jiraataa shaakaluuf baay’ee barbaachiisaadha. Kun wanta salphaatti sammuun irratti waliigalu miti, garuu gochaa fedhaa fi

murteeffannoo ti, daangaa jirenyaa hunda kan tuqu hojii baay'ee mur-teessaadha.” —LeRoy E. Froom, *Stewardship in Its Larger Aspects* (Mountain View: Calif., Pacific Press Publishing Association, 1929), p. 5.

Soortuu kiristyaana ta'uun maal jechuudhaa? Qajeelfami kana ibsu maali? Torban kana shoora soortummaa jirenya kiristaanaa keessatti ilaalla.

Jalqaba Torbanii Bitootessa 4

Kiristoos Akka Wiirtuutti

Guutummaa Kitaaba Qulqulluu keessatti Yesus wiirtuu beekamaadha (Yoh.5:39), hariiroo Isaa wajjinii keessatti ofii keenya arguu qabna. Gatii cubbuu Isatu baase, Inni “ furii namoota baay'eeti” (Maar.10:45). Yesus waaqaa fi lafa irratti aboo qaba (Maat.28:18), wanti hundinuu harka Isaa keessa jira (Yoh.13:3). Maqaan Isaa waan hundaa oli, gaaf-tokkoo jilbi hundinuu Isaaf in jilbeenfata (Fil.2:9-11).

“ Yesus wiirtuu jiraataa waan hundaati.” Ellen G. White, *Evangelism*, p. 186.

Yesus onnee soortummaa keenyaa fi burqaa humna keenyaa ti. Sababiin isaa jirenya jiraannu isa irraa fudhanne, Inni wiirtuu xiyyeffanna jirenya keenyaa akka ta'e hundumatti argisifna. Phaawuloos qormaata baay'ee shaakaleera, garuu waan isa irra ga'ee fi eessa akka ture dhimma hin qabu, jirenya isaa keessatti kan dursu waan tokko qofa. “Anaaaf Kiristoos jirenya kooti, du'uun immoo bu'aa kooti” (fil.1:21).

**Qolaasaayis 1:16-18, Roomaa 8:21 fi 2 Qorontoos 5:17 dubbisi.
Yesus wiirtuu waan hundaa ta'uun Isaa nuuf maal akka ta'e heertuwwn kun maal nutty himu?**

Giddu-galessummaa Kiristoosiin alatti soortummaa dhugaan hin jiru (Gal.2:20), Inni wiirtuu “abdii galateefammaa” sanaati (Tiitos2:13), “Inni waan hundumaa dura ture; karaa Isaa wanti hundinuu iddo godhate in jiraata” (Qol. 1:17). Akkuma, baattuun geengoon somaa irratti hidhamu, geengoof giddu-galessa ta’ee, Kiristoosi immoo wiirtuu jirenya soortotaa ti. Akkuma baattuun geengoon tasgabbaa’ee akka naanna’u godhu, Kiristoosis wiirtuu dhaabbataa fi tasgabbaa’aa jirenya kiristaanaati (Ibr. 13:8). Dhiibbaan Isaa waan nuyi yaadnuu fi goonu bira in ga’a. Sochiin soortummaa hundinuu Kiristoosii isa wiirtuu ta’e irra naanna’aa. Anattii gargar baatanii waan tokkoo ille gochuu hin dandeessan’ ” (Yoh. 15:5). Wiirtuun soortummaa duwwaa fi wanta gatii hin qabne miti, garuu nu keessaan kan hojjetu fi ammas ta’ee hamma barabaraatti amala keenya kan nuuf bocu Kiristoos Isa jiraataa qabna.

Yesus wiirtuu jirenya keenyati jechuun waan tokko, garuu akka waan Isa ta’eetti kan biraatu jiraata. Dhuguma akka Yesus si keessa jiraatu maaliin mirkaneeffataa, nu keessa jiraachuu akkuma abda-chiise, in godha, garuu akka Inni ol seenu eenyutu eyamaa?

Wiixata Bitootessa 5

Barumsa Mana Qulqullummaa

Namni mana qulqullummaa dhimma soortummaan wal qabsiisee hin yaadu ta’aa. Garuu isaan kana lachuu giddu hariroon tureera, sababiin isaa manii qulqullummaa sirna amantii keenyaaf baay’ee barbaachisaadha. Soortummaanis qaama sirna sanaa ture. “Tajaajilli Kiristoos inni mana qulqullummaa waaqa irraa keessaa hundee amantii keenyaa waan ta’ef sirriitti hubatamuu qaba.—Ellen G. White, *Evangelism*, p. 221. Ifa Shoo-ra soortummaa qabiyyee Kitaaba Qulqulluu kanaan hubachuun baay’ee barbaachisaadha.

1 Mootota 7:33 waa’ee geengoo konkoolaata ibsa. Barumsa mana qulqullummaa akka handhuura (wiirtuu) geengootti ibsina. Wanti akka

wiirtuu geengoo sun baattuutti hidhamee yammuu naanna'u caalaatti geengoo tasgabbeessa. Inni du'a miyefateera, mo'ichaanis du'aa ka'eera (2 Xim. 1.10), Kiristoos du'uu Isaattiin hojji mana qulqullummaa keessaaf bu'uura ta'eera (Ibr.6:19,20), amantii keenyaafis tasgabbaa'ina kenneera. Amantii keenya isa lafa kana irraatiif lafa kana irraatiif mana qilqullummaa isa waaqa irra keessa hojjeta (Ibr.8:1,2 ilaali).

"warri dhufaatii lammataa eeggatan Barreffama qulqulla'a'aa qofa irra dhaabachuun barumsa amantii isaanii barumsa mana qulqullummaa irratti hundeesan." Fernando Canale, *Secular Adventism? Exploring the Link Between Lifestyle and Salvation* (Lima: Peru, Peruvian Union University, 2013), pp. 104, 105.

**Waa'ee Yesus mana qulqullummaa keessa hojjechuu Isaa hertu-
wwan kun maal nutti himuu? 1 Yoh 2:1, Ibr. 4:14–16, Mul. 14:7.**

Barumsi mana qulqullummaa dhugaa guddaa waa'ee fayyinaa fi furamuu isa wiirtuu qu'anno amantii kiristiyaanaa ta'e mul'isuuf gargaara. Mana qulqullummaa keessatti Yesus nuuf du'uu Isaa qofautuu hin taane, mana qulqullummaa waaqa irraa keessattis tajaajiluu Isaa argina. Akkasumas, iddo Qulqulluu Qulqullootaatti barbaachisumma seera Waaqayyoo fi dhugummaa firdii xumuraa argina. Kana hundumaaf immoo wiirtuu kan ta'eI abdii furamuu isa karaa dhangala'uu dhiiga Yesusin nuuf kennameedha.

Shoorri soortummaa jirenya (lubbuu) dhugaa guddaa waa'ee fayyinaa isa karaa mana qulqullummaa mul'atetti hidhamte calaqqisiisa. waan Kiristoos nuuf godhe fi waan inni nu keessatti gochuutti jiru caalaatti yeroo hubataa adeemnuun, caalaatti gara Yesusitti, gara tajaajila Isaatti, barsiisa Isaatti dhyaatanii fi warra jirenya isaanitiin qajeelfama soortummaatti irraa fagaatanii jiraatanifi warra yaadan taana.

Ibroota 4:14-16 dubbisi. Heertuwwan kana keessaa waa'ee wallaan-soo cubbuu, kan ofii keenyaa, ofittummaa maal argannaa? waan asitti nu abdachifame keessaa attamitti jabinaa fi abdi argachuu dandeenyaa?

KIBXATA Bitootessa 6

Barumsa amantii Kiristoosiin wiirtuu godhate

Manni qulqullummaa wiirtuudha, sababiin isaa inni iddo dhugaa guddaan waa'een fayyina fi maalummaan fannoo itti mul'ateedha. Barumsi keenya hundumtuu karaa tokkoon yookaan kan biraan abdi wangeelaa fi fayyinaan kan walitti hidhamee dha. Akkuma geengoo silaa, Barumsi biroon dhugaa guddaa waa'ee fayyinaa amantii Yesus irraa dhu-fan.

“ Aarsaan Kiristoos inni dhiifamu cubbuuf godhame dhugaa guddaa kan biroon itti marsanii argamaniidha. Warri waa'ee aarsaa dinqisiisaa fayyisaa keenyaa qo'atan ayyaanaa fi beekumsatii in guddatu.” —Ellen G. White Comments, *The SDA Bible Commentary*, vol. 5, p. 1137.

Yoh 14:6 keessatti Yesus “ . . .dhugaan . . . anuma” yammujedhu maal jechuu isaati? Yohaannis 17:17 n wal maddii qabi ilaali? Dhugichaa maal gochuu qabnaa? 3 Yoh 3

Barumsi amantii keenyaa eenyummaa keenyaa fi kallattii nuti irra deemaajirru irratti dhiibbaa qaba. Barumsi (doctrine) yaada tiyooloojii dhokataa miti, barumsi amantii (doctrine) dhugaan hundinuu Kiristoos keessatti jabaate jira, hundi isaanii iyyuu jirenya keenya irratti dhiibbaa qabu. Namni tokko eenyummaan Adiventistii Guyyaa Torbaffaa , waan

kami irraa iyyuu caalaa, barumsa amantii irratti hunda'ee jira jedhee ibsuu danda'a ta'a. Barsiisi, nuyi kitaaba qulqilluu keessaa fudhanne akka Adiventistii Guyyaa Torbaffaatti eenyummaa keenya ibsa.

Gaheen soortummaa dhugaa akka barsiisaatti isa Yesus keessa jiruitti jiraachuudha, akka dhiibbaa gaarii inni jirenya keenyaa irratti geggeesetti immoo jiraachuu qabna. “Silaa akka waa'ee isaa dhaga'uun keessan, akka dhugaa isa Yesus keessa jiruttis maqaa isaatiin barsiifamuun keessan hin oolle. Yaada namumaa moofaa isa dur itti jiraachaa turtan, isa qajeelaa nama gowwomsuun manca'e of keessaa baasaa. Hafuura yaada garaa keessanii keessattis haareffamaa. Namamummaa haaraa isa qajeelumaa fi qaulqullummaa dhugaatti, fakkaattii Waaqayyootiin uumame uffaadhaa” (Efe. 4:21-24).

Heertuu kana keessatti wanti nuyi argine, dhugaa beekuu qofa utuu hin ta'in, itti jiraachuus malee. Barumi amantii sun dhugaa yoo ta'an illee Soortuu ta'uun barumsa amantiitti (doktiriini) amanuu miti. Soortuu ta'uun Jirenya hawaasummaa keessattis dhugoota sanaan jiraachuudha.

Roobii bitootessa 7

Ergaa Ergamoota Sadanii

Waa'ee badiisa dhufuuf jiruu Waaqayyo si'a lama biyya lafaa akeek-kachiise: tokko Nohitti kenne (Uum.6:13-18, Maat. 24:37), isa lammataa immoo karaa ergaa ergamoota sadanii (Mul.14:6-12) isa jiruu dha. Ergaan kun golgaa gara booddeetti deebisuudhaan waan gara fuula duraatti ta'uuf jiruuf kallattii adda ta'e argisiise. Hubanaan nuyi ergaa kana irratti yeroodhaa gara yerotii qabnu bilchaataa dhufeera, garuu, ergaa fi ergamni isaa amma iyyuu qajeelummaa isa karaa amantii Kiristoos argamuudh inni immoo addumaan “ergaa ergamoota sadaffaati” —Ellen G. White, *Evangelism*, p. 190. Jechoota biroon ergaan yeroo nuti biyya lafaatti labsuuf waamamne, wiirtuun isaa Yesusi fi aarsaa inni nuuf baase irra dhaabbata.

Mul'ataa 14:6-14 dubbisi. Egaa kana keessa maaltu jiraa? Biyya

lafaatiinis maal jedhaa jira? Ergaa kana ilaachise itti gaafatamummaaakkamiitu nu irra jiraa? Soortummaan akkamitti walsima?

Akka Adiventistoota Guyyaa Torbaffaatti, ergami keenyaa ergaa ergamotoa sadanii labsuudhaan dhufaatii Kiristoos lammataaf qophaa'uudha. Waa'ee jirenya bara baraaf namooti murteeffachuu danda'uu qabu. Gahen hojii soortuu ergamicha keessatti Waaqyyoon wajjin hoijetu (2 Qor. 5:20, 6:1-4).

“Adiventistootni Guyyaa Torbaffaa addunyaa kana irra eegduu fi baattuu ifaatti kaawaman. Addunya badaa jirtu kanaaf akeekkachiisa xumuraa Isaanitti kenname. sagalee Waaqayyoo irraa ifini dinqisiisaa ta'e Isaan irratti in ifa. Isaanitti kan kenname hojii baay'ee kabajamaa labsii ergaa ergamaa tokkoffaa,, lammaffaa fi sadaffaa ti. Hojiin kana irra baay'ee barbaachisaa ta'e hin jiru. wanti kan biroon xiyyefanoo isaanii akka liqimsuuf hayyamuu hin qaban.”—18 Ellen G. White, *Testimonies for the Church*, vol. 9, p. 19.

Fiiween geegoo, inni lafa tuqu ergama ergaa ergamotoa sadanii bakka bu'a. Ergamni isaanii qu'anno amantii karaa irraa kaate(Theological drift) eeguu fi taateewan xumuraa keessatti itti gaafatammummaa keenya adda baasuudha.

Baay'ee salphaa dha, waa'ee taateewan guyyaa raawwataa yammuu yaadnu, Isaanis shoora mataa isaanii yoo qabaatan iyyuu, yammuu ergaa kana biyya lafaatti labsuu barbaannu, Yeususiin qabannee, aarssaa inni nuuf baase of duraa fi gidduu keenya buufannee ergicha labsina. Kana maaliin mirkanoeffanna?

Kamisa bitooteessaa 8

Soortummaa

Kristoos akka nuyi jirenya qulqullaa'aa jiraannu barbaada. Jirenyi Isaa qulqullummaa, argisiisa, waan soortummaan fakkaachuu qabuudha (Ibr.9:14) . Jirenya keenya waan Waaqayyo galfata nutti kenne hunduma dabalatee akka Waaqayyoon gammachiisutti geggeeffachuu qabna. Soortummaan qulqullummaa mul'isuudha.

1 Phe. 1:15,16, Ibr.12:14 waliin dorgomsiisi. “ qulqulluu ta'i “ fi “qulqullummaa” jechuun maal jechuu dha? Kun akkamitti soortummaa keenya waliin hariiroo qabaata?

Yoo fiixee geengotti sibiila maran geengoon konkoolaataa yeroo dheeraa akka turu warri Roomaa bira ga'aniiru. Warri ogeeyyii sibiila diimessanii yaasuudhaan fiixee geengotti maru (haguugu). Bishaan qabbanaa'aan suntursee akka muddee qabatu godhu. Kana booddee yammuu geengoon naanna'u sibiila fiixee geengotti marametu karaa tuqa.

Sibiilli fiixee geengotti marame yaada soortummaa bakka bu'a. Jirenyi hafuuraa keenya shaakala jirenya hafuuraa wajjin yeroo wal-rigu kun dhugaa ta'uun isaa mul'ata. Kun immoo iddo bu'a ba'iin jirenyaa, milka'insi fi kufaatiin amantii keenya itti mudatuudha. Soortummaan marata keenya karaa alaa eenyummaa fi gochaa keenya ibsuudha.. Amala keenyaa fi jirenya sirriitti geggeeffameef dhuga-baatuudha. Gochi keenya guyya-ghuyyaa Kristoosiin inni mul'isu sibiila isa fiixee geengotti maramee karaa tuqu sana fakkaata.

Gochoonni humna qabu, waan ta'eefuu kakuu Kristoosiif galle sanaan to'atamuu qabu. Mirkanoeffanaa fi abdii kanaan jiraanna. "jabina gooftaan anaaf kennuun waan hundumaa gochuun nan danda'a" (Fili. 4:13).

“Hojjii Hafuura Qulqulluu Isaa karaa Kiristoosiin namummaa keenya keessaa kaa’ameetu lubbuu qulqullessa. Amantii wangeelaa Kiristoos isa lubbuu keessatti jiraataa ta’een hojjeta. Ayyaana Kiristostu amalaa fi jabina hojji gaariin mul’ate. Qajeelfamni wangeelaa kutaa jirenyaa kaa-miitti iyyuu cituu hin danda’u. Toorri shaakala kiristiyaanummaa fi hojji gaarrii jirenya Kiristoosiin kan bakka bu’u ta’uu qaba.” — Ellen G. White, *Christ’s Object Lessons*, p. 384.

Mee jirenya kee guyya guyyaa ilaali. shaakalli kee inni guyya-guyyaa Waa’ee isa Kiristoos jirenya kee keessatti hojjechuu maal ar-gisiisuu?, nama haaraa si gochuun Isaa? Qulqulla’ummaa Isaa ofii kee keessatti arguuf Filannoo akkamii si barbaachisaa?

Jimaata Bitootesa 9

Yaada Dabalataa:- Yeroo yerootti sibiilli geengoo konkolaataa haara’uu qaba, sababiin isaa sibiilli lafatti rukutamu waan wal keessaa yaa’uuf. Hojiin haareessuu kun sibiilicha burruusaan rukutuu fi sagale guddaa kan qabu hojji ulfaataadha. Hojiin haareessuu sibiilaa geengoo qulqulluummaa soortummaa hojiidhaan mul’atu bakka bu’a. Kun haa-loota ulfaatoo fi rakkisoo keessatti garaa Kiristoos qaba ture qabaa-chuudhaan jirenya keenya keessatti wantoota nu mudatan ulfaataa fi sal-phhaaf deebii latnuudha. Isaan keessaa amma tokko maqaa dha’uuf waa’ee fayyadama horii, hariiroo maatii, hojiitti qacaramuu, ta’uu danda’aa, kun hundumtuu akka fedha Kiristoositti deebii argachuu qaba. Yeroo tokko tokko, akkuma hundi keenya gaarrii goonee beeknu, barumsa kana kan barachuu dandeenyu karaa rukuttaa balbalaa ulfaataa ta’uu danda’aa.

Sibiila haareessanii iddootti deebisuun salphaa miti. Amalli namootaas akkasuma. Muuxannoo Pheexiroos ilaali. Yesusiin wajjin eessa iyyuu dhaqeera, garuu, jechoota kanneen afaan Jesus irraa hin eegne: “‘Ani garuu amantiin kee iddoodhaa akka hin badneefsiif kadhadheera; ati yeroo itti gara kootti deebitutti, obboloota kee jabeess.’” (Luqaas 22:32). Yesusini ganee utuu baay’ee utuu hin turin, Pheexiroos muuxannoo dhukkubsaa

fi ulffaataa booddee jirenya isaa keessatti jijjiirama qabaate. Kana jechuun soortummaan isaa haareeffamee iddootti deebi'e jechuu dha. Pheexiroos deebi'ee haaraa ta'e jirenyi isaa gara fuula duraatti qajeele kallattii haaraa irra adeeme, garuu rukkuttaa dhugaa booda qofa.

Gaaffiilee Maree:-

- ① Qullaa'ummaan hojiidhaan mul'atuu fi qajeelfamni Yesus inni “Waa'ee ofii isaa dhiisee fannoo isaa baatee, yeroo hundaan ana duukaa haa bu'u”(Luqaas 9:23)jedhuu wajjin maal walittii qabuu? Maaltu fannifamee?(Gal.6:14). Kun akkamitti adeemsa qullaa'ummaa ibsaa? Qullaa'ummaahojiidhaan mul'atu akka Waaqayyootti yaaduu akka dandeenyuuf barachuu akkamitti nu gargaaraa? 1 Qorontoos 2:16.**
- ② Waa'ee qormaata dhukkubsaa isa jirenya kiristaanummaa fi Gooftaa hordofuu nama barsiisu ilaachisee shaakalli jirenya keetii akkami? Mee warri isinitti tole waa'ee muuxanoo keessanii dubbadhaa. Walii keenya irraa maal baratnaa?**
- ③ Waa'ee barumsaa amantii Adiventistooti Guyyaa Torbaffaa kan biro,waa'ee Sanbata, haala warra du'anii, uumama, dhuu faatii lammataa, wkf Karaa kam fa'ii adeemsa jirenya keenya waliigalaa irraan dhiibbaa ga'uu?**

Murtoo guyya-guyyaa-gatii Of Irraa Baasuu

Sanbata Waaree Booda

Qo'annoo Torban kanaaf kana dubbisi: *Faar. 37:21, Maat. 4:3–10, Matt. 6:33, KeDeebii. 28:12, Prov. 13:11, Fakk. 21:5, 2 Qor.r. 4:18.*

Yaadanno:
Heertuu
i

“ Egaa hundumaaf isaan isin irraa argachuuf malan baasaaf, isa gibirri isaaf ta'uuf gibira,isa qaraxi isaaf ta'uuf qaraxa, isa sodaatamuun isaaf ta'uuf sodaatamuu, isa ulfinni isaaf ta'uuf ulfina kennaaf. Wal jaallachuu irraa kan hafe gatii wal dubbifattan hin qabaatinaa. Namni nama jaallatu waan seerri isaa iraa barbaadu raaw-wachuu isaa ti ” (*Roomaa 13:7,8*).

Yeroo tokko tokko nama maallaqa siif liqeessu argachuuf carra-qabeessa taata. Tarii, namni sun garaa qulqulluun, muddama maallqaa si mudate dhuguma si gargaaruu barbaadaniiru ta'a. Garuu, dhimmota baay'ee irratti gaarummaa garaa isaanii irraa ka'anii horii siif hin liqeessan. Warri maallaqa siif liqeessan bu'aa argachuuf jecha siif liqeessu. Liqii of irraa baasuuf waan godhuu dandeenyu hunda in goona. Eyyee, haalaa tokko tokko keessatti waan akka manaaf, konkolaataaf, waldaa ijaaruuf, barachuuf, horii liqeeffachuu qabna ta'a. Garuu, ariitiidhaan liqii keessaa ba'uuf amma danda'ametti ogummaadhaan ta'uu qaba.

Amma iyyuu of eeggachuu qabna. Horii hin qabne faffacaasuun hawwidhaa fi, jaalalli badhaadhummaa biyya laffaa amala isaanii irratti akka moosisaniif saba Waaqayyoo irratti balbala bana. Hamma amaloonni kun nu irraatti moo'anitti, fayyinnaa fi ayyaanni gara booddee dhaabatu. — Ellen G. White, *Early Writings*, p. 267

Naamuusa gaarii qabannee akka turruu fi Ogummaa fi liqii of irraa maqsuuf waan gochuu dandeenyu hundumaa gochuu akka dandeenyuutti dandeetti fi beekumsa keenye fooyyeessu qabna. Torban kana waa'ee liqii ilaalla.

Jalqaba Torbanii Bitootessa 11

Liqeffachuu fi Balleessuu

Raajotni fi Eliyaas Laga Yoordaanosii muka muru turan yommuu “ ‘ qarri qattoo ittii buqqa’ee bishaan keessaa duraa in bu’e;yommus iyyee, Waayyo kaa yaa gooftaa ko, kanaa immoo qottoo ergisaa ti’ ”)2 moot. 6:5) namni tokko isaam keessaa dubbate. Jechi “ergifachuu” hiikaan isaa qabeenya nama tokkootti hayyamaan fayyadamuu jechuudha. Hayyamni kun balaa fi itti gaafatumummaa baata. Maallaqi liqeffatame qottoo ergisaan garaagarummaa hin qabu, yoo akka male bade, qisaasame balaa caalu qaba waan ta’ef.

Sababni tokkichi nuyi horii liqeffannuuf balleessuuf. Yeroo horii liqeffannu rakkinni horii nu hin mudatu jenne danddeetti keenya amanuudhaan Itti gaafatumummaa isaa fudhanna. Garuu, wanti fuula duraa hin beekam, (Lallaba 8:7); kanaafuu, yeroo hunda horii liqeffachuuun balaa qaba.

Heertuuwwan armaan gadii waa'ee liqii ilaachisanii maal dubbatu?

Faar.37:21

Tarii, yommuu horii liqeffannuu yaada ogummaan fayyadamaan isa jedhu qabannee ta'a. Garuu, qorumsi karaa waan qabnu balleessuu nutti dhufuu damda'a. Kanaaf horii liqeffachuu gara ulfaataattii nu geessuu danda'a. Dhugumatti horii liqeffanee balleessuun baay'ooti keenya gara jirenya humna keenyaa olii jiraachuutti nu geessa. Qorumsi liqefatani balleessuu dha'annaan onnee itti fayyadamtootaa kan warra sooreessa fi hiyyeessa gaaga'uudha. Yommuu qaramnu, gara gargaarsa Waaqayyoo ilaalla (1 qor. 10:13), sababiin isaa liqeffachuu abaarsa ta'uu danda'a (Kes. Deebii 28:43-45). Amala horii liqeffachuu hin jalqabin. Yoo du-raan qabda ta'e, amma danda'ametti dafii of irraa baasi. Horii keenya ogummaan baasuu haa barannu, gooftota horii Waaqayyoo haa taanu, gar-bummaa horii biyya lafaa jala hin gallu.

Ammas, haalawaan tokko tokko jiru liqeffacuun kan nu barbaachisu. Garuu amma danda'ametti karoora dafanii deebisuu wajjin of eeggan-noodhaan gochuu qabna.

Nama liqin/gatiin irra baay'etetti balaa hafuuraa akkamiitu dhufaa?

Wiixata Bitootessa 12

Soortummaa fi Gammachuu yeroo gabaabduu

“Yommus Yaaqoob bideenaa fi ittoo misiraa sana Esa'uuf in kenne, innis nyaate, dhuge, ka'es karaa isaa irra in bu'e, Esa'uun akkasititi angafum-maa isaa in tuffate” (Uum. 25:34). Esawuun bakkee ture gara manaatti yammuu deebi'u fooliin ittoo obbolessa isaa isatti urga'a'e. Ururiidhaan qabamee waan tureef ittoo misiraa sana battaluma sanatti barbaade. Fedhaa fi miiraan to'atamee,dandeetti itti yaaduu isaa irratti haalli yeroo dhiibbaa geggeessudhaan angafummaa isaa gammachuu yeroo

gabaabduuti gurgure. Yammuu mirga angafummaa isa deebifachuu barbaaduu, “boo’ichaan yoo barbaade iyyuu” (Ibr. 12:17), argachuun hin dandeenyeye.

Faallaa isaa fakkeenya Yesus qabna. Sooma (hagabuu) guyyaa 40 booddee yommuu beela’etti, Yesus seexanaan marsaa sadii qorame (Maat. 4:3-10). Yesus qorumsichi maaliif akka ta’e in arge, haala dadhab-bii Isaa sana keessatti gammachuutti of hin kennine. Yesus bara jireenya Isaa hundumaa gammachuu cubbuu mormuudhaan jiraate, Kana go-chuudhaan nuyi cubbuu irratti mo’icha qabaachuu akka dandeenyu ar-gisiise. Inni angafummaa isaa hin gurgurre,hin gatnes. Isaan wajjin dhaaltota akka taanuuf hundumaa afeere (Roomaa 8:17, Tiitos 3;7). Nus fakkeenya Kiristoosiin hordofuudhaan angafummaa keenya in eegganna (1Qor. 10: 13).

Wanti gaariin biyyi lafaa siif laattu kan asii fi kan ammaati,jireenya booddeetiif kan siif ta’u kennuu hin dandeessu. Ofuma keetiif jiraachuun faallaa Waaqayyoof jiraachuuti.

**Gammachuun yeroo gabaabduu , warra amanamoo irratti iyyuu bala
laa inni fiduu danda’uu ilaalchisee heertuuwwan armaan gadii maal
nu barsiisuu? 2 Sam. 11:2–4, Uum. 3:6, Fili.. 3:19, 1 Yohh. 2:16,
Rom.8:8.**

Fedhiin gammachuun yeroo mallattoo sammuu hin to’atamneeti, kun im-moo diina obsaa isa galma karoora dheeraa of jala oolcha, qoosaa fi mi-idhama itti gaafatatumaa irraan ga’a. Gammachuun baqachuun qajeelfama baratamuu danda’uudha,danddeetti jireenya ittiin haalotaa fi dhiibbaa adda addaa kan akka qormaata biyyi lafaa dhiyeesituu, horii ogummaa malee liqeeffachuu fa ittiin to’ataniidha. Addunyaa badhaasa atatammaa hawwitu, gammachuun yeroof,fi saffisaan sooromu irratti ijaaramte kees-satti yaadi kun beekamaa miti. Al-tokko gammachuun batalaa fi argannaa

yeroo gabaabduu, shaakaluu barannaan ammas ammas isuma,. . . filana. Soortoti kennaa Waaqayyoo kiyyoo sana keessatti kufuu hin qaban.

Kibxata Bitootessa 13

Waanuma Qabnuun Jiraachuu

“Mana ogeessaa keessa qabeenyii fi urgooftuun dibataa fo’amoona guutuu dha; gowwaan garuu wanta qabu hundumaa nyaatee in fixa” (Fakk.21:20). Heertuu kun itti gaafatamummaa soortuun dinee irratti qabu fi gda, fi qananii jireenyatiin horii qisaasessu gidduu garaagarummaan jira ibsa. Namoonni gowwoonni waan qabaniin jiraachuuf karoora hin qaban. Isaan sassattummaadhaan jirenya isaanii isuma liqeefatan illee dabalatee qisaasessanii balleessu, jirenya ogummaatiim horii ofiinii bulchuun isaaniif akka soorata hin barbaadamnetti ulfaataadha. Yoodhuma waan akka manaaf horii liqeeffachuu nu barbaachise, hubannoo wanuma qabnuun jiraachuutti qabamnee, itti yaadne of eeggannoona gochuu qabna.

Badhaadhoti waan qabanitti jiraachuu in danda’u, badhaadhummaa isaanii alatti. Rakkinni isaanii yeroo hundaa waa’ee qabeyaa isaanii fi akki itti kaa’atantu isaan dhiphisa. Yeroo namooti homaa iyyuu hin qabne, isaanii immoo waa’ee badhaadhummaa waa’ee lubbuun jiraachuutu isaan yaades-sa. Hammam qabaachuu keenya utuu hin lakkaa’in, Kitaabi Qulqulluun waanuma qabnuuti akka jiraatnu nu gorsa. Phaawuloos waan nuyi akka salphaatti ilaallu, akka gaarri ta’etti lakkaa’e: “Waan ittiin jiraannu, waan keessa jirannus qabaannaan nu ga’a” (1 ximo.6:8). Phaawuloosittti barbaachisummaan qabeenyaa biyya lafaa hin mul’atne, Kiristoosittti jiraachuun ga’aa dha.

Wanta kamiinu dura kaayyoo akkamii hordofuu qabnaa? Akkamiti mirkaneeffachuu dandeenyaa kun akkaataa itti jiaannuu?

Horii qabnu akka galiitti fudhachuu hin qabnu, garuu akka horii bulchuuf itti gaafatamummaa qabnutti malee. Baajeti karaa nuyi ittiin bulchiinsa maallaqaa keenya raawwatnuudha. Karoorri baajetaa ogummaa barata-maa yammuu ta'u siriitti qoratamuu qaba. Karoora baajeta maallaqaa madaala'aa ta'e irratti milkaa'uuf gochaan fi naamuusi barbaachisoodha (Fakk. 14:15). Yoo karoora soortummaa baafanneen geeggeeffamuuf mur-teeffanne, dogoggora maallaqaa dhibamsiisuu dandeenyaa.

Yoo bulchiinsa maallaqaa irratti rakkoo qabaatte, baajeta qopheeffadhu. Wal xaxaa si duraa hin ta'u. Akka baasii kee hundumaa ida'uun ji'ootaaf hirtee booddee, baajeta ji'aa argatta. Liqii hambisuuf, maalis miti, Wanti furtuun horii qabdutti jiraachuudhaaf waan dandeessu hundumaa go-chuudha.

Luqaas 14:27-30 **dubbisi.** Yesus as irratti gatii bartummaa (discipleship) ibsuu barbaadee, fakkeenyaa namicha gamoo ijaaruu, ijaartuun baasii ijaarsaa tooraan yoo hin shalaganne, maaltu ta'a yoo fixuu dadhabe? Kana irraa barumsa soortummaa akkamii fudhanaa?

Roobii Bitootessa 14

Liqiidhaan Lakkii Jedhi

K.Deebii 28:12 **dubbisi.** Waa'ee baay'isanii liqeeffachuu maal nu barsiisaa? Kaayyoo akkamiitu asitti hojjechaa jiraa?

Amma danda'ametti liqii irraa fagaachuuf yaaluun yaada hundumtuu irratti waligaluudha. Barreeffami Qulqullaan liqii warra kaaniitti darbanii mallatteessuu hin jajjabeessu (Fakk. 17:18, 22:26). Liqiin eegeree dirqisiisa, qabeenyaad dadhabaa qabnu irraa ka'uun of jalatti nu galfachuu barbaada. Liqiin summii Kiristaanoti dhiisuun itti cimeeedha. Tarii liqiin gochaa hanqina naamuusa miti ta'a, garuu jirenyaa hafuuraa keenya hin

jabeessu.

“Sirriitti jirenya qusanna hordofuu yookaan liqidhaan rakkina ofitti fiduu. Daangaa keessatti of eegi. Akkuma lamxii irraa fagaattu, rakkina liqin sitti fidu irraas fagaadhu.” Ellen G. White, *Counsels on Stewardship*, p. 272.

Liqiin garbummaa horii ta’uu danda’a, kanaaf “ abbaa liqitiif hojjetaa” Fakk.22:7) in taata. Sababiin isaa liqin dinagdee addunyaa kanaan akka jirbii fo’aa wal keessa caaseeffameera. Kana sirriitti yaaduu dandeenya. Ta’us dhiisus, sabni hundinuu liqidhaan jiraatu. Namooti adduma addaan maaliif kana keessatti hirmaatuu? Kun ilaalcha dogoggoraa dha.

“ Waaqayyoo wajjin kakuu amanamaa seeni, yoo marqaaf fi maxinoon jiraatte ebba Inni si eebbisuun liqii si irra jiru of irra baafattee liqii nama kamii iyyuu irraa bilisa taata. Yammuu wantoota nyaataaf si barbaachisan bitattu, saantima digdamii shanii irraa hafaa (extra) baasta ta’aa. Saantimaaf eeggannaa godhi, Birriin ofii isaa in eeggata. Wantoota xixinnoo asii fi achi jirantu baasii ta.a. isaan kun walitti ida’amanii birrii ta’u. Yeroo liqin keenyan sitti ta’u of gani hin dhibaa’in, of hin jajjabeessin, gara booddeetti deebi’i, waan mi’oothu nyaachuu dhisi, fedha nyaataa kee hin bashannansiisin, saantima qusadhuu liqii kee baafadhu. Hamma danda’ametti ariitiin of irraa baasuuf hojjedhu. Yammuu nama bilisa taatee dhaabattu, homtinuu liqin kan irra hin jirree, mo’umsa guddaa argatte jechuudha.” —Ellen G. White, *Counsels on Stewardship*, p. 257.

Liqiin Kiristaanonne kan irra dhaabatan bu’uura jabaataa miti. Adeemsa hafuuraa keenya nu duraa balleessuu danda’a. Akkasumas deeggarsa nuyi hojji Waaqayyoof goonus in miidha. Dandeetti fi ofitti amantaa keenya saamee warra kaaniif kenna, carraa ebba Waaqayyoo argachuu nu jalaa hata.

Ammuma,liqii hin barbaachisne irraa fagaachuuf filanoo akkamii godhattaa? Liqii dhaa ala of gochuuf of ganuuf maaltu si barbaachisa?

Kamisa Bitootessa 15

Qusannaa fi Maallaqa Hojii Irra Olchuu

Mixiwwan nyaata isaanii gannaan bona walitti qabatu (Fakk. 6:6-8). Yammuu akeeka qabatamaaf maallaqa qusannu fakkeenyaa mixii irraa barachuun nuuf in ta'a. Qabxiin qusannoo keessatti argamu, horii jireenya keenyaaf barbaachisu qabaachuu yookaan waan argannuu faallaa kanaa horii qisaasuu yookaan tuullachuu. Bulchiinsi maallaqaa ogummaa baajeta, fi naamuusa barbaada. Yoo waan hunduma ofii keenyaa qusanne, qabeenyaa Waaqayyoon qooda eeguu fi kunuunsuu hataa jirra.

“ Horiin utuu hin barbaachisin ba'u waan lama dhabuudha. Inni harka keenya irra jiru yammuu badu, wanti nuyi silaa argannus in bada. Utuu keenyeerra ta'e, lafa irratti karaa **qusannaa** yookkiin waaqa irraatti karaa **kennaa** in baay'ata,. . . . Qusannaan naamuusa horii bulchuu irratti akka dagaagu godha. Qooda horiin gara kajeellaan barbaadetti nu geessuu, nu immoo aboo to'achuu qabaanna.” —Randy C. Alcorn, *Money, Possessions and Eternity* (Carol Stream: Illinois, Tyndale House Publishers, 2003), p. 328.

Fakk 13:11; 21:5;13:18. dhimmoota maallaqaa irratti kan nu garraaran Jechooti gochaawaaniin mul'atan akkamiitu asitti argama?

Soortonni qabeenyaa Waaqayyo yeroo geeggeesaniti maatii isaaniif in qusatuu, waaqa irrattis walitti in qabatu. Soortummaan Waa'ee abalu ammam qabaa miti, garuu ijoon dubbi Kitaabni Qulqulluun jedhu haalli horii keetii waan fedhe iyuu yoo ta'e karoora bulchiinsa maallaqaa

qabaachuudha. Wantoota maatiif barbaachisaniif qusachuun ogummaan hojjetamuu qaba. Qisaasa xiqqeessuuf sodaa bal'isi (Lallaba11:1,2). Fedha kee dursiteeti qisaasa xiqqeessuu iratti hojjechuu (Fakk.24:27) sana booda gorsa sirrii wrra kaan irraa fudhadhu (15:22), isaan kun lamaan fakkeenyumaadhaaf mi'a milka'inaati. Yammuus fedhiin deebii argata qabeenyaan in guddata, "Waaqayyo, Gooftaa kee yaadadhu inni human siif kenneera qabeenya akka tuulatuuf"(kees,D.8:18).

Iddoona amansiisaan soortonni Waaqayyoo maallaqa isaanii hojji irra oolchan "mootummaa waaqaa"(13:44) keessatti. Bakka kana kuffaatiin dinagdee, balaa, hattuu, kufaatiit bittaa fi gurgurtaa hin jiru. Kun akka korojoo hin moofofne qabaachuu ti (Luqaas 13:33). Kiristoosinn fudhachuu herrega (account) banachuudha, kudhan keessaa tokko deebisuu fi kennaa kennuun immoo kuufachuu (deposite). Kanaaf, haa ta'u malee wantoota keenya foonii fi jirenya biyya lafaa nu barbaachisaniif eeggannaa gochuu qabna, yeroo hundaa xiyyeffanna keenya dhugaa barabaraa ta'u qaba.

2 Qorontos 4:18 dubbisi. As irratti yammuuk akka soortota itti gaafatamummaa qabaniitti jiraannu, dhugaa kana akkamitti yeroo hunda of dura buufanna?

Jimaata Bitootessa 16

Yaada Bal'inaan:- Dhalootan kan argnne, naannoo irraa kan baratame yookiin ogummaa baratames yoo ta'e, dandeettiin uumama kam iyyuu Waaqayyo biraa dhufa. Wanti barbaachisaan jiru garuu dandeettii fi ogummaa kanaan maal hojjennaa?kan jedhuudha. Soortonni baratanii beekunsa fi dandeettii tan gooftaan in barbaada (Lallaba 10:10).

Bazaali'el, "Waaqayyo hafuura ofii Isaatiin, ogummaadhaan, beekumsa waan garaa garaan miidhagsanii hojjechuutiinis isa guuteera" (Ba'u. 35:31). Isaa fi Aholiyab (B'u.35:34) warra kaan ogummaa barsiisuuf dandeettii qabu.

Addunyaa wantootaan guutamte keessa utumt jiraannuu Soortota gaarii ta'uuf, addummaan liqii habamsiisuuf barachuu dandeentya ta'a. Yeroo hundaa dandeettii keenya dubbisuudhaan, seminaaraan, barnoota idileen (yeroo danda'ametti) , xumura iratti waan baranne shaakaluun guddifachuu qabna. Dandeettii keenya guddisuun waan qabnu keessaa isa baay'ee gaarii ta'e Waaqayyoof laachuu fi soortota gaarii ta'uuf nu daneessisa.

Fakkeenyi makiliiti tokkoon tokkoon hojjetaaakkuma aka humna isaan-iitti" kennaan adda addaa kan qabanii ta'uuf argisiisu, " (Maat. 25:15) in fudhatan. Hojjetooti lama dachaa buuftan, inni sadaffaan dhoksee lafa keessa awwaale. Yeroo hundumaa waan qabnu fooyyessuu qabna, garuu, awwaaluun dandeettii yookkiin ogummaa hin argisiisu. Bulchiinsi maallaqaa, liqii keessaa ba'uun, naamuusi gaariin, shaakalli dorgomum-maa isa Waaqayyoon eebbfame guddisa. Waan tokkotti milkaa'u fi gaarii ta'uuf, ammas, ammas irra deebi'u qabna.

"Ba rumsi Kitaaba Qulqulluu jirenya keenya guyyaa guyyaa irratti ho-jjechudhaan amala keenya irratti dhiibbaa gadi fagoo geggeessa. Bar-noota kana Ximootiwoos barateeraa, shaakaleera. Dandeettii adda ta'e hin qabu ture, garuu hojiin isaa gati-qabeessa ture, sababiin isaa dandeettii Waaqayyo isaa kenneetti fayyadame Gooftaa isaa tajaajile." —Ellen G. White, *The Acts of the Apostles*, p. 205.

Gaaffiilee Maree:-

- ① Yeroo hundumaa Kiristaanotaaf of to'achuun yoo barbaachisaa ta'e iyyuu, addumaan yammuu hanqinni of to'achuun mul'atutti, gara rakkina dinagdeetti geessa, inumti iyyuu deega fida. Akka waldaatti namoota balaa kana keessa jiran akkamitti gar-gaarraa?**
- ② Roomaa 13:7,8 dubbisi. Heertuuwwan kana jirenya ha-waasummaa warra kaan waliin jiraatnu keessatti hojii irra oolchinaa?**
- ③ Namooti tokko tokko liqii keessa galuun hin yaaddessu jedhanii falmu, Yesus dafee deebi'a. Falmii sannaaf deebii akkamii laattaa?**

Amaloota Soortuu

Sanbata Waaree Booda

Qo'anno Torban kanaaf kana dubbisi: Efe. 5:15–17, Qol. 3:23, Luqaas 12:35–48, Yaaqoob 4:14, Ho. Erg.3:21, 1 Qorontoos. 9:24–27.

Yaadannoo:
Heertuu
i

“Dargaggessi maaliin adeemsa isaa qollaa’ummaatti eeguu danda’a? eeggachuu in danda’a, garaa koo guutuu sin barbaaddadha abboommii kee irraa akkan kaadhu hin godhin, akkan si hin yakkineef waan ati jette garaa koo kees-saa kaa’edheera” (*Faar. 119:9-11*).

Amalooti kee hojji fi kallattii jirenya kee mul’isu. Soortonni amala gaarii guddifatan, isaan soortuu amanamoo dha. Daani’eel amala yeroo hunda kadhachuu qaba (Daan. 6:10). Amalli Phaawuloos mana sagadaa keessa taa’uu dha (Ho. E. 17:1,2). Innis akkas jedhee barreessas “ Hin gowwoominaa, ‘hiriyaa gadheen amala gaarii in mancaasa’ ” (1 Qor. 15:33). Amala gaarii kunuunsinee bakka amala baddaa buusuu qabna. Adduma addaan yeroofis ta’e barabaraaf waan amalli keenya nu godhu taana. Jirenyi warra amala sirrii dagaagsanii, waan hojj-etan hundumaatti amanmoo dha, ibsaa ifu ta’u, karaa warra kaanii irratti biiftuu ifu ta’u.” —Ellen G. White, *Testimonies for the Church*, vol. 4, p. 452.

Karaan amalli uumuu karaa saffisaa ati gonfoo barbaaddu sana itti ar-gattuu dha. Amalli murteeffanna hiddaa gadi fagoo qabuu dha. Jechoota biroon, waa'ee waan hojjettuu yaaduun si irra hin jiraatu, hojjechuu ma-lee. Amalli sun gaariis badaas ta'uu danda'a, garuu waan ati hojjete irratti hundaa'a. Torban kana soortota Waaqayyoof hojjetan kan gargaaru ama-loota humna qaban ilaalla.

Jalqaba Torbanii Bitootessa 18

Amala: Dursii Waaqayyoon Barbaadi

Hundumti keenya iyyuu amala qabna. Gaaffiin jiruu, amaloota gosa ak-kamitii? Gaarii moo badaa? Amaloota gaggaarii hundumaa keessaa, kan Kiristaannii qabaachuu qabu, waan hundaa dura yeroo hundumaa Waaqayyoon barbaaddadhu inni jedhu isa hunduma caaluu dha.

“Ganama ganama ofii kee, lubbuu kee, namummaa kee, fi hafuura kee Waaqayyotti kenni. Amala aarsaa qabaadhu, caalaatti Uumaa kee ama-nadhu.” —Ellen G. White, *Mind, Character, and Personality*, vol. 1, p. 15. Amala sana fakkaatuun, nuyi dhuguma “karra . . . dhiphaa” gara ji-reenyatti geessu sanaan oli in galla (Maat.7:14).

Waaqayyo akkas jedhee, “Ana duratti waaqolii biraa hin qabaatin”(Ba'u.20:3). Yesusis akkas jedhe, “Duraan dursitaanii moo-tummaa Waaqayyoo fi qajeelummaa isaa barbaaddadhaa”(Maat.6:33) , akkasumas “ ‘Isin ana in barbaaddattu . . . ana in argattu’ ”(Erm. 29:13) jedhamee nutti himameera.

Maatwoos 22: 37, Ho.E. 17:18, Efe. 5:15-17 fi Qol. 3:23 dubbisi. Ji-reenyatta keenya keessatti Waaqayyoon dursuu akka hubanuuf kan nu gargaaru as irratti maaltu jedhame?

Duraan dursanii Gooftaa barbaaddachuu keessatti fakkeenyota kennaman hundumaa keessaa fakkeenyummaan Yesus irra kan wayyu hin jiru. Jesus Abbaa isaa waan hundumaa dura buufate. Dhimma dursuu kana guyyaa ayyaana Faasikaa ijoollummaa isaatti yammuu Yerusaalemiin dhaqe jalqabe. Haadha isaa ishee isa barbaaddeen, “maali attamitti ana barbaaddan, mana abbaa koo keessatti argamuun akka ana irra jiru” in beektanii? (Luqaas 2:46, 49) isheedhaan jedhee.

Fakkeenyummaa Yesushordofuudhaan: Waaqayyoon garaa kenya guutuudhaan, sammuu keenyaa guutuudhaan, Lubbuu keenyaa guutuudhaan, jaallachuu murteeffachuu in dandeena (Maat. 22:37). Kadhannaadhaan, Sagalee Waaqayoo qorachuudhaan, waan hojjennu hundumaa keessatti caalaatti amala Kiristoos barbaaddachuudhaan Waaqayyoon dursuu jireenyaa keenya keessatti amala godhachuu in dandeena. Kiristaanotaaf amala wayyu akkamiitti jiraanaa?

Mee ofii kee gaafadhu: Ani dhugma jirenyaa koo keessatti Waaqayyoon of dura buufadheeraa? Akkamitti beektaa?

Wiixata Bitootessa 19

Amala: Deebi'uu Yesus Eggachuu

Luqaas 12:35-48 dubisi. Fakkeenyi kun Waa'ee hidhata nuyi dhufaatii Yesus isa lammataa waliin qabnu ilaachisee maal nu baarsiisaa? Maaliif wanti nuyi goonu yeroo hunda haala dhugummaa Dhufaatii Lammataa wal wal qabachuu qaba?

Soortummaan ifa deebi'ee dhufuu Yesus keessatti shaakalamuu qaba. Amalli warra amanamoo hin taane adeemsa keessa hojii isaaniin beekamu; soortoti amnamoon ilaaluunis ta'ee hojiidhaan akka waan gooftaa isaanii isaan bira jiruutti itti gaafatumumaa isaanii inba'u. Egeref jiraa-

tu, guyyuma guyyaan amanamummaadhaan hojjetu. “ Nuyi garuu nama biyya waaqa irraa ti; goofaan keenya fayysaan keenya Yesus Kiristoos achii nuuf dhufa jeennee eegganna” (Fili.3:20) .

Abirahaam mandaraa barbaraan in eeggata ture (Ibr.11:10), Phaawuloos immoo deebi’ee dhufuu Kiristoos eeggata ture (10: 25) . Isaan, namoota egereef yaadan, abdii kan qaban, kan karoorsanii fi yammuu mallattoon argamu Yesusiin simachuuf kan qophaa’anii dha. Xumura wangeelaa irratti utuu ija irraa hin buqifatin alamala fagootti eeggachuu in dagafanna (Tiitos 2:13) . Ammaa amma hatanii ilaaluu yookaan dhibaa’ummaan raajii ilaaluu manna, walitti fufiinsaa fi gochaadhaan yeroo hunda damma-qanii mana isa barabaraa, yeroo Kiristoos deebi’ee dhufutti nu eeggatu sanaaf qophaa’uu wayya.. Abdiin Dhufaatii Lammataa jirenya keenya keessatti kallattii nutti argisiisa, isa ammatiifis wixinee qajeelaa nuuf kenna, jirenya keenyaaf wanta barbaachisaa ta’e nu yaadachiisa. Amalli deebi’ee dhufuu Yesus eegachuu kun soortummaatti hiikkaa kenna. Fan-noon fayyisaa keenya wajjin akka beellama qabaannuuf karaa nuuf qopheesseera. Mallattoo dhufaatii Kiristoos isa inii ulfina abbaa isaa fi ergamootaan dhufu, isa barreeffama qulqulla’aa keessatti mul’ate ilaalla (Maar. 8:38). “Nuyi gara wanta ijaan hin argamne ilaalla malee, gara wanta ijaan agamuu hin ilaallu; wanti ijaan argamu yeroodhumaafta’a, wanti ijaan hin argamne garuu kan barbaraati” (2Qor. 4:18).

Eyyee, du’ii fi yeroo hundaa jiraachuun du’aa, barri jirenya keenyaa hammam daangoftuu akka taate akka beeknu nu gargaara. Garuu abdiin dhufaatii lammataa, du’i mataan isee kan yeroo fi ce’umsa ta’uu nutti mul’isa. Abdii ifa deebi’ee dhufaatii Kiristoos isa akkaataa jirenya soortummaa kiristaana irratti dhiibbaa garii geggeessu keessa jiraachuun nu hin dinqisiisu. Mee jirenya deebi’uu dhufuu Kiristoos eeggatu kana amala yeroo hundaa haa godhannu. Maqaan keenya inni beekamaan sun eegganna sana mul’isa.

Kibxata Bitootessa 20

Amala: Yerootti Ogummaan Fayyada-muu

“Nuyi kaleessa dhalannee, homaas hin beeknu, barri jirenya keen-ya lafa irraas akka gaaddissaati, dafe in darba ” (Iyyo 8:9).

Saa’atii dhaabuu in dandeessa, sochii yeroo dhaabu hin dandeessu. Yoo nuyi dhaabbanne illee, homaa tokko ille hin hojjennu yoota’es, gara fuula duraatti socho’uu itti fufa malee Yeroon nama hin eegu.

Heertuuwwan armaan gadii waa’ee yeroo keenya lafa irraa jirenya kana keessatti maal nu barsiissuu? Yaaq 4:14; Faar. 90:10, 12;39:4, 5; Lall. 3:6–8. Yeroon keenya biyya lafaa kana irratti gati-qabeessa ta’uu isaa ergaan bu’uraa heertuu kana keessaa fudhachuu maali?

Wantoota daangeffamanii fi haara’uu kan hin dandeenye kan akka yeroo irratti Kiristiyaanoti soortota gaarii ta’uun barbaachisaa dha. Kanaaf, xiyyeffannoo keenya jirenya isa ammaa fi isa dhufuuf jiru sana irra kaa’uudhaan amala ogummaadhaan yerootti fayyadamuu guddifachuu qabna. Waan sagaleen Waaqayyoo nutti mul’isu irratti hundoofnee yeroo keenya to’achuu(bulchuu) qabna, sababiin isaa yeroon si’ a tokko dhunnaan(darbinaan) deebi’ee hin haara’u. Yoo horii gatne tarrii isa dura bade kan caalu adeemsa keessa argachuu dandeenya. Yerooodhaaf kun hin hojjetu. yeroon bade amma barabaraatti yeroo badeedha. Yeroo darbe deebisuu irra caalaa hanqaaquu (killee) cabe bakkatti deebisutu salphata. Kanaaf, yeroon wantoota gati-jabeeessa Waaqayyo nuuf kenne keessaa isa tokko. Kanaafuu, yeroo xinnoo nuuf kennametti ogummaan waan gaariif fayyadamuu amala guddifamuu qabuudha.

“Yeroon keenya kan Waaqayyoo ti. Yeroo gabaabduu hundi kan Isaati. Nuyi yeroo keenya ulfina isaaf fooyyessuuuf dirqamaa kabajamaa jala jirra. Maakilitii Inni nutti kenne keessaa bu’aa caalu kan inni nu gaafatu yeroo keenya.

“Gatiin yeroo waan ittiin dorgomsiifamu hin qabu. Kiristoos yeroo gabaabduu hunda akka gati-jaabeessaatti lakkaa’aa, nus akkasitti ilaaluu qabna. Barri jirenyaa baay’ee gabaabduudha utuu itti hin fayyadamin dabarsuudhaaf. Jirenya barbaraaf qophaa’uuf yeroon araaraa nuyi qabnu muraasa, guyyootaan lakkaa’amadha. Yeroo ballessinu hin qabnu, Yeroo gammachuu ofittummaatif kenninu hin qabnu, yeroo itti cubbuu bashan-nansisnu hin qabnu.”Ellen G. White, *Christ’s Object Lessons*, p. 342.

“ Ammas ilaalladhaa, of eeggataa akka deddeebtanutti, akka gowwootaatti miti akka ogeessotaatti malee, . . . baricha bitaa yeroon kun yeroo hamaadha oo” (Efe.5:15,16). Phaawuloos asi irratti maal nuun jedhaa jiraa? Jechoota kana haala jirenya ammaa keessatti akkamitti itti fayyadamnaa?

Roobii Bitootessa 21

Amala: Fayyummaa Sammuu, kan qamaa fi lubbuu eeggadhu

Nuyi jalqaba yeroo uumamne sammuudhaan, qaamaan, fi hafuuraan mudaa kan hin qabne turre. Garuu hunda cubbuutu mancaase. waan hun-dumaa keessaa oduu gaariin wangeelaa, Waaqayyo akka keenya jalqabaatti nu deebisuuf adeemsa irra jiraachuu Isaati.

Ho.E. 3:21 fi Mul. 21:1-5 dubbisi. Heertuu kana keessa abdii akka-mitu nuuf jira? Hamma iddoos isaa duraatti deebi’nutti akkamitti ji-raachaa eegganna?

Kiristoos as biyya lafaa kana irra yammuu ture waan hundaanuu sanyii namaa karaa hafuuraan, sammuun, qaamaan ol kaasee akka keenya jalqabaatti nu deebisuuf dadhabpii malee hojjechaa ture. Tajaajilli fayyaa Yesus kan mirkanesse Waaqayyo amma nuuf danda'ametti ammas ta'ee hamma xumura barichaatti akka nuyi fayyaa taanee jiraannu barbaada. Kanaaf soortonni sammuun, qaama, fi lubbuudhaan jirenya fayyagabeessa akka jiraataniif amala isaanii guddifatu.

Tokkoffaa, sammuun yommuu caalaatti itti fayyadamnu cimaa, guddataa, adeema. Sammuu kee, “Waanuma dhugaa ta'e, waanuma ulfina qabu, waanuma qajeelaati lakkaa'amu, waanuma qulqulluu ta'e, waanuma jaal-latamaa ta'e, waanuma gurratti tolu’ ” (Fili.4:8) guutuu amaleefadhu.. Yaadni akkanaa nagaa fidu (Isaa.26:3), “yaadni nagaa qabu namummaa namaatiif jirenya in kenna” (Fakk.14:30). Amalli gaariin akka sammuun waan wayyu caalchise hojjetuuf ajaja .

Lammaffaa, amalli fayyummaa gaarii kan akka sochii qaamaa(spoortii) fi nyaata adda addaa akka ofi keenya kunuunsaajirru argisiisa. Fakkeenyaaaf Sochiin qaamaa, dadhabpii fi dhiibbaa dhiigaa gadi buusa, miira keenya fooyyessa, qoricha man-kuusaa qabnu caalaa farra dullumaa ti.

Sadaffaa, Soortuun amala gaarii guddifatu lubbuu jajabeessa. Lubbuu kee gara Waaqayyotti ol fudhadhuuti (Faar.86:4,5) isas eeggadhu (Faar.62:5). “Yommuu dhugaatti deddeebitu” (3 Yoh. 3) Lubbuun kee in gabbatti, “yeroo dhufa gooftaa keenya Yesus Kiristoosittis . . . lubuun keessan . . . mudaakka hin godhanettis haa eegu” (1 Tasa. 5:23).

Amalli ati qabduu sochii hafuuraa, qaamaa, fi sammuun kee irratti dhiibbaa akkamii akka geessisuuyaadi? Fooyyessuun kan si barbaachisu wanti tokko yookaan guutummaatti kan jijiiruu barbaaddu jiraa? Deebi'anii hareefamuu isa xumuraa eeggachaa,qulqullummaa jirenya keetii isa ammaa fooyyeesuuf kan si gargaaru filamnoo akkamii gootaa, yookiin Kitaaba Qulqulluu keessaa abdii akkamii qabda?

Amala : Of –to’achuu

Mataa ofii to’achuun amala soortuun qabaachuu qabu keessaa isa baay’ee barbaacissaa dha. “ Waaqayyoo hafuura humnaa, kan jaalalaa fi kan of qabuu malee,hafuura ija-laafinaa nuuf hin laanne” (2 Xiimoo.1:7). Of-qabuu kan jedhu Jechi Giriik sophronismos Kakuu haaraa keessaa heertuu kana keessatti qofa kan argamu yoo ta’u, hiikaan isaas dandeettii waan madaalawaa ta’e hojjechuu, sammuu gaarrii ta’ee, seera Waaqayyoo irraa kan hin maqnee dha.Mataa ofii to’achuun “hamaa fi gaarii gargar baasuuf nama dandeessisa”(Ibr. 5:14) , haalawwaan dafeeee kan hubatu, dhiibbaa hojii badiisaa tasgabbaa’inaa fi gad of deebisuudhaan kan ittisu nama taasisa. Faallaa Saamsoon isa jirenya mataa ofii gammachiise jiraate fi murtoo jabaa kan hin murteeffanne, Daani’eel immoo utuu leencotaa hin sodaatin waan qajeelaa gochuu ittuma fufe. Faallaa Solomoon , isa waaqolii biraaf sagade (1 Moot. 11: 4,5) Yooseef immoo mana Potifaar keessatti waan sirrii hojjete.

1 Qorontoos 9:23-27 dubbisi. Asi irratti waa’ee mataa ofi to’achuui Phaawuloos maal jedha?? Wanti Phaawuloos jedhu Xumura irratti gaaffilee of- qabuu hunda keessatti iddo qabatee jiraa?

“ Biyyi lafaa of gammachiisutti kennamteetti. Dogoggorrii fi sheekkoon baayyateera. Kiyyoon seexanni ittiin lubbu ballessu heddummaateera. Waaqayyoon sodaachuu keessatti warri raawwatanii qualla’ummaatti mudaa hin qabne jedhaman of-qabuu fi of-to’achuu irraa barnoota barachuu qabu. Fedhaa nyaataa fi miirri kajjeellaa foonii humna sammuu ol’aanaatiin to’atamuu qabu. mataa ofii to’achuun human sammuu fi hu-

bannaah hafuuraa isa dhugaa sagalee Waaqayyoo isa qulqullaa'aa hubachuu fi shaakaluu nu dandeessisa cimsuuf baay'ee barbaachisaa dha. ” — Ellen G. White, *The Desire of Ages*, p. 101.

Mataa ofii to'achuun shaakalaa amalaa keessatti fooyya'a. Waaqayyo “isinis adeemsa keessan hundumaan qulqulloota ta'a” (1 Phe.1:15), akkasuma “ nama Waaqayyoo ta'uudhaaf of qopheessi”(1 ximo.4:7) jedhee nu waamera..

Akka atileetotaa fi wallistoota warra baay'ee dandeettii qabanitti, Soortonni mataa isaanii to'achuu shaakaluu fi leenji'uu qabu. Humna Waaqayyoo fi dhama'iinsa mataa keenya leenjisuu qabna.

Addunyaa kuftee fi mancaate keessatti humna Waaqayyootti isa of qabne akka soortuu amanamaatti jiraachuuf nu dandeesisutti attamitiin raawwatnee of laatna?

Jimaata Bitootessa 23

Yaada Bal'inaan:- Bara wantoota lafaatti amanuu fi jallinni jabaate namooti muraasi qofaan amanamoo turanitti Henook fi Nohi Waaqayyoo wajjin adeemuu in amaleffatan (Uum.5:24, 6:9). Isaan ayyana Waaqayyoo kan beekanii fi kan fudhatan turan, Kanaaf qabeenyaa fi hojii isaanitti kennametti soortota gaarii turan.

Baroota keessatti namoonni akkuma Henookii fi Nohi Waaqayyoo wajjin adeemaniiru. Fakkeenyaaf Daani'eelii fi michooti isaa, amantii sobaa isa kan ormootaa keessa dhaabbatanii amantii dhugaa bakka bu'uudhaaf hubanoo qullaa'aa fi amala kiristaanaa mudaa hin qabneen qabaachuu akka qaban hubataniiru. Akkasumas Waaqayyoo Ofii Isaa Barsiisaa isaanii ture. Utuu wal irraa hinkutin kadhachcudhaan, dammaqanii qorachuudhaan, Isa hin argamneen wajjin ta'uudhaan, akkum Henook Waaqayyoon wajjin adeemaniiru.” Ellen G. White, *Prophets and Kings*, p. 486.

“Waaqayyoon wajjin adeemuun” hojii soortuu ibsa, sunis guyyaa hundumaa lafa kana irratti Waaqayyoo wajjin jiraachuudha. Soortuun ogeessi

walakkeessa addunyaa mancaateetti Waaqayyoo wajjin adeemuu amaleef-fata,sababni isaa Walitti hidhatiinsa Waaqayyoo wajjinii qofaadhaan hamminatti kufuu irraa eegamna

Soortuu amanmaa ta'uun Waaqayyoo wajjin wali galuun (Amoos. 3:3) kan jalqabu jirenya hunda hammachuutu irraa barbaadama. Kiristoos wajjin adeemuu qabna (Qol.2:6), jirenya haara'een adeemi (Room.6:4), jaalalaan adeemi (Efe.5:2), ogummaan adeemi (Qol.4:5), dhugaatti deddeebi'I (Faar.86:11), ifa keessa adeemi (1yoh.1:7), tokkummaan adeemi (Fakk.19:1), seera isaatti jiraadhu (ba'u . 16:4), hojii gaariitti jiraa-dhu (Efe.2:10) , daandii wal qixxee irra adeemi(Fakk. 4:26).

Gaaffiilee Maree:-

- ① Gad – of deebisuu hiikiiti shoora inni jirenya soortuu keessatti qabu maal akka ta'e ibsi (Maat.11;29, Efe 4:2, Fili. 2:3, Yaaq 4:10). Adeemsa Waaqayyoo wajjin adeemnu keessatti gad – of deebisuun maaliif barbaachisee? (Miik. 6:8).**
- ② Daree keessatti, waa'ee warra nu gidduudhaa kiyyoo ha-maadhaan badaan, addumaan immoo mataa isaanii bal-leessuun qabaman irratti haasa'aa? Akka waldaa naannootti namoota akkasii gargaaruuf maal gootaa?**
- ③ Amalooti gaarii kan biroon soortoti kiristaanaa qabaachuu qaban maalfaa? *Fakkeenyaaaf, Tiitoos 2:7, Faar. 119:172, Maat.5:8*.**
- ④ Daree keessatti, waa'ee yeroo fi iccittii yeroo haasa'aa. Maaliif waan dafee deemu fakkaataa? Yeroon mal akka ta'e akkamit-ti hubannaa? Yeroo gabaabduu biyya lafaa kana irratti qabnu soortuu gaarii ta'uun maaliif baay'ee barbaachisee?**

Bu'aa Soortummaa

Sanbata Waaree Booda

Qo'annoo Torban kanaaf kana dubbisi : 2 *Xiim.* 3:1–9; *Hisq.* 14:14; 11
Fili. 4:4–13; *Fakk..* 3:5; *I Phe.* 2:11, 12; *Maat.* 7:23; 12 25:21.

Yaadannoo:
Heertuu:

“Akka isin warra saba Waaqayyoo hin ta’in keessa itti jiraatan gaarii haa ta’u. Akka waan isin hamaa hojjettaniitti warri maqaa keessan balleessan kun hojii keessan isa gaarii agranii, guyyaa itti Waaqayyoo namootaa isaa ilaalu dhufutti isaaf ulfina haa kennan” (*I Phe.* 2:12).

Akka soortotaatti, Waaqayyoo Isa tajaajilluuf dhuga-baatota taane jiraachuu qabna, kana jechun dhiibbaa gaarummaa humna qabeessa naannoo keenya irraan ga’uu qabna.

Seenaan keenya, addunyaa naannoo keenya irraa qophaatti adda banu ‘uu hin qabu. Qooda kanaa, namoota waan nutty kenamee hin beekne kanaaf karaa wayyu isaanitti argisiisuun nuuf carraadha. Soortummaan gochaa hojii Waaqayoo hojjechuuf dhama’uu ta’ee,isa itti waamamne jirenya Waaqayyoon wajjin jiraacchuu ti. Waaqayyo jirenya biyya lafaa kana keessa jiru irraa adda kan ta’e akka jiraannuuf ogummaa adda ta’e nuuf kenne (2 *Qor.* 6:17). Jirenyi keenya warra kaan kan hawwisiisuu fi gaaffii sammuu isaanii keessatti kan uumu ta’uu qaba. “Kiristoosiif garru

akka gooftaatti garaa keessan keesatti ulfina addaan ba'e kennaafi, waa'ee abdii isin keessa jiruuf, nama isin gaafatee, deebii isin irraa barbaduuf deebii ga'u deebiisuudhaaf yeroo hundumaa qophaa'oo ta'aa" (1 Phe.3:15) jedhamee nutty himameera.

Barnooti keenya inni xumuraa waa'ee bu'aa dhuunfaa, ija hafuuraa, bu'aa milkaa'innaa, dhiibbaa nuyi uumnu, jirenya soortotaa keessatti furtuu itti quufiinsaa ti,sana hundumaa beekuun, " Kiristoos isa isin keessa jiru, inni ulfina isin argachuuf jirtaniif abdii keessan" (Qol. 1:27)

Jalqaba Torbanii bitootessa 24-30

Soortummaa fi Nama Waaqayyoo ta'uun

Nama Waaqayyoo ta'uun mata-duree bal'aa dha. Namooti Waaqayyoo jirenya qulqulla'a jiraatu (Tiit. 1:1),innis of kennuudhaa fi gochaa Isa gammachiisu gochuudha (Faar.4:3, Tiitoos 2:12). Nama Waaqayyoo ta'uun raga amantii dhugaa fi abdii jirenya barabaraa fudhachuudha. Abdii akkasii falaasamaan, badhaadhummaan, beekamaa ta'uudhaan, hummaan, dhalootaan argachuuh hin dandeenyu.

2 Xiim 3:3- 19 dubbisi. As irratti Phaawuloos jirenya soortuu amanmaa kallattiidhaan kan ilaallatu waa'ee maalii akekkachiisaa jiraa?

Kitaabi Iyyoob gochaa fi amala Iyyobiin ibsa. Inni dhiphina keessatti illee Jirenyi nama Waaqayyoo maal akka ta'e ibsa. Akkasumas seexanni jirenya akkasii kana akkaa jibbuu mul'isa. Waaqayyoos jireny amantii kan akka Iyyoob akka hin jirre Waaqayyo dhugaa ba'eef (Iyyoob 2:3).

"Namni maqaan isaa Iyyoob jedhamu biyya Uz keessa ture, namni kun hir'ina kan hin qabne nama yaada qajeelaa, nama Waaqayyoon sodaatu, hamaa irraas kan gore ture (Iyyoob 1:1). Kanaaf, nama amantiin isaa jecha ibsuu fi, sirna amantii raawwachuu qofa utuu hin taane, qaama jirenya isaatii ta'e argina (Iyyoob 1:5). walakkeessa dhiphinichaa keessatti illee nama Waaqayyoo ta'uun isaa Sodaan inni Waaqayyoof qabuun mul'atera,. Nama Waaqayyoo jechuun raawwatee guutuu jechuu miti,

hamma dandeettii keenyaa qofatti jirenya mudaa hin qabne calaqqisiifna.
Hisqeel 14:14 dubbisi. Heertuwwan kun waa'ee amala namoota kana maal dhugaa ba'u? Gamtaadhaan, hunduma keenya keessatti kan argamu maalii?

Dhugaadhumatti Soortummaan jirenya namaWaaqayyoo kan ibsuudha. Soortuu amanamaa jechuun bifaa waaqeessuu qofa miti. Nama Waaqayyoo ta'uun akkaataa jirenyaatiin mul'ata, akkaataa wantootaWaaqayyoo isaanitti galfata kennate bulchaniin mul'ata. Amantiin isaanii wanta isaan godhan qofaan mul'ata utuu hin ta'in, waan isaan hin goonenis in mul'ata.

Wiixata Bitootessa 26

Naga'aa jechuu

“ Kana jecuun koo waa dhabe komachuu koo miti, ani aka kamitti iyyuu of danda'ee jirachuu bareera” (Fili.4:11). Haala kamiinuu keessatti yoo naga'aa jenne, naga'aa jechuun sun immoo eessaa dhufaa?

Phaawuloos waa'ee namoot qalbiin isaanii fudhatame Yeroo Xiimooti-wooossiif barreessu, “ nama Waaqayyoo ta'uun waan ittiin bu'aa maallaaqaa argatan se'u (1 Xiimo. 6:5). Beeksisi TV har'a bakka hundmaatti beeksifamu kana caala ree? Kana dhaggeefattoota isaaniitti himuun bu'aa baay'ee argatu, kunis immoo yoo dhaggeefattooti isaanii amanamoo ta'an “amamummaan isaanii tajaajila isaanii yoo deeggare, sana booda dhaggeefattooti sooreyyii ta'u. Amanamummaa fi badhaadhummaa wal qixxeessun argissistuu jirenya wantummaa (materialism) keessaa isa tokko yammuu ta'u, innis itti fakkeessaa kiristaanummaa jalaan.

Nama Waaqayyoo ta'uun badhaadhummaa wajjin homaa walittii hin qabu. Yoo akkas ta'e, namooti addunyaa kana irraa baay'ee jibbisiiisoo ta'an akka waan namoota Waaqayyoo ta'anitti fudhatamu, sababiin isaa

isaan baay'ee sooreyyii waan ta'aniif. Qooda kanaa "Nama Waaqyyoo ta'uun, nama wanta qabuun of danda'ee jiraatu biratti bu'aa guddaa" dha. (1 Xiimo. 6:6) jedhee morme. Nama Waaqayyoo ta'uudhaan waan qabaniin naga'aa jechuun badhaadhummaa gudaadhaa, sababiin isaa ayyaanni Waaqayyoo baay'ee bu'aa maallaqaa irra in caala waan ta'eef. Kanaaf, "waan ittiin jiraatnu, waan keessa jiraatnus qabaannaan nu ga'a" (1 Xiimo. 6:8). Dhuma irratti, hammam qabnaa miti, yoo gara sanattii duufnee (luucofne) jiraaneef yeroo hundumaa caalaa argachuuf jirra.

Haala hunda keessatti Waanuma qabanittii quufuun ogummaa guddaa fi dhoksa hafuuraati. . . Inni akka dhoksaatti baratamuu qaba. Naga'aa jechuun kiristiyaanummaa baay'ee mi'ooftuudha, kan keessaati, gabidhaan, hafuura ayyaana keessaa ta'uudhaan , jaalalaan kan of kennu, waan Waaqayyo ogummaa isaatiin godhutti in gammada, haala hundumaa keessatti isaaf of bitamsiisa . . . Inni yeroo fi haala rakkisaa keessatti garaa dhiphatee jajabeesuuf kan gargaaru qodaa hургоftuu gati jabeessaati." —Jeremiah Burroughs, *The Rare Jewel of Christian Contentment*, pp. 1, 3.

Roome 8:28, Ibroota 13:5 fi Fili. 4:4-13 dubbisi. Jirenya waan qabaniin naga'aa jedhanii jiraachuuf asi irraa maaltu jira kan nu gargaaruu?

Kibxata Bitootessa 27

Amanachuu

Fakke. 3: 5 dubbisi. waa'ee hubannaa ofii irratti hirkachuu ilaachise ergaa barbaachisaa akkamitu nuuf jira?.(Akkasuma Isaa. 55:9, 1 Qor. 4:5, 13:12 ilaali).

“Garaa kee guutuudhaan Waaqayyoon amanadhu, hubannaa off keetiitti hin hikatin”(Fakkee.3:5) kan jedhu dhaadannoo kaayyoo soortota Waaqayyooti.

Dhuguma, Sun gocha irra jechatti salphaa dha. Akkamitti yeroo tokko tokkoo jaalala fi eegganna Waaqayyo nuuf godhutti amanaa, garuu, amma iyuu wantoota nu mudatan irratti dhukubsannee of dhiphisna?Yeroo tokko tokko egereen tilmaama mata keenyaatiin baay’ee sodaachisaa ta’e nutti mul’ata.

Akka soortotaatti Waaqayyootti amanuu attamittiin baranna? Amantiin guddachuudhaa fi Waaqayyoof abboomamuu amma waan goonu hundumaatti. Amanachuun gochaa sammuu itti faayyadaamuudhaan xinnaachaa hin deemneedha, faallaa kanaan, caalaatti yammuu gooftaatti amannu caalaatti amantiin keenya in gudata. Akka soortota amanamootti jiraachuun karaa ittiin Waaqayyootti amanachuu keenya mul’ifnuudha.. Amntiin kun bu’uura fi humna soortuu sochoosuudha, waan nuyi goonuun kan mul’atudhas.

“ Waaqayyoo kee , Goofticha garaa kee guutuudhaan Jaalldhu.” Gaa-leen “garaa kee” jedhu yeroo hundaa barreffama qulqullaa’aa keessatti akka fakkeenyatti fayyada. Kana jechuun murtoon keenya keessa keen-yaa kan burqu dha. Sana eenyummaa keenya kan ibsu (Maat. 22:37). Kun amala, kaka’umsa, itti yaadne gochuu keenya,isa giddu-galeesa jiraachuu keenya ta’e hammata.

Wantoota ati to’achuu hin dandeye wajjin Waaqayyoon amanuun salphaadha. Miira sanaan Isa amanuu malee filmaata hin qabnu. Qooda kanaa, amanannaa dhugaa yammuu nuyi waan to’achuu dandeenyu irratti filannoo geggeessinu, akkasumas yammuu amantiin nuyi Waaqayyootti qabnu karaa tokko yookaan karaa biraan filannu garaa keessaa ba’a.

Ergamoonni garaa isaanii guutuu Waaqayyoon amanuu mul’isaniiru: “ Isaanakkuma warra amma hojii keessatti argamanii uumamaan dadhabdootaa fi gargaarsa dhabeeyyii turan garuu isaan amanannaa isaanii

hudumaa Gooftaa irra kaa'atan. Isaan badhaadhummaa qabu, qabeenyi kun Waaqayyoon jalqaba, xumuraa fi qaan hundumaa keessatti hundumaa caalaa gaarii godhee ilaala.” —Ellen G. 4 White, *Gospel Workers*, p. 25.

Waa'ee wantoota to'achuu hin dandeenyeef Waaqayyootti amanuun dhuguma salphaa dha. Gruu, waa'ee wantoota to'annaa keenya jala jiranii'oo? Tarii fillannoo akkamii folatta laataa, kan Waaqayyootti amanuun kee filannoo kee murteessu?

Roobii Bitootessa 28

Dhiibbaa Keenya

“Isin dur dukkanaa’oo turtan, amma garuu karaa Gooftaa iftaniittu” (Efe.5:8) Akkuma ifatti mul’atu Phaawuloos waa’ee jijiirama garaa dubbachaa jira. “Ifa keessa yoo deddeebine” (1 Yoh.1:7, Isaa.30:21) geggeessummaa soortummaan inni nuyi guyyuma guyyaan dhuga baanu keenya dhiibbaa addunyaa dukkana ibsu irraan ga’aa.

“ Ani ifa biyya lafaa ti ” (Yoh.8:12) jedhe Yesus. amala tasgabbaa’aa hawaasa keessatti goonuun ifti Waaqayyo karaa Kenya calaqisa. Gochi keenya inni gaariin akkamitti ulfina Waaqayyo ibsaa? Hojiin akkamitti warra kaan irratti dhiibbaa fidaa? Maat. 5:16, Tiitoos 2:7, 1 Phe. 2:11,12.

Soortummaan qabeenyaa Waaqayyo eeguu fi bulchuu yaammuu ta’u, itti gaafatamummaan isaa kanaa oli. Hojiin soortummaa keenya maatii dura, hawaasa dura, addunyaa dura, Yuunivarsi dura jira (1 Qor. 4:9). Soortummaan bakka hojii keenyaatti itti jiraanne, bu’aa qajeelfama motummaan Waaqayyo jirenya keenya irratti mul’isa. Sana booda nus warra kaan irratti dhiibbaa geessisna. Garraamummaa fi namaaf yaaduun keenyaan inni mirkaneeffanna Uumaa qabu Kiristoosiin mul’sna.

Sakkoon hojii keenyaa sona soortummaa wajjin walii galuu qaba. Hojiin keenya soortummaa nama qajeelaa karaa itti mul'au keessaa gulantaa tokkoo. “Inni qajeelummaa kee akka ifaatti, dhugaa kee akka aduu saafaatti bakkeetti in baasa” (Faar.37:6). Dhiibbaan soortuu hojii irrattis ta’e yeroo boqonnaatti illee lafa kaa’amu yookiin “ iddo dhoksaa yookaan guuboo jala’ ” (Luqaas 11:33) kaa’amu hin qabu. Manattis ta’e bakka hojiittii akka kanatti yoo itti jiraattee, sammuu fi garaa warra naannoo kee jiranii irraan dhiibbaa ga’uun in danda’ama.

“Wanti hundinuu uumaman hojii kennameef qaba, kana irratti guungumu hin qabu. Wantoota hafuuraa keessatti namni hundinuu dhiiraa fi dhalaan naanoo keessatti hojjetani fi dandeetti adda ta’e qabu. Bu’aa Waaqayyoo nu irraa eegu ammaa horii nutti keennameen kan wal gitudha kun immoo akka kennaa kiristoositti . . . Cimina amalaa barbaachisaa ta’e argisiisuudhaaf amma yeroo fi carraa keeti. . . Kiristoos tajaajila keef mirga qaba. Garaa guutun tajaajili.” E.G. W, *This Day With God*, p. 243.

Sakkoon hojii kee dhiibbaa akkamii namota si wajjin hojjetan irraan geessee? Yookaan warra manatti si ilaalanifiif Waa’ee amantii keetii ergaa akkamii ergitaaf ?

Kamisa Bitootesa 29

Jechoota Dhaga’uu Barbaannuu fi Dhaga’uu hin Barbaanne

Biyya lafaa kana irratti nuyi keessummoottaa fi imaltoota, garuu xumurri ga’umsa keenya mootummaa waaqaa isa mudaa hin qabne, isa bareed-daa fi naga-qabeessa (Ibro. 11:13,14). Hanga sanattii jirenya lafaa irra jiraachuu qabna. Akka ilaalcha kiristaanaatti, addumaan wal'aansoo isa guddicha keessatti garee lamaan keessaa namni walaba ta’u hin jiru.Nuyi Waaqayyoof jiraatnaa yookan diinaaf, “Eenyu illee gara koo yoo ta’uu dhaa baate mormituu kooti; akkasumas na gargaaree kan walitti hin qab-

nee, in bittimsa” (Maat. 12:30). Yammuu Inni deebi’ee dhufu, garee enyuu akka taane haala nama hin walaalchifneen ifaatti mul’ata

Deebi’ee dhufuu Kiristoos booddee, warri duka-buutuu Isaati ofin jedhan gaalee lachuu keessaa tokko dhaga’u. Gaaleewwan sun maa-lii, tokkoon tokkoon isaanii maal jechuu isaaniitii?

Maat.25:21 _____

Maat.7:23 _____

Jechoota Kiristoos, “Ba’eessa goote” jedhu kun gammachiisaa fi garaa kan ciibsu soortuun takkaa dhaga’ee hin beekneedha. Qabeenya isaa bulchuuf yaalii nuyi goone gammachuu dubatamuun hin dadeenyne nuuf fida,sababni isaa fayyinni keenya kan hunda’e hojii nuyi kiristoosiif hojenne irratti utuu hin taane hojii kiristoos nuuf hojjete irratti ta’uu isaa wwn huban-nuuf. (Roome 3:21, Roome 4:6). Jireenyi soortuu amanamaa callaqqisa amantii inni/iseen duraan qabduu ti.

Yaalii hojiidhaan fayuu jechoota warra Waaqaayyo durattti hojii keenyaan qajeelota taana jedhan keessatti argameera. (Maat. 7:21,22,23 qajeelaa of gochuun akkamitti dhuguma akka waa’ee hin baasne argisiisa.

“Hordoftooti Kiristoos kan Isaa deebisanii yammuu kennaan, badhaadhummaa kuufachaa jiru, deebi’ee kan isaaniif kennaamu yammuu sagalee, ‘Ba’eessa goote, garbicha gaarii fi amanamaa; . . . gammachuu Gooftaa keetti gali” jedhuudha. —Ellen G. White, *The Desire of Ages*, p. 523.

Xumura irratti, soortummaan jirenyi hunduma kan caalan abboommoti lama : jaalala Waaqayyoo fi jaalala olloota keenyaan kan keessatti argamu yammuu ta’u, abboommoti kun lamaan humna kaka’umnsaa fi jabina ta’u.

Jirenyi kee fi jirenyi soortummaan keeti abboommota gurguddaa kana lamaan calaqqisiisuu keessatti ammam milka’e ?

Jimaata Bitootessa 30

Yaada Bal'inaan:- “Kiristoos gara biyya lafaa kana kan dhufe jaalala Waaqayyoo mul’isuufi. Hordoftooti Isaa hojii Inni jalqabe itti fufsiisuu qabu. Mee wal haa gargaarruu, walis haa jajjabeessinu. Warra kaaniif waan gaarii fedhuun karaa gammachuun dhugaa ittiin ar-gamuudha. Namni tokko Waaqayyoo fi hiriyoota isaa jaallachuun isaa faallaa bu’aa mataa isaa hoijerchuuti. Yammuu caalaatti hafuura ofittumm hin qabaanne argisiisu caalaatti gammada, sababiin isaa yaada Waaqayyo fiixaan baasaa jiraa.” —Ellen 10 G. White, *Counsels on Stewardship*, pp. 24, 25.

“Yeroo waldaa keessa lubbuun jiru, lakkofsi miseensaa in dabala, gud-dinnis in jiraata. Dhaabbataadhaan fudhachuu fi kennuun wal jijiira, Gooftaa harkaa fudhachuu fi kan Isaa Isaaf deebisuu. Amantoota dhugaa hundaaf Waaqayyoo ebbaa fi ifa kennaa, amanaan kun immoo karaa hojii Gooftaaf hoijetuu warra kaaniif dabarsa. Isa fudhate sana akkuma kennuun, dandeettii fudhanna isaa in dabala. Ayyaana fi dhugaaf haaraa fudhachuuf kutaa haaraatu banama. Ifini qulqulluu fi dabaluun beekumsaa kan isaati. Lubbuu fi guddinni waldaa kennuun fi fudhachuu kana irratti hundaa’aa. Inni fudhatee, garuu raawwatee kan hin kennine, dhiyootti fudhachuu dhaaba. Yoo dhugaan isaa irraa gara warra kaaniitti hin yaa’u ta’e illee dandeettii fudhachuu isaa dhaba. Yoo eeba haaraa fudhanne gaarummaa waaqaa warra kaaniif dabarsuu qabna,” — Ellen G. White, *Counsels on Stewardship*, p. 36.

Gaaffiilee Maree:-

- ❶ **Gooftaatti amanuun waan qabaniin naga'a jechuutti attamiti-in geessa? Onnee keenya guutuudhaan Waaqayoon amanachuun sadarkaa sammuu keenyaatti maal nu gaafata?** 2 Qor. 10:5. “ wanti hundinuu gaarummaadhaaf” (Roome, 8:28) jechuun salphaadha, garuu dhugaa dha jedhanii fudhachuu isaa immoo ulfaataa kan ta’ef maaliif? kan nuyi sam-

**muudhaan Waaqayyootti amanan garuu immoo waa'ee fuula
duraatiif sodaadhaan guutamnuuf kanaafii?**

- ②** Daree keessatti, gaaffii kana gaafadhu, sana booda deebii wal maddii qabii ilaali: “jechoota 25 niin yookiin sanaa gadiin hiikkaa soortumma ibsi?” sana booda gaafficha gaafadhu: “Jechoota 25 yookaa sanaa gaddiin soortummaan jirenya Kiristaanaa keessatti maaliif qaama barbaachisaa ta’ee?”
- ③** Irra deebi’ii Maatiwoos 7:21-23 dubbisi. Asitti maaltu ta’aa jiraa? Namoonni waa’ee wantoota hojjetanii maal jedhuu? Jechi isaani waa’ee mata isaanii maal mul’isaa? Soortuu gaarii ta’uuf utuu barbaadnuu, jirenya amantii fi ab-boomamuu jiraachuu utuu barbaaduu, hojii gaarii maqaa Waaqayyoon hojjechuuf utuu barbaaduu, of-gowwoomsuu wal fakkaatutti akka hin kufneef attamitiin mirkaneefanna?
- ④** Waa’ee dhiibbaa Kiristaanaa sadarkaa dhuunfaa qofatti luucca’uudhaan yaadna. Garuu, sadarkaa waldaa keetti maal fakkaataa? Waldaan kee akkuma walii galaatti hawaasa keessatti dhiibbaa akkamii godhaa jiraa?

Namoota dhuunfaadhaanis ta'e Jaarmiyaa (Dhaabbataan)
Caaffatoota Raagaa (Hafuura Raajii) Hiikuu fi Maxxansuu;
Akkasumas Raabsuu barbaadan hundaaf-

YAADACHIISA!

Caaffanni Hafuura Raajii (*Spirit Of Prophecy-SOP*) qabeenya
dhaabbataa Waldaa Adiveentistii Guyyaa 7^{ffaa} Addunyaawaati.

Kanaafu, kitaabota kana guutummaa isaas ta'e gartokkeeisaa, namni
dhuunfaas ta'e dhaabbantni gara Afan biyyattii keessatti dubbatamu
kamiitti iyuu hiikee maxxansuu fi raabsuu yoo barbaade hojii isaa utuu
hin eegalin dursee qaamaanis ta'e barreeffamaan Waajjira Olaanaa Ma-
na Maxxansaa Yuuniyen Miishinii Itiyoophiyaa ayyamsiisuudhaan erga
waliigaltee irra ga'ee booda hojii isaa itti fufuu ni danda'a

Haala kanaan , dhaabbatnis ta'e namni dhuunfaan kitaabota raagaa
(Hafuura Raajii) kana maxxansee wangeela biyya lafaatiin ga'uu kan
barbaadu hunduu ni jajjabeeffama.

Haata'u malee garuu; ayyama Waldaa Adveentistii Guyyaa 7^{ffaa} Ad-
dunyaawaatiin ala maqaa waldattiitiin caaffata Hafuura Raajii kana
maxxansiisanii raabsuun akka seera biyyattiittis ta'e akka mirga
maxxansaa adunyaatti kan itti nama gaafachiisu ta'uu isaa ibsaa, itti
dabalee immoo kitaaba dhaabbatni kun hiksisaa jiru qaamni biraan
immoo hiikee dubbistootaaf dhiyeessuun qisaasama dinagdee, humnaa
fi yeroo hordofsiisa.

Sababa kanaaf, hundumti keenya iyuu akkaataa Seeraa fi Danbii ittiin
Bulmaata Waldattiitiin barreeffamoota keenya maxxansiisuudhaanis ta'e
raabsuudhaan Ergaa Ergamoota Sadanii arifachiisuu akka dandeenyuuf
Gooftaan nu haagargaaru.

DHAABBATICHA IRRAA!!!



የኢትዮ አቀፍ አድስ්නෑදාት ፌዴራል የተሰኞ ደንብዎች

ተግበኝ

ጠዋት 12:00 - 12:30
9530 KHz 31 ሙሉ.ገንዘብ
ማታ 1:30 - 2:00
15130Khz 19 ሙሉ.ገንዘብ
አየር ባንያ
ስልክ +251 115 511199
የወስኑ መስመር 205
ወይም
*251 910 145105



ፖ.ሳ.ቁ 145 አዲስ አበባ

አማርኛ

ጠዋት 12:30 - 1:00
15500 KHz 19 ሙሉ.ገንዘብ
ማታ 2:00 - 2:30
17570Khz 16 ሙሉ.ገንዘብ
አየር ባንያ
ስልክ +251 115 511199
የወስኑ መስመር 242
ወይም
*251 911 137222

አድራሻ

ጠዋት 12:00 - 12:30
15500 KHz 19 ሙሉ.ገንዘብ
ማታ 2:30 - 3:00
15155 KHz 19 ሙሉ.ገንዘብ አየር ባንያ
ስልክ +251 115 511199
የወስኑ መስመር 237
ወይም +251 921 600938

የተሰኞ ትርጉሬዎችን እንደገና ለማቅረብ ከመረጃ መረጃዎችን www.awr.org እና በመግባት እንደገና ማግኘት ይችላለ::

የዓለም አቀፍ አድስ්නෑදාት ፌዴራል የ24 ሰዓት
የአማርኛ ታንሽ ስርቃትን በከርስቲያን ፕሮስ ጥበቃ
ወሰኑ ከዚህ በታች በተቀመጧው መሰረት የተችቷል

HC The Voice of Hope
Frequency: 12574
Symbol Rate: 09700
Polarity: Horizontal
Satellite: Intel Sat 68.5E
LNB: KU BAND

በተጨማሪው
ስልክ ያለውን የለ አድማራልዎችን 712 432 9970
በመጀመሪያ እንዲሁም
በኢጣላያ የለ 033 001 03890 በመጀመሪያ
ተርጉሬዎችንን በማግኘትውም ሰዓት
ማቅረብ ይችላለ

የዓለም አቀፍ አድስ්නෑදාት ፌዴራል የተሰኞ ደንብዎች ይችማል

ለወዳጅቶም በማስተዋወቂና በመግቢዱ የበረከቱ ተካኔ, ይህንን ይህንን













Namoota dhuunfaadhaanis ta'e Jaarmiyaa (Dhaabbataan)
Caaffatoota Raagaa (Hafuura Raajii) Hiikuu fi Maxxansuu;
Akkasumas Raabsuu barbaadan hundaaf-

YAADACHIISA!

Caaffanni Hafuura Raajii (*Spirit Of Prophecy-SOP*) qabeenya
dhaabbataa Waldaa Adiveentistii Guyyaa 7^{ffaa} Addunyaawaati.

Kanaafu, kitaabota kana guutummaa isaas ta'e gartokkeesaa, namni
dhuunfaas ta'e dhaabbantni gara Afan biyyattii keessatti dubbatamu
kamiitti iyyuu hiikee maxxansuu fi raabsuu yoo barbaade hojii isaa utuu
hin eegalin dursee qaamaanis ta'e barreeffamaan Waajira Olaanaa Ma-
na Maxxansa Yuuniyen Miishinii Itiyophiyaa ayyamsiisuudhaan erga
waliigaltee irra ga'ee booda hojii isaa itti fufuu ni danda'a

Haala kanaan , dhaabatnis ta'e namni dhuunfaan kitaabota raagaa
(Hafuura Raajii) kana maxxansee wangeela biyya lafaatiin ga'uu kan bar-
baadu hunduu ni jajjabeffama.

Haata'u malee garuu; ayyama Waldaa Adiveentistii Guyyaa 7^{ffaa} Ad-
dunyaawaatiin ala maqaa waldattiitiin caaffata Hafuura Raajii kana
maxxansiisanii raabsuun akka seera biyyattiittis ta'e akka mirga
maxxansaadunyaatti kan itti nama gaafachiisu ta'uu isaa ibsaa, itti
dabalee immoo kitaaba dhaabatni kun hiiksisa jiru qaamni biraan
immoo hiikee dubbistootaaf dhiyeessun qisaasama dinagdee, humnaa
fi yeroo hordofsiisa.

Sababa kanaaf, hundumti keenya iyyuu akkaataa Seeraa fi Danbii ittiin
Bulmaata Waldattiitiin barreeffamoota keenya maxxansiisuudhaanis ta'e
raabsuudhaan Ergaa Ergamoota Sadanii ariifachiisuu akka dandeenyuuf
Gooftaan nu haagargaaru.

DHAABBATICA IRRAA!!!



የኢትዮጵያ አዲስአበባ ፌዴራል

የተሰኞ ደምዥ

ተግበሪ

መቶ 12:00 - 12:30
9530 KHz 31 ማ.ባንድ
ማታ 1:30 - 2:00
15130Khz 19 ማ.ባንድ
ስልክ +251 115 511199
የወስጥ መስመር 205
ወይም +251 910 145105

መቶ 12:30 - 1:00
1500 KHz 19 ማ.ባንድ
ማታ 2:00 - 2:30
17570Khz 16 ማ.ባንድ
ስልክ +251 115 511199
የወስጥ መስመር 242
ወይም +251 911 137222

ከፍጥሪ

መቶ 12:00 - 12:30
15500 KHz 19 ማ.ባንድ
ማታ 2:30 - 3:00
15155 KHz 19 ማ.ባንድ አየር ባንድ
ስልክ +251 115 511199
የወስጥ መስመር 237
ወይም +251 921 600938

የተለለው ትርጉሬዎችን አንደገና ለማቅረብ ከመረጃ መረጃዎችን www.awr.org እና በመግባት አንደገና ማጣጥ ይችላሉ::

የኢትዮጵያ አዲስአበባ ፌዴራል ፯፲፪ ስዓት
የአማርኛ ቁጥጥር ስርቃትና በከርስቲያን ቁጥጥር ማስፈልግ
ወሰኑ ከዚህ በታች በተቀመጧው መሰረት የተኞቸል
HC The Voice of Hope
Frequency: 12574
Symbol Rate: 09700
Polarity: Horizontal
Satellite: Intel Sat 68.5E
LNB: KU BAND

በተጨማሪዎች
በአማርኛ የለ አድማጂዎችን 712 432 9970
በመጀመሪያ አንድሆም
በአንጻራ የለ 033 001 03890 በመጀመሪያ
ተርጉሬዎችንን በማንኛውም ስላት
ማቅረብ ይችላሉ

የኢትዮጵያ አዲስአበባ ፌዴራል የተሰኞ ደምዥ ይዘምዥ

ለወደፊትም በማስተዋወቂና በመግቢት የበረከቱ ተካኔ.ቻ ይህን